# Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti

## Komishinii Karooraa fi Misoomaa

## Xiinxaala Raawwii KIB Waggaa Lama (Bara 2013-2014)








**Bara 2015**
**Finfinnee**

**Qabiyyee……………………………………………………………………………….. Fuula**

**HIIKA JECHOOTAA/ACRONOMYS/ ........ ii**

**Kutaa Tokko: Haala Waliigalaa ........ 2**

**1.1 Seensa ........ 2**

**1.2 Kaayyoo Xiinxalichaa ........ 3**

**1.3 Adeemsa Xiinxalichaa ........ 3**

**2.1 Guddina Dinagdee Naannoo ........ 3**

**2.1.1 Reettii Guddina Hundamtaa Oomishaa (GDP) ........ 3**

**2.1.2 Gahee Kutaalee Dinagdee "GDP" Keessaa ........ 10**

**2.1.3 Tilmaama Raawwii "GDP" Roga Fedhiin ........ 12**

**2.1.4 Galii Nam-Tokkee ........ 13**

**2.2 Qusannoo fi Investimantii ........ 14**

**2.3 Haala Uummataa ........ 15**

**2.4 Faayinaansii Mootummaa ........ 16**

**2.5 Hojii Dhabdummaa ........ 23**

**2.6 Qaala`insa Gatii ........ 25**

**2.7 Tarkaanfiiwwan Fudhatamuu Qaban ........ 26**

**Kutaa Sadi: Xiinxala Raawwii Misoomaa Sekteraan ........ 31**

**3.1 Raawwii Misooma Qonnaa ........ 31**

3.1.1 **Oomishaa fi Oomishtummaa Midhaanii** ........ 31

3.1.2 **Misooma Beeyladaa** ........ 44

3.1.3 **Waldalee Hojii Gamtaa** ........ 49

3.1.4 **Misooma Eegumsa Naannoo fi Dinagdee Magariisa** ........ 51

3.1.5 **Bulchinsaa fi Itti faayadama Misooma Lafaa** ........ 52

**3.2 Raawwii Misooma Industirii fi Ce'umsa Caasaa Dinagdee ........ 54**

**3.2.1.2.Inveestimentii Dhuunfaa** ........ 57

**3.2.1.3.Inisheetiiviiwwan Ce'umsa Dinagdee** ........ 59

**3.2.1.4.Carraa Hojii Uumame** ........ 61

**3.3 . Raawwii Misooma Magaalaa ........ 63**

3.3.1.Raawwii Bu'uuraalee Misooma Magaalaa ........ 63

3.3.2. Bulchiinsaa fi Misooma Manneenii ........ 69

3.3.3.Qonna Magaalaa ........ 69

3.3.5. Qophii Pilaanii Misooma Magaalotaa ........ 70
3.3.6. Misoomaa fi Tajaajila Geejjibaa ........ 72
3.3.7. Misooma daldalaa fi Gabaa ........ 74
**3.4 .Raawwii Bu'uuraalee Misoomaa ........ 83**
**3.4.1 Misooma Bishaan Dhugaatii ........ 83**
**3.4.2 Misooma Daandiiwwanii fi Loojistiksii ........ 88**
**3.4.3 Misooma Albuudaa ........ 91**
**3.5 Raawwii Misooma Hawaasummaa ........ 95**
**3.5.1 Misooma Barnootaa ........ 95**
**3.5.2 Misooma Fayyaa ........ 98**
**3.5.3 Misooma Dubartootaa fi Daa'immanii ........ 99**
**3.5.4 Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa ........ 100**
**3.5.5 Misooma Dargaggootaa fi Ispoortii ........ 101**
**3.5.6 Aadaa fi Turiizimii ........ 103**
**3.6 . Raawwii Dhimmoota Deeggersaa fi Dandeessistoota Misoomaa ........ 104**
**3.6.1 Sirna Qophii Karoora Misoomaa ........ 104**
**3.6.2 Sirna Ragaa Naannoo ........ 104**
**3.6.3 Qorannowwan Imaammataa ........ 107**
**3.6.4 Sirna Hordoffii fi Gamaaggama Raawwii Misoomaa ........ 107**
**3.6.5 Sirna Dhaabbilee Misoomaa ........ 108**
**3.7 . Bulchiinsa Gaarii fi Nageenyaa ........ 110**
**3.7.1 Olaantummaa Seeraa Mirkaneessuu ........ 110**
**3.7.2 Nageenya Waaraa Mirkaneessuu ........ 115**
**3.7.3 Kenniinsa Tajaajilaa fi Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuu ........ 120**
**3.7.4 Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mirkaneessu ........ 123**
**3.7.5 Sirna Hordooffii fi Deeggarsa ........ 127**
**3.7.6 Gudunfaa ........ 129**

**HIIKA JECHOOTAA/ACRONOMYS/**

ALI----------------------------------Akka Lakkoofsa Itoophiyaatti

ATSTO -----------------------------Abbaa Taayitaa Saayinsii Fi Teknooloojii Oromiyaa

BATO ----------------------------- Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa

BBO --------------------------------Biiroo Barnoota Oromiyaa

BDhDDO --------------------------Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Oromiyaa

BDhHHO ------------------------- Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa

BDIO ------------------------------ Biiroo Dargaggoo fi Ispoortii Oromiyaa

BFO--------------------------------- Biiroo Fayyaa Oromiyaa

BGO -------------------------------- Biiroo Galii Oromiyaa

BIIO--------------------------------- Biiroo Inveestimentii fi Induustirii Oromiyaa

Bil ---------------------------------- Biiliyoona

BMO---------------------------------Biiroo Maallaqa Oromiyaa

BOI --------------------------------- Bakkeewwan Oolmaa Ispoortii

BPSMQN -------------------- Biiroo Paabliki Sarvisii Misooma Qabeenya Nama Namaa Oromiyaa

CHUO------------------------------ Carraa Hojii Uumuu fi Oogummaa

COVID-19--------------------------Corona Virus Disease 2019

CSA-------------------------------- Centeral Statics Agency

DGPS -------------------------------Digital Global Positioning system

DhMM------------------------------ Dhaabbilee Misooma Mootummaa

ESS ----------------------------------Ethiopian Statistical Service

G/G---------------------------------- Giddugaleessaa

GAO -------------------------------- Giddugala Aadaa Oromoo

GCB--------------------------------- Giddugala Ce'umsa Baadiyaa

GDP--------------------------------- Growth Domestic Product

GGB ---------------------------------Giddugala Ganda Baadiyaa

Hek ---------------------------------- Hektaara

ICT ---------------------------------- Information Communication Technology

ILQSO--------------------------------Inistiyuutii Leenjii Qorannoo Qaamolee Haqaa Oromiyaa

IMX ----------------------------------Interpiraayzoota Maakroo fi xixiqqaa

IPMO--------------------------------Institiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa

IPQQ----------------------------------Induustirii Paarkii Qindoomina Qonnaa

IQQO -------------------------------- Insitiyuutii Qorannoo fi Qo’annoo Oromoo

KIB-------------------------------------Karoora Imala Badhaadhinaa

KKMO --------------------------------Komishinii Karooraa fi Misoomaa Oromiyaa

KMPIO ------------------------------- Komishinii Misooma Paarkiiwwan Induustirii Oromiyaa

KPI ----------------------------------- Key Performance Indicator

LDP ---------------------------------- Local Development plan

MB ----------------------------------- Manneen Barnootaa

MHM--------------------------------- Manneen Hojii Mootummaa

Mil ------------------------------------Miiliyoona

MNO --------------------------------- Mootummaa Naannoo Oromiyaa

MPI ----------------------------------Misooma Paarkii Induustirii

OBN-------------------------------- Oromiyaa Biroodkaastiingii Neetiiworkii

PNC---------------------------------- Pre natal care

Qr------------------------------------- Qarshii

SDG ---------------------------------- Sustainable Development Goal

SHH ----------------------------------Sektera Hiyyummaa Hir’isu

TEI ------------------------------------Tajaajila Ekisteenshinii Induustirii

UIDP --------------------------------- Urban Integrated Development Plan

UNESCO-----------------------------United Nation Education for Scientific and cultural organ

USD----------------------------------United State Dollar

WLQO------------------------------- Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa

WTIT ---------------------------------Wirtuu Tajaajila Iddoo Tokkoo

YNO------------------------------------Yuunvarsiitii Naannoo Oromiyaa

**Kutaa Tokko: Haala Waliigalaa**

## 1.1 Seensa

Karoora Imala Badhaadhinaa akka mootummaa naannoo Oromiyaatti qabamee jiru dhugoomsuudhaaf kaayyowwan karoorichaa, kallattiiwwanii fi galmoota ijoo ta'an irratti hundaa'uun yeroo yeroon xiinxalaa ykn gamaggamaa adeemuun milkaa'inaa karoorichaaf gumaachi inni qabu guddaadha.

Haaluma kanaan, karoora imala badhaadhinaa kan waggaa kudhanii (2013-2023) qophaa'ee jiru irratti caasaa mootummaa sadarkaa sadarkaan jiruu fi kutaa hawaasaa adda addaa mariisisuun kallattiiwwan raawwii hojii kaa'uun akka hojii keessa galamu godhamuun isaa ni yaadatama.

Xiinxalli kuni koree teemaatiikii "thematic area" adda addaa gurmaa'ee jiruun qindaa'ee koree olaaanaan erga ilaalameen booda hooggansa olaanoo mana hojii KKMO tiin akka gabbatu godhameera. Xiinxallii raawwii KIB kuni galmoota taa'aniin yommuu ilaalamu keessumaa KIB waggaa shanii hanga 2017 akkaataa karoorfamee fi akkaataa eegamutti galmoota ijoo qabaman kan bu'aan itti galmaa'ee fi hin galmeessine addaan baasuun kallattii fi tarkaanfii sirreefamaa fudhachaa adeemuuf gumaachi inni qabu guddaadha waan ta'eef, xiinxala raawwiin karoora imala badhaadhinaa waggoota lamaan darban (2013-2014) kana keessa gama guddina dinagdee itti fufinsa qabuu fi haqa qabeessa ta'e galmeessuun, damee misooma baadiyyaa keessatti Inisheetiiviiwwan qonnaa adda addaa hojiirra oolaa jiraachuu isaa, damee misooma magaalaa keessatti misoomni industrii shoora olaanaa taphachuu isaa, misooma hawaasummaa mirkanaa'aa jiraachuu, gama bulchiinsa gaarii mirkaneessuu fi nageenya waarawaa uumuu ilaalchisee karoorri imalli badhaadhinaa qopha'ee erga hojiitti galamee sadarkaa irra jiru xiinxaluun bu'a qabeessummaa isaa addaan baasuun kallattii fuula duraa kaa'uun barbaachisaa fi murteessaadha.

Kanaafuu, karoora imala badhaadhinaa baroota laman darbaan kana keessatti ciminoota, hanqinoota, rakkoolee raawwii hojiiwwan ijoo ta'an keessatti mul'atan addaan baasuun karoora keenya waggoottan sadii hafan (2015-2017) keessatti galtee godhachuun irra deebiyuun qopheessuuf ni gargaara.

Haaluma kanaan, raawwii xiinxala KIB kan waggaa lamaa (2013-2014) akkuma armaan gadii kanaan xiinxalamee dookumentiin isaa kutaa kutaan addaan ba'ee dhiyaateera.

### 1.2 Kaayyoo Xiinxalichaa

Waggoottan lamaan /2013-2014/ darban keessa Karoorri KIB hangam akka raawwatame, kan hin raawwatamiin sababa maaliitiin akka hin raawwatamnee fi kan galma gahe akkamiin akka galma gahe gamaggamuudhaan ciminoota, hanqinaalee, rakkoolee fi muuxannoowwan argaman addaan baasuu fi Bu'aa gamaggama KIB waggoota lamaan darbanii fi haala qabatamaa akka biyyaa fi naannootti jiran bu'uureffachuun KIB kan waggoottan sadan itti aananii (2015-2017) bu'aa irratti xiyyeeffatee fi hirmaannaa qooda fudhattoota misoomaa naannichaa daran cimsuun irra deebiidhaan qopheessuun hojiirra oolmaa KIB cimsuudha.

### 1.3 Adeemsa Xiinxalichaa

Haala xiinxallii raawwii KIB waggaa lamaa kun itti gaggeeffame kaayyoo dursee taa'e kana milkeessuuf akka tolutti KKMOn akka qaama alaatti karoora itti hojiin kun sadarkaa manneen hojii naannootii kaasee hanga aanaalee fi bulchiinsa magaalotaatti waalteffamee yeroo walfakkataatti raawwatamuuf qopheessee iddoo hoggantoonni mana hojii jiranitti hubannoon irratti uumamee hojitti galame. Adeemsa isaa keessatti KKMOn koree "thematic area" saddeet (8) qabu hundeessee xiinxalicha gaggeessaa tureera. Dhimmoota qulqulleessuu fi hubannoo barbaachisan irratti marii manneen hojii waliin gaggeesseera. Manneen hojii sadarkaan jiranis haaluma qajeelfama keessa taa'een xiinxala KIB manneen hojii isaanii gaggeessanii sadarkaa kilaasteraatti akka madaalamee mirkanaa'u ta'eera.

## Kutaa Lama: Gabaasa Xiinxaalaa Dinagdee Gooroo

### 2.1 Guddina Dinagdee Naannoo

Guddinni dinagdee, dabaluu omishaalee kan ittiin ibsamudha. Kanaafuu, guddinni diinagdee kunis jijjiirama sona oomishaalee ture irratti yeroo gabaabaa keessatti, yeroo baayyee waggaa tokko keessatti uumamudha. Jijjiiramni omishaaleen kunis sona oomishaalee fi tajaajiloota dabaleen (value added) safarama. Sonni oomishaalee fi tajaajilootaa dabale kunis reetii guddina dinagdeen agarsiifama.


#### 2.1.1 Reettii Guddina Hundamtaa Oomishaa (GDP)

Karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) waggaa kudhanii fi waggaa shanii Mootummaa Naannichaa keessa akka taa'ee jirutti maniin guddina dinagdee filannoowwan sadii (filannoo bu'uuraa,

giddugaleessaa fi olaanaa) irratti hundaa’ee kan qophaa’edha. Haaluma kanaan, dinagdeen naannichaa giddugaleessaan waggaatti filannoo bu’uuraatiin %10.2, filannoo giddugaleessaatiin %13 fi filannoo olaanaatiin %15 akka guddatudha maniiin kan kaa’ame. Raawwiin guddina dinagdee naannichaa waggaa lamaan darbanii (2013-2014) giddugaleessaan waggaatti %7.3 kan ta’udha. Guddinni dinagdee galmaa’e kun manii filaannoo bu’uuraa karoora guddina dinagdee naannichaatii gadidha.

Akkuma beekamu waggoottan sadan darban (2012-2014) akka biyyaattis ta’e akka naannoo keenyaatti waraanni, walitti bu’iinsii adda addaa; dhiibbaa jijjiirama qilleensaatiin ongeen uumamuu; weerara awwaannisaa; dhibee COVID-19; akkasumas dhiibbaa dinagdee biyyoota guddatan tokko tokkoon biyya keenya irra gahaa turee fi waraana biyyoota Raashiyaa fi Yukireen gidduutti gaggeeffamaa jiruun dhiyeessii calla guddistuu qonnaa, oomishaalee nyaataa fi miti nyaataa biyyoota kanneen irraa bitamanii gara biyyaa fi naannoo keenyaa galan dhaabbachuu ykn akka waliigalaatti hanqinni dhiyeessii biyyoota alaa irraa galan uumamuu irraa kan ka’e qaala’insi gatii uumamuu dabalatee rakkooleen ciccimoon biyyaa fi dinagdee irratti yeroo itti uumamedha.

**Chaartii 1:Reetii Guddina Dingdee Naannichaa Bara 2013-2014 (%)**




| | 2012 (Ka'umsa) | 2013 | 2014 (tilm) | G/G Waggaan |
|---|---|---|---|---|
| Qonna | 7.8 | 4.9 | 2.7 | 3.8 |
| Industirii | 11.2 | 7.1 | 7.7 | 7.4 |
| Tajaajila | 7.7 | 7.1 | 11.6 | 9.4 |
| Waliigala | 8.2 | 7.9 | 6.7 | 7.3 |

*Madda: KKMO*

Manii kaa’ame bira gahamuu baatus rakkooleen kunneen otoo jiranii guddinni dinagdee galmaa’e dinagdee naannichaa cimaa fi dhiibbaa irra gahu qolachuu fi damdamachuu irra gaheera kan jechisiisudha.

Riifoormii dinagdee biyya keenyaan madde (home grown economic reform) hojii irra oolchuun ciminaan itti fufsiisuun gama hundaan pootenshaala naannichi qabu irratti xiyyeeffachuun

misoomsuun kan hojjetamu yoo ta'e hojii dhabdummaa fi hiyyummaa yeroo gabaabaa keessatti xiqqeessuun akka danda'amu raawwiin dinagdee naannichaa kun agarsiistuudha.

| Gabatee1: Reetii Guddina GDP Gatiiwwan Dhaabbii Roga Dhiyeessiin (%) | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **Gatii Dhaabbii (Ka'umsa Bara 2003 ALI)** | | | | |
| **Lak.** | **Hojii Dinagdee (Economic activity)** | **2012** | **2013** | **2014 (Ragaa)** |
| **1.0** | **Qonna** | **7.8** | **4.9** | **2.7** |
| | ▪ Oomishaalee Midhaanii | 5.8 | 3.1 | 4.1 |
| | ▪ Oomishaalee Beeyiladaa | 14.9 | -2.5 | -13.1 |
| | ▪ Bu'aa Bosonaa | 11.0 | 30.0 | 15.0 |
| | ▪ Omisha Qurxummii | 2.4 | 2.4 | 2.4 |
| **2.0** | **Industirii** | **11.2** | **7.1** | **7.7** |
| 2.1 | Oomisha Albuuda | 2.1 | 23.5 | 4.2 |
| 2.2 | **Manufaachariingii** | **2.8** | **5.3** | **7.6** |
| | ▪ Manufaakchariingii Gurguddoo fi Giddugaleessaa | 3.9 | 6.1 | 6.1 |
| | ▪ Manufaakchariingii Xixiqqaa | -13.3 | -7.9 | 16.2 |
| | ▪ Manufaakchariingii Godoo fi Harkaanii | 13.5 | 12.1 | 15.6 |
| 2.3 | Ibsaa, Gaazii fi Dhiyeessii Bishaanii | 12.4 | 14.0 | 14.0 |
| 2.4 | Ijaarsa (Construction) | 48.9 | 2.8 | 5.5 |
| **3.0** | **Tajaajila (Service)** | **7.7** | **12.0** | **11.0** |
| **3.1** | **Tajaajila Dhiyeessii (Distributive Service)** | **6.8** | **4.3** | **9.7** |
| | ▪ Daldalaa | 1.8 | 3.9 | 1.2 |
| | ▪ Hoteelaa fi Reestoraantii | 2.4 | 3.5 | 1.6 |
| | ▪ Geejjiba fi Loojistikii | 19.3 | 5.4 | 32.0 |
| **3.2** | **Tajaajila Biroo** | **8.4** | **17.5** | **11.9** |
| | ▪ Dhaabbilee Faayinaansii (financial Intermediaries) | 30.1 | 24.4 | 6.8 |
| | ▪ Misooma Manneenii fi Hojiiwwan Biroo (Real state, Renting & Other Business Activities | 8.2 | 10.4 | 13.0 |
| | ▪ Bulchiinsa fi Wabii Hawaasummaa Bu'uuraa (Public Administration & Basic Social Security) | 2.9 | 19.4 | 14.7 |
| | ▪ Barnootaa | 16.0 | 31.0 | 11.0 |
| | ▪ Fayyaa fi Misooma Hawaasaa | 10.4 | 13.2 | 11.4 |
| | ▪ Hawaasaa fi Dhuunfaa | 0.0 | 9.2 | 6.2 |
| | ▪ Hojjettoota Manaa (Households with Employed persons) | 3.21 | 3.23 | 3.23 |
| | **Waliigala Reetii Guddina "GDP"** | **8.2** | **7.9** | **6.7** |

*Madda: KKMO*

### 1) Qonna

Qonni utubaa dinagdee biyyaa fi bu'uura jireenya uummata naannichaati. Mootummaan jijjiiramaa erga aangootti dhufee asitti riifoormii dinagdee madda biyyaa (home grown economic reform) bocuun biyyi keenya maxxantummaa dinagdee biyya alaa jalaa baatee dinagdeen akka of dandeessu hojjechaa jira. Haaluma kanaan, inisheetiviiwwan qonnaa adda addaa akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti bocamee hojii irra ooleen, keessumaa qamadii fi kuduraa fi fuduraa jallisiin bal'inaan omishuun, akkasumas oomisha dammaa fi buna qulqullina gabaan alaa barbaaduun oomishuun fedhii biyya keessaa guutuu irra darbee gabaa alaaf dhiyeessuu eegalamee jira. Magaalotni nyaataan akka of danda'an gochuuf sagantaan qonna magaalaa eegalames jajjabeessaa fi cimee kan itti fufuu qabudha.

Akka waliigalaatti, rakkoolee dhabiinsa nageenyaa fi tasgabbii, waraana karaa kutaa Kaaba Biyyattiin banamee fi kanaan walqabtee qoqqobbii dinagdee biyyootni lixaa biyya keenya irra kaa'an,akkasumas sababa dhibee "COVID-19", weerara awwaannisaa, ongee, rakkoo qaala'insaa dinagdee addunyaa raasaa jiruu fi sababa waraana biyyoota Raashiyaa fi Yuukireen gidduutti gaggeeffamaa jiruun dinagdee biyyaa fi naannoo keenya irratti uume qolachaa qonna ammayyeessuuf mekanaayizeeshiinii qonnaa fi kilaastara qonnaa babal'isuu, callaa guddistuuwwan yeroo fi gahumsaan dhiyeessuun oomishaa fi oomishtummaan qonnaa akka dabalu gochuu, oomishaalee qonna gabaa (cash crop) baay'inaa fi qulqullina gabaan addunyyaa barbaaduun oomishuun dhiyeessuun sharafa alaa argamsiisuu irratti yeroo kamiyyuu caala milkaa'uun kutannoon hooggansa siyaasaa fi dinagdee jiraachuu kan agarsiisudha.

Akka waliigalaatti, waggoottan lamaan darban milkaa'inni gama qonnaatiin argame baay'ee guddaa akka ta'e kan irratti waliigalamu ta'u illee sababa jijjiirama qilleensaatiin bokkaan yeroo eegee roobuu fi osoo oomishni hin bilchaatiin addaan cituu, keessuumaa ongeen babal'achuu irraa kan ka'e oomishni qonna arfaasaa keessumaa kan godinaalee Arsii fi Arsii Lixaa keessaa iddoowwan muraasni, godinaalee Booranaa, Gujii fi Gujii Lixaa, Baalee fi Baalee Bahaa fi Harargee Bahaa fi Lixa keessatti akka xiqqaatu taasisuu, ilbisotni fi weerarri awwaaniisaa, akkasumas sababa iddoo hanqinni nageenyaa uumametti hojii qonnaa gaggeessuun dhibuu irraa guddinni oomisha qonnaa giddugaleessaan waggaatti %3.6 akka taasise ni tilmaamama.

Gama biraatiin, waggoota lamaan darban (2013-2014) keessa sababa naannoo horsiisee bulaa keessatti ongeen walqabateen beeyiladni hedduminaan miidhamuu irraa kan ka'ee oomishni

beeyiladaa xiqqaachaa akka jiru ni tilmaamama. Akka ragaan agarsiisutti sonni oomisha beeyiladaa naannichaa bara 2013 fi 2014 guddachuun hafee kan ture irraa xiiqqaateera. Waggoottan lamaan darban keessa sonni oomishaalee beeyiladaa giddugaleessaan waggaatti % -7.8 ta'ee jira.

Bu'aan bosonaa waggoottan lamaan darbee ittiin dabale giddu-galeessaan waggaatti %22.5 kan ta'udha. Kun immoo gaheen bu'aan bosonaa dinagdee naannichaa giddu-galeessa waggaatti gumaachee %5.9 akka ta'uu taasisee jira.

Oromiyaan dilbii qabeenya bishaanii kan akka haroowwanii fi lageewwan oomisha qurxummiif oolan hedduun kan badhaatedha. Haa ta'u malee, qabeenya bishaanii kanattii fayyadamuun dargaggootaaf carraa hojii qurxummii horsiisuu fi gabaaf akka dhiyyeessan gochuu irratti hojiin hojjetame laafaadha jechuun ni danda'ama. Sababa dhibee COVID-19tiin waggoottan sadan darban omisha qurxmmii irratti dhiibbaan uumamee akka ture kan beekamudha. Rakkoowwan kun akkuma jiranitti ta'ee, hammamtaa oomisha qurxummii naannichaa irratti ragaan naannichaa amansiisaa ta'uu dhabuun rakkoo biraa ta'ee jira. Oomisha qurxummii irratti ragaa sirrii ta'e argachuu dhibuun kuni immoo gahee qabeenyi qurxummii guddina dinagdee naannichaaf gumaache beekuu irratti rakkoo ta'eera.
Lageewwanii fi haroowwan dhangala'aa kemikaalotaa fi balfaawwanii fi xuriiwwaniin faalamuun, haroowwan aramaa bishaanii (water hyacinth) uwwifamuun, bu'uuraaleen misoomaa fi teknooloojiin fooyya'an dhibuu, hanqina walitti hidhamsa gabaa, imaammatni fi hammatni seeraa oomisha qurxummii laafaa ta'uu fi deeggarsi mootummaa gahaan jiraachuu dhabuun fi oomisha qurxummii irratti al-seerummaan jiraachuun oomisha qurxummii irratti dhiibbaa akka uume qorannoowwan adda addaa  gaggeeffaman ni agarsiisu.

**2) Industirii**

Kaayyoon industiriiwwan babal'isuu oomishaa fi oomishtummaan industiriiwwanii guddatee ce'umsa caasaa dinagdee ariifachiisun gabaa biyya keessaa tasgabbeessu fi sharafa alaa gahaa akka argamsiisuu gochuufidha

Mootummaan ce'umsa caasaa dinagdee qonna irraa gara industiriittii taasisuu irratti hojjechuu erga jalqabee bubbuleera, jijjiramni abdachiisaanis argamee jira. Keesssumaa, misooma paarkiiwwan industirii dabalatee agro-industirii babal'isuun oomishaalee qonnaa irratti sona dabaluun gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyeessuu irratti hojiin gaggaariin hojjetamaa jira.

Waggoottan lamaan darban keessa industiriiwwan galteewwan qonnaa oomishanii (kan akka warshaa tiraaktaraa), omishaalee qonnaa irratti sona dabalan (agroprocessing Industries) kan akka warshaa (**One Koo Koffii)** fi kkf babal'isuu irratti hojiin gaggaariin hojjetamaa tureera.

Haa ta'u malee, guddinni industirii jiraatullee adeemsi isaa harkifataadha. Kanaafis akka sababaatti kan fudhatamu keessaa yeroo hooggansa jijjiiramaan dura (2008-2010) sababa dhabiinsa tasgabbii siyaasaa fi nageenyaa irraa kan ka'e industiriiwwanii fi hojiiwwan misooma albuudaa irra miidhaa gaheen tajaajila kennuu dhaabuu, humni ibsaa ciccitaa ta'uu irraa kan ka'e industiriiwwan oomishaa humna xiqqaan omisha keessa galuudha.

Yeroo mootummaa jijjjiramaa keessaa, keessumaa dhibeen "COVID-19" oomishaa fi oomishtummaa dinagdee industirii irratti uume salphaa hin turre. Waaggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa sababa waraana kutaa kaabaa biyyattii fi dhabiinsa naageenyaa naannicha keessa jiruu fi sababa qaala'insa gatiin hanqinni dhiyeessii galtee oomisha industiriiwwanii, keessumaa kan industiriiwwan xixiqqaa fi godoo uumamus, industiriin gurguddoo fi giddu-galeessaa, xiixiqqaa fi industiriwwan godoo walduraa duubaan giddugaleessan waggaatti %6.1, %4.15'n fi %13.85' guddachaa turaniiru.

Sonni oomisha industiriiwwan xixiqqaa bara 2012 kan bara 2011 irraa dhibbantaa 13'n, bara 2013tti immoo dhibbantaa 7.9'n gadi bu'ee jira. Kanaafis akka sababaatti kan yaadaman galteewwan dheedhii argachuu fi walitti hidhamsi gabaa dhibuun, liqii faayinaansii argachuun dhibuu irraa kan ka'e tekinooloojii ammayyaa fayyadamuu dhabuu irraa kan ka'e oomishaa fi oomishtummaan xiqqaachuu, akkasumas aadaan oomishaalee industirii biyya keessaa fayyadamuu laafaa akka ta'e tilmaamama.

Oomisha albuudaa keessumaa kan ijaarsaa (quarying) irratti bulchiinsi isaa laafaa waan tureef hammamtaa oomisha oomishamee irratti ragaa argachuun dhiibbaa ta'ee jira. Bara 2013 keessa hojiin albuudaa xiyyeeffannoo argatee waan hojjetameef gostii fi baay'inni albuuda oomishamee %23.5'n guddatee jira. Bara 2014 keessas guddinni oomisha albuudaa dabalee jira. Akka waliigalaatti, Oromiyaan qabeenyaa albuudaa gosaanis ta'e hammamtaan qabdu guddaa akka ta'e waan tilmaamamuuf qabeenyi kun karaa seera qabeessa ta'een oomishamee guddina dinagdee naannichaaf gumaachi inni taasisu akka dabalu gochuuf bulchiinsaa fi hordoffii isaa irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Tajaajilli ibsaa naannoleen kan adda hin baane waan ta'eef ragaa naannoon adda bahe argachuu irratti rakkoo ta'ee jira. Kuni immoo tajaajila ibsaa naannicha keessatti kennamaa jiru irraa dinagdee maddisiifamuu fi guddina dinagdee naannichaaf gumaache beekuu irratti dhiibbaa uumeera.

Hojii industirii keessaa tokko kan ta'e ijaarsadha. Guddinni gama ijaarsaatiin bara 2012 keessa galmaa'e baay'ee guddaadha. Sababni isaas mootummaan kallattii **"kan jalqabne ni xumurra"** hordofuun pirojektoota hedduu ijaarsi isaanii yeroo dheeraan dura jalqabamee raawwiin isaanii harkifataa ture keessaa irra caalli isaanii bara 2012 keessa waan xumuramanii fi kanneen haaraa bara 2012 keessa eegalamanis baruma baajatichaa keessa xumursiisuun waan danda'ameefidha.

Muuxannoo pirojektoota baruma eegale xumursiisuu naannichaa babal'achaa waan jiruu fi harkifannaan raawwii pirojektootaa waan hafeef guddinni ijaarsaa bara 2013 fi 2014 kan xiqqaate haa fakkaatu malee guddinni isaa xiqqaa akka hin taane hubatamuu qaba.

**3) Tajaajila**

Oomishaa fi oomishtummaan qonnaa fi industirii akka dabalu gochuuf hojiiwwan tajaajila dhiyeessii galteewwan qonnaa, industirii fi hojiin oomishaalee gabaaf dhiyeessuu, tajaajila daldalaa, tuurizimii (hoteelaa fi reestoraantii), sirna geejjibaa fi loojistikii ammayyaa'ee jiraachuun, akkasumas, babal'inni dhaabbilee faayinaansii (baankiiwwanii, inshuraansiiwwanii, dhaabbilee faayinaansii qusannoo fi liqii kan akka WLQO fi Buusaa Gonofaa fi kkf) jiraachuu fi uummata baadiyyaaf dhaqqabamaa fi mijataa taasisuun hojjetamaa jiraachuu; tajaajilli barnootaa fi fayyaa fi misooma hawaasaa qulqullinaa fi gahumsa qabuu fi dhaqqabamaa ta'e; akkasumas tajaajilli bulchiinsaa fi wabii hawaasaa bu'uuraa jiraachuun guddina dinagdee naannichaaf murteessaadha.

Yeroo dhiyoon asitti riifoormii dinagdee madda biyyaa bu'uura godhachuun haalli hojii daldalaa, tuurizimii (hoteelaa fi reestorantii), geejjibaa fi loojistiksii, teknooloojii qunnamtii odeeffannoo (ICT), akkasumas tajaajila dhaabbilee faayinaansii (baankotaa, inshuraansotaa fi dhaabbileen faayinaansii xixiqqaa) ittiin babal'atu, ammayyaa'uu fi dhaqqabamaa fi sirni kenna liqii mijataa ta'uu danda'u irratti hojjetamaa jira. Haaluma kanaan, waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa kutaan dinagdee tajaajilaa akka waliigalatti giddugaleessaa waggaatti %11.2'n guddachaa tureera. Guddina dinagdee waliigalaa sektara tajaajilaan galmaa'e kana keessaa guddinni gama

tajajjila dhiyeessiitiin (distributive service) kan akka daldalaa, tuurizimii (hoteelotaa fi reestoraantii) fi geejjiba fi loojistiksiin galmaa’e giddu-galeessaan waggaatti %7 kan ta’udha.

Guddina gama daldalaa, tuurizimii ((hoteelotaa fi reestoraantii) fi geejjibaa fi loojistkiin galmaa’e yoo ilaalamu giddu-galeessaan waggaatti daldalli %2.65, tuurizimii %2.55 fi geejjibaa fi loojistiksiin %18.7 kan ta’udha. Gama geejjibaa fi loojistikiin bara 2013 keessa guddinni argame xiqqaadha. Gadi bu’iinsa guddina kanaaf sababa kan ta’an ragaa geejjibaa argachuun waan dhibeefidha. Ragaan baabuuraa namaa fi geejjiba meeshaalee dabalatee kan buufata Moojoo, akkasumas ragaan geejjibaa naannichaa ni argama yaada jedhuun guddinni geejjibaa fi loojstikii bara 2014 ol ka’ee argameera.

Gama tajaajila faayinaansii, barnootaa, fayyaa fi misooma hawaasaa, akkasumas bulchiinsaa fi wabii hawaasaa bu’uuraatiin akka waliigalaatti guddinni galmaa’e giddu-galeessaan %14.7 kan ta’udha. Guddinni galmaa’e kun adda bahee yoo ilaalamu kan dhaabbilee faayinaansii %15.6, barnootaa %21, fayyaa fi misooma hawaasaa %12.3, akkasumas bulchiinsaa fi wabiin hawaasaa bu’uuraa %17.5 kan ta’udha. Guddinni gama tajaajila faayinaansiitiin galmaa’e gaarii ta’ullee sirni kenna liqii dhaabbilee faayinaansii qaqqabamaa fi mijaataa akka hin taane ni yaadama. Gama biraatiin, jijjiirraan sharafa alaa dhaabbilee faayinaansiin alatti seeraan ala karaa ta’een namoota dhuunfaan gaggeeffamaa jiraachuun guddina dinagdee naannichaa fi biyyaaf gumaachu irratti dhiibbaa kan qabudha. Dhiibbaawwan kunneen osoo jiranii akka waliigalaatti guddinni dinagdee naannichaa waggoottan lamaan darban keessa galmaa’e milkaa’ina olaanaa ta’uu isaa fi dinagdeen naannichaa rakkoolee fi dhiibbaa irratti uumamu sadarkaa damdamachuu danda’urra akka gahe agarsiisa.

### 2.1.2 Gahee Kutaalee Dinagdee “GDP” Keessaa

Guddina dinagdee naannichaa keessatti ce’umsa caasaa dinagdee mirkaneessuuf hojii hojjetameen gaheen damee qonnaa bara ka’umsa KIB (2012) %46.8 kan ture filannoo guddina dinagdee isa bu’uuratiin bara 2013tti %45.5, akkasumas bara 2014tti gara %43.8tti gadi bu’ee jira. Bara 2012tti dameen qonnaa, industirii fi tajaajilaa hundumtaa oomisha naannoo keessaa qaban walduraa duubaan %46.8, %15.4 fi %38.1 kan ture bara 2013tti %45.5, %15.3 fi %39.6 ta’ee jira. Bara 2014tti immoo gaheen kutaalee dinagdee kanneenii walduraa duubaan %43.8, %15.4 fi %41.2 akka ta’u raagameera.

Gama biraatiin, bara 2013 gaheen qonni hundamtaa oomishaalee naannichaa keessaa qabu kan bara 2012 waliin yoo ilaalamuu wal duraa duubaan %1.3 fi kan bara 2014 immoo kan bara 2013 waliin yoo ilaallamuu %1.7, walumaagalatti waggoottan lamaan darban gaheen qonnaa gidduu galeessaan %1.52 gad bu'ee jira. Gaheen industirii bara ka'umsaa (2012) fi waggoottan lamaan KIB darbanii (2013-2014) keessa hundamtaa oomishaale sadarkaadhuma walfakkaataa irra ture. Kun immoo c'eumsi caasaa dinagdee qonna irraa gara industiriitti taasifamu jiraatus harkifataa ta'uu isaa agarsiisa. Gama kutaalee dinagdee tajaajilaatiin bara 2012 keessa gaheen tajaajilli hundamtaa oomishaalee naannichaa keessaa qabu bara 2013tti %1.5n kan guddate yoo ta'u bara 2014 immoo kan bara 2013tti %1.6 guddina agarsiise jira.

**Gabatee 2: Gahee Kutaalee Dinagdee "GDP" keessaa Gatii Dhaabbiin (2013-2014) %'n**

| Lakk | Kutaalee Dinagde | 2012 (Ka'umsa) | Raawwii Waggaa Lamaa | | G/G (2013-2014) |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | 2013 | 2014 | |
| 1 | **Qonnaa** | **46.8** | **45.5** | **43.8** | **44.7** |
| | Oomishaa Midhaanii | 33.78 | 32.29 | 31.5 | 31.9 |
| | Oomishaa beeyiladaa | 8.25 | 7.45 | 6.07 | 6.76 |
| | Bu'aa Bosonaa | 4.75 | 5.73 | 6.17 | 5.95 |
| | Oomisha Qurxummii | 0.07 | 0.07 | 0.06 | 0.065 |
| 2 | **Industirii** | **15.4** | **15.3** | **15.4** | **15.3** |
| | Oomisha Albuudaa | 1.05 | 1.21 | 1.18 | 1.2 |
| | Maanufakicharingii | 9.2 | 9.0 | 9.3 | 9.2 |
| | Ibsaa | 1.87 | 1.98 | 2.11 | 2.05 |
| | Ijaarsaa | 3.3 | 3.1 | 3.0 | 3.1 |
| 3 | **Tajaajila** | **38.1** | **39.6** | **41.2** | **40.4** |
| | Tajaajila Dhiyeessii | 15.9 | 15.4 | 15.7 | 15.6 |
| | Tajaajiloota Biroo | 22.2 | 24.2 | 25.1 | 24.7 |
| | **Ida'ama (1+2+3)** | **100** | **100** | **100** | **100** |

Madda: KKMO, 2014.

Hanqina dhiyeessii oomisha qonnaa furuuf mootummaan qonna jallisiitiif xiyyeeffannaa kennuun qamadii bonaa fi fuduraa fi kuduraa oomishuu eegalame bu`aa jajjabeessaa argamsiiseera. Oomishtummaa qonnaa guddisuuf meeshaalee qonnaa ammayyaa dhiyeessuu irratti keessumaa yeroo dhiyoon kutannoo siyaasaa cimaan hojjetamaa jira. Kana irraa kan ka'e dhiibbaa rakkoolee umamaa fi nam-tolcheen gahaa jiran cina gaheen qonni hundumtaa oomishaalee naannichaa keessaa qabu waggoota raawwii KIB lamaan darban giddu galeessaan waggaatti %44.7'n guddachaa tureera. Kun kan agarsiisu bu'uurri dinagdee keenyaa inni guddaan ammallee qonnaa akka ta'edha.

Kanaafuu, waggoottan sadan dhufan keessa inisheetiiviiwwan qonnaa adda addaa bocuun hojii irra oolchuun oomishaa fi oomishtummaan qonnaa akka dabalu gochuun cinatti inisheetiviiwwan misooma agro-industirii, albuudaa fi industirii oomishaa bocuu irratti hojjechuun gaheen kutaalee dinagdee industirii waliigalaa dinagdee naannichaaf gumaachu guddisuun ce'umsa caasaa dinagdee qonnaa irraa gara industiriitti taasifamu ariifachiisuun barbaachisaadha.

### 2.1.3 Tilmaama Raawwii "GDP" Roga Fedhiin

Roga fedhiitiin (demand side) hundamtaa dinagdee (GDP) naannichaa bara ka'umsa KIB (2012) keessa oomishame gatii gabaa yerootiin Qar. bil.1,081.852 kan ture bara 2013tti Qar. bil. 1,262.181 kan oomishamee fi bara 2014tti immoo Qar. bil. 1,446.469 ta'u akka oomishamu raagameera.

Dinagdeen biyyaa sadarkaa cimaa irra jiraachuu isaa kan agarsiisu qabeenyi dhaabbiin kan akka jallisiin gahaan ijaarame (irrigation canals), humna ibsaa madda addaa ijaaruu (electrification) industiriin oomishaa babal'atee bu'aalee fi galteewwan industirii alaa galan biyya keessatti oomishan gahaan jiraachuu, giddu-galoonni qorannoo, saayinsii, tekinoloojii, misooma saayinsii fi kalaqaa bal'inaan qabaachuu, tekinoloojiin tiraanspoortii fi loojistikii, akkasumas bu'uuraalee turizimii ijaaramanii fi teknoloojii oomisha albuudaa ammayyaa'aan yoo jiraatedha.

Dhabiinsi nageenyaa biyyattii keessa jiru dhiibbaa uumaa jiraatus mootummaan jijjiiraamaa gara aangootti erga dhufee as invastimantiiwwan qabeenya dhaabbii uuman kan mootummaanis ta'e abbootii qabeenyaa dhuunfaan gaggeeffaman jiru. Akka biyyaa fi naannoo keenyaatti qabeenya dhaabbii uumuun (capital formation) sadarkaa xiqqaa irra jiraachuun walqabatee gaheen baasiin dhumataa (consumption expenditure) hundamtaa oomishaalee waggaa keessaa qabu olaanaa taasiseera. Haaluma kanaan, gaheen baasiin dhumaataa hundamtaa oomishaalee keessaa qabu bara ka'umsa KIB (2012) % 77.6 ture waggoottan lamaan darban (2013-2014) giddu-galeessaan waggaatti %78.1 ta'ee jira. Waliigala baasiiwwan dhumataa waggoota lamaan kana keessaa %70 ol kan ta'u baasii dhumataa dhuunfaati.

**Gabatee 3: Tilmaama "GDP" Naannoo Roga Fedhiin**

| Lak | Ibsa | 2012 (Ka'umsa) | 2013 | 2014 (Ragaa) |
|---|---|---|---|---|
| 1.0 | "GDP" gatii gabaa yerootiin Qar. bil.) | 1,081.852 | 1,262.181 | 1,446.469 |
| 2.0 | Waliigala Baasii dhumataa (Qar. bil.) | 839.0 | 982.9 | 1,134.4 |
| 2.1 | Baasii Dhumataa Dhuunfaa (Qar. bil.) | 769.2 | 889.5 | 1,028.7 |
| 2.2 | Baasii dhumataa mootummaa (Qar. bil.) | 69.8 | 93.3 | 105.8 |
| 3.0 | Hundamtaa horata dhaabbii Uumuu (Qar. bil.) | 156.7 | 170.0 | 184.4 |
| 4.0 | Qusannoo (Qar. Bil.) | 242.8 | 279.3 | 312.0 |
| 5.0 | Waliigala baasii dhumataa "GDP" Keessaa (%) | 77.6 | 77.9 | 78.4 |
| 5.1 | Baasiidhumataa dhuunfaa "GDP" keessaa (%) | 71.1 | 70.5 | 71.1 |
| 5.2 | Baasii dhumataa Mootummaa "GDP" keessaa (%) | 6.5 | 7.4 | 7.3 |
| 6.0 | Horata dhaabbii uumuu "GDP" keessaa (%) | 14.5 | 13.5 | 12.7 |
| 7.0 | Qusannoo "GDP" Keessaa (%) | 22.4 | 22.1 | 21.6 |

Madda: KKMO

Baasii qabeenya dhaabbii uumuuf (capital formation/investment) oolu dabalaa akka deemu gochuu irratti hojjechuun biyya dinagdeen of dandeesse, gargaarsa alaa jalaa baatee fi siyaasaa fi dinagdeen tasgabboofte uumuuf waggoottan itti aanan keessatti invastimantii mootummaa fi dhuunfaa qabeenya dhaabbii uumuuf hojjetamaa ture caalaattii itti fufsiisuu irratti hojjechuutu barbaachiisa.

### 2.1.4 Galii Nam-Tokkee

Guddinni dinagdee kan safaramu hundamtaa qabeenya waggaa waggaan biyyi ykn naannoon tokko oomishuunidha. Hundumtaan oomishaalee waggaa waggaatti dabalaa kan deemuu fi kanaan walqabatee carraan hojii lammii kan uumame yoo ta'e dinagdee fayyaalessaa (healthy economy) jedhama. Akka biyyaatti galiin nam-tokkee Doolaara Ameerikaatiin (USD) bara 2012tti 1,080 ture bara 2014tti 1144.2 irra gahee jira. Hundamtaan oomishaalee Naannoo Oromiyaa bara 1992 irraa eegalee waggaa waggaan tilmaamamaa tureera. Haaluma kanaan, tilmaamni hundamtaa oomishaalee naannichaa waggoottan lamaan darbanii gatii gabaa yerootiin kan bara ka'umsaa (2012) Qar bil. 1,081.852 kan ture, bara 2013tti Qar bil. 1,262.181 yoo ta'u, kan bara 2014 immoo Qar. bil. 1,446.469 akka ta'u raagameera.

Haaluma kanaan, galiin nam-tokkee (GDP per capita income) bara 2012tti Qar. kuma 28.2 ykn USD 901.1 ture bara 2013tti Qar. kuma 32 ykn USD 820.1 akka ta'e kan tilmaamame yoo ta'u kan bara 2014 immoo Qar. kuma 35.65 ykn USD 760.8 akka ta'u raagameera. Walumaagalatti,

guddina dinagdee, hawaasummaa fi babal'ina bu`uuraalee misoomaa jalqabaman itti fufsiisuun dinagdee gooroo fi fiskaalaa tasgabbaa`aa uumuuf hojjetamaa tureera. Galiin nam-tokkee naannichaa kun giddugaleessaan waggaatti Qar. kuma 33.8 ykn USD 840.5 kan ta'udha.

**Gabatee 4: Galii Nam-Tokkee Bara 2013-2014**

| Nominal GDP | 2012 (ka'umsa) | 2013 | 2014 |
|---|---|---|---|
| **Ethiopia** | | | |
| Per Capita in Birr | 33,849.0 | 42,598.7 | 53,610.13 |
| Per Capita in USD | **1,080.0** | **1091.8** | **1,144.2** |
| Mid year Population in '000' | 99,747 | 101,914 | 104,082 |
| Average Exchange Rate (Birr/USD) | 31.3 | 39.02 | 46.9 |
| Oromiya | | | |
| Per Capita in Birr | 28,203.9 | 31,999.9 | 35,647.8 |
| *Per Capita in USD* | ***901.1*** | ***820.1*** | ***760.8*** |
| Mid year Population in '000' | 38,358 | 39,443 | 40,577 |
| Average Exchange Rate (Birr/USD) | 31.3 | 39.0 | 46.9 |


Galiin nam-tokkee waggaa naannoo keenyaa qarshiidhaan dabaalaa jira. Haa ta'u malee, gara USDtii ennaa jijjiiramu waggaadhaa waggaatti gadi bu'aa deemaa jira.

Rakkoon kun furamuu kan danda'u oomishaa fi oomishtummaa biyya keessaa guddisuu fi sona itti dabaluun baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun gabaa biyya alaaf dhiyeessuu fi invastimantii galtee oomishaalee biyya alaa galanii biyya keessatti akka oomishamu gochuun carraa hojii argachuu (decent work) fi aadaa lammii oomisha biyya isaa fayyadamuu dagaagsuun dinagdee biyyaa dhiibbaa biyyoota guddatanii jalaa baasuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuudha.

## 2.2 Qusannoo fi Investimantii

Guddina dinagdee biyya tokkoof qusannoon gahaan jiraachuun murteessaadha. Qusannoo gahaan akka jiraatuuf immoo qabeenya baasii dhumataaf bahu xiqqeessuu gaafata. Kaayyoon qusannoo guddisuu fi investimantii babal'isuu dilbii qabeenya dhaabbii uumuun (grossa capital formation) oomishaa fi oomishtummaa guddiisuu fi misooma dinagdee ariifachiisuun carraa hojii uumuun fayyadamummaa uummataa mirkaneesuudha.

Chaartii 2: Reetii Qusannoo fi Investimantii “GDP” Naannoo keessaa




*Madda: KKMO, 2014*

Akkuma gabatee fi chaartii irraa hubatamu, gaheen qusannoon “GDP” naannoo keessaa qabu bara 2012 Qar. bil. 242.8 (%22.4) yoo ta’u hojii investimantiif kan oole immoo Qar. bil. 156.7 (%14.5) qofa ture. Waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa giddu-galeessaan waggatti kan qusatame Qar. bil. 34.6 (% 21.9) yoo ta’u hojii investimantiif kan oole immoo Qar. bil.13.83 (% 13.1) qofaadha. Kan qusatame keessaa hojii invastimantiif kan oole yoo ilaalamu bara 2012ttii %64.6 kan ture waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa dabaluu osoo qabuu giddu-galeessaan waggaatti %4.6n hir’ina agarsiisuun %60 akka ta’ee tilmaamama.

Sababa investimantiin naannichaa akka gadi bu’u taasise beekuuf qorannoo kan barbaachisu ta’ullee, imaammatnii fi tarsiimoowwan kenna liqii dhaabbilee faayinaansii ta’uu akka malu ni tilmaamama. Gama biraatiin, hojiin invastimantii tasgabbii dinagdee fi nageenyaa kan barbaadudha. Akka biyyaattis ta’e naannoo keenyaattii hojiin invastimantii, keessumaa kan dhuunfaa bara 2008 irraa eegalee sabaaba dhabiinsa tasgabbii fi nageenyaatiin qabbanaa’aa akka ta’e ni hubatama.

Hanqina faayinaansii jiru furuuf mootummaan naannichaanis ta’ee dhaabbilee dhuunfaa fi hirmaannaa tajaajila lammummaatiin bu’uraalee misoomaa babal’isuu fi tajaajila kennaman qaqqabamaa fi qulqullina akka qabaatu gochuu irratti investimantiin balaan taasifamaa tureera.

## 2.3 Haala Uummataa

Uummatni Naannoo Oromiyaa %2.6n guddachaa akka jiru tilmaamama. Kana irraa kan ka’e waggoottan lamaan darban waliigala uummata naannichaa keessaa uummatni umurii oomishtummaa (umurii 15-64) keessa jiran %58, umurii eeggatamummaa keessa kan jiran immoo (umurii 0-14 fi 65+) %42 akka ta’an tilmaamama. Akka ragaan pirojekshiinii uummata

naannichaa agarsiisutti uummatni naannichaa waggaa waggaan gara umurii oomishtummaatti makaman giddu-galeessaan 869,517tti kan tilmaamamudha.


Daballiin uummataa faayidaa kan qabaatu guddina dinagdee waliin kan walsimu yoo ta'edha. Dinagdeen waggaa waggaan uumamu uummata umurii oomishtummaa keessa jiran simachuu kan hin dandeenye yoo ta'e dhabiinsa tasgabbii siyaasaa fi dinagdee uumuu danda'a. Uummata umurii oomishtummaa keessa jiran guddaa qabaachuun akka carraatti kan ilaalamudha.
Haa ta'u malee, dinagdeen uummata umurii oomishtummaa keessa jiran simachuu kan hin dandeenye yoo ta'e miidhaa uumuu kan danda'udha. Uummatni naannichaa umurii oomishtummaa keessa jiran ta'anii carraa hojii hin arganne/uumamneef hedduudha.

## 2.4 Faayinaansii Mootummaa

### 2.4.1 Sassaabbii Galii Naannoo

Akkuma mootummoota biyyoota hedduu galiin mootummaa biyyaa fi naannoo keenyaa kan hundaa'e galiiwwan taaksii irraa sassaabamu irrattidha. Sababni isaas, galiin taaksii madda galii itti fufiinsa qabuu fi misoomni dinagdee biyyootaa irratti hundaa'u waan ta'eefidha. Galiiwwan mootummaan naannoo irraa sassaabu maddoota galii idilee (galiiwwan taaksii kallatti, taaksii al kallattii fi taaksii hin taane), galii keessaa fi galii Mana Qopheessa irraati.

Haaluma kanaan, dandeettiin galii sassaabuu mootummaa naannichaa giddu-galeessaan waggaa waggaan Qar. bil. 15.65 dabaluun bara 2001 tti Qar. biliyoona 2.09 kan ture bara 2014 Qar. biliyyoona 56 irra gahee jira. Waggoottan 14 darban (2001-2014) keessaa galiin maaddoota galii naannicha irraa sassaabame waliigalatti Qar. bil. 203.44 kan ta'udha.




*Madda: BGO*

Waggootaan lamaan jalqaba KIB darban waliigalli galii madda naannichaa irraa sassaabame Qar. bil. 98.3 keessaa bara 2013tti Qar. bil. 39.6, bara 2014tti Qar. bil. 56 kan ta'udha. Galiin waggoota lamaan darban keessa sassaabame kun giddu-galeessaan waggaatti Qar. bil. 47.8 kan ta'udha

**2.4.2 Sassaabbii Galii Taaksii**

Akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti maddi faayinaansii hojiiwwan misooma dinagdee, hawaasummaa fi tajaajila bulchiinsaa fi nageenyaa itti fufiinsaan gaggeessuuf oolan keessaa inni olaanaan galiiwwan taaksii irraa argmanidha. Akkuma ragaa gabatee-1 irratti dhiyaate irraa hubatamu galiin taaksii irraa sassabame bara 2012tti Qar. bil. 17.74 ture bara 2013tti Qar. bil. 11.28' dabalee Qar. bil. 29.02 irra kan gahe yoo ta'u, bara 2014ttii immoo Qar. bil. 13.71n dabalee Qar. bil. 42.73 irra gahee jira. Akka waliigalaattii waggoottan lamaan darban kana keessaa galiin taaksii irraa sassaabame giddu-galeessaan waggaatti Qar. bil. 35.88 kan ta'udha.

**Gabatee 5: Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 2012-2014 Qar. Biliyoonaan**


| Gosa Galii | Raawii galii | | |
|---|---|---|---|
| | 2012(ka'umsa) | 2013 | 2014 |
| Galii Waliigalaa MNO (A+B) | 75.00 | 101.14 | 128.97 |
| A. Deeggarsa Mootummaa Federaalaa | 49.67 | 61.48 | 72.97 |
| B. Galii Madda Naannoo (B1+B2+B3) | 25.33 | 39.66 | 56.00 |
| B1. Galii Idilee (B1.1 +B1.2) | 19.32 | 31.145 | 48.62 |
| B1.1 Galii Taaksii | 17.74 | 29.02 | 42.73 |
| • Galii Taaksii kallatti | 12.8 | 18.28 | 28.39 |
| • GaliiTaksii al kalattii | 4.94 | 10.74 | 14.34 |
| B1.2 Galii Taaksii kan hin taane | 1.59 | 2.12 | 5.89 |
| B2. Galii Mana Qopheessaa | 4.25 | 6.14 | 7.38 |
| B3. Galii keessaa | 1.75 | 2.34 | NA |

Madda:KKMO

### 2.4.3 Gahee Galiiwwan Mootummaa Naannoo Bara 2013-2014

Gaheen galii taaksii Naannoo Oromiyaa hundamtaa galii naannichaa bara 2013-2014 keessa qabu giddu-galeessaan waggaatti %31.2 irra gahee jira. Gaheen galii taaksii hundamtaa galii madda naannoo keessaa qabu immoo kan yeroo walfakkaatuu giddu-gaaleessaan waggaatti %75 kan ta'udha. Gama biraatiin, gaheen galii waliigalaa madda naannoo GDP naannichaa keessaa qabu giddu-galeessan waggaatti %3.5 guddachuun bara 2012tti %2.3 kan ture bara 2014tti 3.9 irra ni gaha jedhamee ragaameera.

**Chaarii 4: Gahee Galii Mootummaa Naannoo Bara 2013-2014 (%)**





| | 2012 | 2013 | 2014 | G/G waggaa |
|---|---|---|---|---|
| Gahee Galii Taaksii Naannichaa hundamtaa galii MNO keesssa (%) | 23.7 | 28.7 | 33.1 | 31.2 |
| Gahee Galii Taaksii hundamtaa galii madda naannoo keesssa (%) | 70.0 | 73.2 | 76.3 | 75.0 |
| Gahee waliigala galii madda nannoo GDP keessaa (%) | 2.3 | 3.1 | 3.9 | 3.5 |

*Madda: KKMO*

### 2.4.4 Gahee Galii Taaksii "GDP" Irraa (Tax to GDP Ratio)

Hundamtaan oomishaalee (GDP) naannoo waggaa waggaan waliigala dinagdee naannichaa horate kan ittiin tilmaamamudha. Hundamtaa oomishaalee naannichaa waggaa waggaan tilmamamu kana keessaa galiiwwan maddoota biroo fi galii taaksii mootummaa naannichaa kan of keessatti hammatudha. Agarsiistuu gahee galiin taaksii "GDP" keessa qabuun madaaluun kan barbaachise sadarkaa dandeettii sassaabbii galii taaksii naannichaa irra gahe agarsiisuufidha.

**Chaartii 5: Galii Madda Naannoo fi Waliigala Galii MNO Bara 2013-2014 GDP Keessaa (%)**




| | 2012 (ka'umsa) | 2013 | 2014 | G/G Waggaa |
|---|---|---|---|---|
| Galii Madda Naannoo GDP keessaa (%) | 2.3 | 3.1 | 3.9 | 3.5 |
| Galii Taaksii GDP keessaa (%) | 1.6 | 2.3 | 3.0 | 2.6 |
| Waliigala Galii MNO GDP keessaa (%) | 6.9 | 8.0 | 8.9 | 8.5 |


*Madda: KKMO*

Biyyootni hedduun sadarkaa sassaabbii galii taaksii isaanii irra jiru madaaluuf agarsiistuu kana fayyadamu. Akka ulaagaa Bankii Addunyaatti, galiin taaksii biyya tokkoo "GDP" keessaa

qabaachuu qabu inni xiqqaan (minimum threshold) %15 ta'uu qaba. Biyyoota qabeenya uumamaa kan akka bob'aa qabaniin alatti biyyootni gaheen galii taaksii isaanii "GDP" keessaa qabu ulaagaa isa xiqqaa gadi ta'e qaban dinagdeen isaanii dadhabaa fi liqii alaa irrattii akka hundaa'u taasisa.

Gahee galii taaksii Naannoo Oromiyaa "GDP" keessaa qabu bara 2012tti 1.6 kan ture bara 2013 fi 2014tti wal duraa dubaan %2.3 fi %3.0tti guddatee jira. Guddinni gahee taaksiin GDP keessaa qabu kan dabale sassaabbii galii irratti ciminaa fi kutannoon waan hojjetameefidha. Haa ta'u malee, galii maddisiisuu irratti dandeettiin dinagdee naannichaa qabu waliin galiin sassaabamaa jiru ammallee baayyee xiqqaadha. Waggoottan arfan darban (2011-2014) keessa gaheen galii madda naannoo baajata waliigalaa mootummaa naannichaa keessaa qabaachaa ture giddu-galeessaan waggaatti harka 35 kan ta'udha. Haaluma kanaan, galiin of danda'uun mootummaa Naannichaa bara 2011tti harka 32.7 ture bara 2012tti sababa dhibee "COVID- 19" irraa kan ka'e gara harka 30.8tti gadi bu'ullee bara 2013 gara harka 37.7tti, bara 2014tti harka 40.3 ol guddatee jira.

**Chaartii 6: Gahee Galii Madda Naannoo Waliigala Baajata MNO Bara 2013-2014) Keessaa**




*Madda: BFO fi KKMO*

### 2.4.5 **Baajata Baasii Mootummaa Naannoo**

Baajatni baasii Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2012 waliigalatti qarsii biliyoona 78.87 ture, waggoottan lamaan jalqabaa Karoora Imala Badhaadhinaatti (2013 fi 2014) walduraa duubaan qarshii biliyoona 104.05 fi 138.95 irra gahee jira. Guddinni baajata baasii waggoottan lamaan darban kanaa kan bara 2012 cina yoo ilaallamu giddu-galeessaan waggaatti qarshii biliyoona %30.3 kan ta'udha. Haalli baajata baasii Mootummaa Naannichaa waggoottan lamaan


darban hojii invastimantii mootummaa itti dabalaa dhufe gaarii ta’us raawwii irratti xiyyeeffannaan hojjachuutu barbaachisa. Gama itti fayyadamaatiin yoo ilaalamu, baajatni kaappitaala bara 2014 dhibbentaa 73, kan baajata marmaartuu immoo %95.8 kan ta’u hojii irra oolee jira.

Baajata baasii Mootummaa Naannichaa bara 2014 yoo ilaalamu baajatni deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa qarshii bil. 72.27, kan madda galii naannoo qarshii bil. 56.00 yoo ta’u, waliigalaan qarshii bil. 138.95 irra gahee jira. Uwwisni galii madda naannoo waggoottan lamaan KIB (2013-2014) keessa dabalaa kan dhufee fi galma karoora Imala Badhaadhinaa Mootummaan qabate waliin kan walsimedha. Daballiin madda galii nannoo bara 2013-2014 giddu-galeessaan waggaatti %44 yoo ta’u, bara 2012tti galiin naannoo qarshii bil. 24.3 irra kan ture bara 2014tti galii mana qopheessaa dabalatee qarshii bil. 56 irra gahee jira. Haaluma walfakkaatuun, deeggarsi baasii Mootummaa Federaalaa waliigala baajata mootummaa naannichaa keessaa bara 2012tti qarshii bil. 54.46 (%71), bara 2014tti immoo qarshii bil. 72.97 ta’ee jira. Haaluma kanaan, baajatni deeggarsa baasii federaalaa waliigala baajata waliigaalaa mootummaa Oromiyaa bara 2014 keessaa %56.6) kan ta’udha.

### 2.4.6 Baajata Baasii Mootummaa Gosa Baajataatiin

Gosa baajataatiin yammuu ilaalamu waggoota lamaan bara karoora KIB keessatti baajatni baasii marmaartuu kan bara 2012 baajata waliigalaa Mootummaa Naannichaa keessaa Qar. bil. 54.46 (%69) kan ture Qar. bil. 16.79n dabalee bara 2013tti Qar. bil. 91.62 irra gahee jira.

**Chaartii 7: Baajata Baasii Mootummaa Naannoo Bara 2013-2014 Gosa Baasiitiin**




| | 2012 | 2013 | 2014 |
|---|---|---|---|
| Kaapitaala | 24.43 | 32.7 | 47.33 |
| Marmaartuu | 54.46 | 71.35 | 91.62 |
| Waliigala | 78.89 | 104.05 | 138.95 |

*Madda: BMO*


Haalumaa walfakatuun, baajanni kaappitaalaa waliigala baajata bara 2012 keessa Qar. bil. 24.43(%30.97) kan ture Qar. bil. 8.27n dabalee bara 2013tti Qar 31.43 (%31.4), bara 2014tti immoo Qar. bil. 14.63 dabaluun Qar. bil. 47.33(34.1) ta'ee jira. Waggoottan lamaan kana qoodni baajata kaappitaala naannichaa giddu-galeessaan waggaatti hundamtaa baajata mootummaa naannichaa keessaa %32.7 kan ta'udha.

### 2.4.7 Itti-fayyadama Faayinaansii Mootummaa

Mootummaan jijjiiramaa gara aangootti erga dhufee as galmoota bira gahuuf kaa'amanii fi sagantaalee fi pirojektoota misoomaa galmoota kaa'aman ittiin milkeessuuf karoorfaman galma akka gahan qabeenyi maallaqa mootummaan ramaduu fi hirmaannaa uummataatiin (tajaajila lammummaa) waggaa waggaan hojiiwwan misoomaa karoorfaman yeroo fi qulqullinaan akka raawwataman hordoffii fi deeggarsa walirraa hin cinne taasisaa tureera. Pirojektootnii fi hojiileen misoomaa karoorfaman hedduuunis yeroo fi qulqullina barbaadamuun hojjetamanii xumuraman tajaajilaaf akka oolan ta'anii jiru. Kuni muuxannoo gaarii yeroo lamaan asitti horatamanii fi cimee itti fufuu qabudha.

Waggoottan KIB lamaan darban keessa waliigala qabeenya maallaqa Mootummaan Naannichaa hojiiwwan karoorfaman ittiin raawwachiisuuf ramade Qar. bil. 243 keessaa hojii irra kan oole Qar. bil. 220.70 (%90.8) kan ta'udha. Waliigala baajata waggoottan lamaan darbanii keessa osoo hojiirra hin ooliin hafe Qar. bil. 22.3 (%9.2)tti kan tilmaamamudha.

**Chaarii 8: Itt-faayaadamaa baajataa Bara 2013-2014**




| | 2013 | | | 2014 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Kaapitaala | Marmaartuu | Waliigala | Kaapitaala | Marmaartuu | Waliigala |
| Baajata Ramadame (Qar. Biil.) | 32.7 | 71.35 | 104.05 | 47.33 | 91.62 | 138.95 |
| Baasii Faayinaansii (Qar. Biil.) | 29.2 | 69.04 | 98.24 | 34.68 | 87.78 | 122.46 |
| Raawwii (%) | 89.3 | 96.8 | 94.4 | 73.3 | 95.8 | 88.1 |

*Madda: BMO, KKMO*

Itti fayyadama faayinaansii hojii idilee fi kaappitaalaan adda bahee yoo ilaalamu waggoottan lamaan darban baajatni idilee fi kaappitaalaa ramadame wal duraa duubaan Qar.bil. 162.97 fi Qar. bil 80.03 keessa hojiirra kan oole Qar. bil.156.82 (%96.2) fi Qar. bil. 63.88 (%79.8) kan ta'udha. Haaluma kanaan, waliigala baajata waggoottan lamaan darban (2013-2014) hojiiwwan idilee fi kaappitaalaaf ramadame keessaa hojii irra kan hin oolle walduraa duubaan Qar. bil. 6.15 (%3.8) fi Qar. bil. 16.15 (%20.2) kan ta'udha. Kun kan agarsiisu dandeettii hojii irra oolchuu hojiiwwan karoorfamanii fi faayinaansii mootummaa naannichaa, keessumaa kan pirojektootaa laafaa akka ta'eef rakkoon isaa adda baasuun furmaata kennuun fooyyeessuu kan barbaadudha

### 2.4.8 Baajata Sektaroota Hiyyumma Hir'isanii


Hiyyummaa gama hundaa (multi poverty) uummata naannichaa irra gahu xiqqeessuuf xiyyeeffanoon olaanaan hojjetamaa kan jiru keessaa inni tokko sektaroota hojii hiyyummaa hir'isuu irratti hojjetaniif immaammata hiyyummaa hir'isuu gara hojiitti akka jijjiiran gochuudha.

**Gabatee 6: Baajata Sektaroota Hiyyummaa Hir'isanii Bara 2013-2014 (Qar.Bil.)**

| Sektaroota Hiyyummaa Hir'isan (SHH) | 2012 (ka'umsa) | Raawwii | |
|---|---|---|---|
| | | 2013 | 2014 |
| Qonna | 11.46 | 11.1 | 20.56 |
| Bishaan | 4.46 | 6.17 | 6.22 |
| Carraa Hojii fi uumuu Ogummaa (CHUO) | 7.99 | 3.17 | 2.84 |
| Daandii | 0.92 | 7.12 | 7.57 |
| Barnoota | 19.2 | 30.47 | 32.34 |
| Fayyaa | 9.7 | 12.72 | 15.69 |
| Waliigala | 53.73 | 70.75 | 85.22 |

Sektaroonni kunneen aangoo fi gahee hojii kennameef raawwatanii wabiin midhaan nyaataa mirkaneessuu, bishaan qulqulluu, tajaajila fayyaa qaqqabamaa taasisuu fi gahumsa qabu dhiyeessuun uummata fayya qabeessa ta'u horachuu, humna namaa ogummaa fi dandeettii dinagdeen barbaadu gonfate horachuu, akkasumas daandii fi tajaajilli jeejjibaa akka babal'atuu fi carraa hojii lammiif akka uumamuuf mootummaan waggaa waggaan qabeenya faayinaasii ramadee hojii irra oolchaa jira. Haaluma kanaan, waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa baajanni sektaroota hiyyummaa Hir'isaniif ramadamee qarshii bil. 155.97 dha. Kunis hundamtaa

baajata Mootummaa Naannichaa waggoota lamaan darbanii Qar. bil. 243 keessaa %64.18 kan ta'udha.




| | Qonna | CHUO | Bishaan | Daandii | Barnoota | Fayyaa | Waliigala Baasii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2012 (ka'umsa) | 7.36 | 0.86 | 3.31 | 6.46 | 18.39 | 8.49 | 44.87 |
| 2013 | 9.51 | 3.62 | 5.03 | 6.54 | 29.62 | 11.7 | 66.02 |
| 2014 | 11.88 | 2.46 | 5.86 | 7.01 | 31.96 | 15.29 | 74.46 |

Waggoottan lamaan darban kana keessa baajata sektaroota hiyyummaa hir'isaniif ramadame kana keessaa hojii irra kan oole %90.07 yoo ta'u kan hojii irra hin oolle Qar. bil 15.49tti kan tilmaamamudha. Keessumaa sektaroonni baajata ramadameef hojii irra oolchuu irratti laafinsa agarsiisan Qonna, Bishaan, Fayyaa, Barnootaa fi Daandii ta'anillee baajata ramadameef keessaa %32.44 kan ta'u hojii irra kan hin oolchine sektara Qonnaati. Waggoottan lamaan darban keessa baajata sektaroota kanneeniif ramadame keessaa hojii irra osoo hin oolin hafan Qonnaa %32.44, Bishaan %12.11, Daandii %7.76, Fayyaa %5 fi Barnoota %1.96 kan ta'udha.


## 2.5 Hojii Dhabdummaa

Mootummaan imaammata rakkoo hojii-dhabdummaa magaalaa fi baadiyyaa hir'isu bocee hojii irra oolchaa tureera, hojii irra oolchaas jira. Gama kanaan, hojiin hojjetamaa turee fi hojjetamaa jiru dargaggoota waldaan gurmeessuu, leenjii kennuu fi liqii maallaqaa akka argatan haala mijeessuun hojjetamaa tureera. Haa ta'u malee, yeroo dhiyoon asitti sababa dhabiinsa tasgabbii nageenyaan walqabatee rakkoon jiru tattaaffii hojii dhabummaa furuuf taasifamaa jiru irratti dhiibaa uumee jira.

### 2.5.1 Hojii Dhabdummaa Naannoo Oromiyaa

Akka ragaan Ejensii G/gala Istaatiksii Itoophiyaa (CSA) irraa argame agarsiisutti hojii dhabdummaa Naannoo Oromiyaa bara 2005tti %4.1 (dhi 1.7 fi dub 6.9) ture. Haa ta'uu malee, akka sarveeyiin Tajaajilli Istaatiksii Itoophiyaa (ESS) hojii dhabdummaan baadiyyaa naannichaa bara 2013 %6.9tti (dhi %3.6 fi dub %11) ol ka'ee jira.

**Chaartii 10: Hojii Dhabdummaa Naannoo Oromiyaa (1991-2013)**





*Madda: CSA,1991, 1997 fi 2005 fi ESS,2021*

## 2.5.2 Hojii Dhabdummaa Magaalota Oromiyaa

Hojii dhabdummaan, keessattuu kan magaalotaa, waggottan dhiyoo asitti fooyya'insa haa agarsiisu malee rakkoo cimaa ta'ee itti fufee jira. Dhimmootni kanaaf sababa ta'an keessaa isaan murteessaan dabaluu lakkoofsa humna namaa umuriin hojii qaqqabee fi hojii barbaduu (labour force growth) gama dhiyyeessiitiin (on supply side) jiruu fi faallaa isaatiin gama fedhiitiin (on demand side) jiru immoo carraan hojii industiriiwwaaniin uumamuu muraasa ta'uudha.

Hojii dhabdummaa Magaalota Oromiyaa bara 2008tti %15.2 (dhi. %8.3, dub. %22.9) ture bara 2012tti %18.2 (dhi. 10.2 fi dub. 27.6) tti akka guddate ni agarsiisa. Kana jechuun bara 2012tti namoota umurii oomishaa keessa jiran 100 keessaa namootni 18 ta`an hojii hin qaban jechuudha. Bara 2017tti hojii dhabdummaa Magaalota Oromiyaa, guddina dinagdee filannoo isa bu'uuraatiin %15 gadi buusuuf karoorfamee hojjetamaa jiraatus bara 2013tti itti fufinsaan daballi agarsiisuun %18.5 (dhi. %10.9 fi dub. %27.4) tti ol ka'ee jira.

**Chaart 11: Reeti Hojii Dhabdummaa Magaalota Oromyaa Bara 2008-2013 (%)**





*Madda: Ethiopian Statistical Service (ESS),2021*

### 2.5.2 Hojii Dhabdummaa Baadiyyaa

Akka sarveeyii Tajaajila Istaatksii Itoophiyaa bara 2013 agarsiisutti hojii dhabdummaan Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa bara 2005 kan ture dabalee jira.


**Chartii 12: Hojii Dhabdummaa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa**




*Madda: Ethiopian Statistical Service (ESS),2005 fi 2021*

## 2.6 Qaala`insa Gatii

Mootummaan dinagdee gooroo tasgabbaa'aa uumuun guddina dinagdeetiif haala mijaawaa uumuun qaala'insi gatii to`achuu fi jireenya uummataa irratti dhiibbaa akka hin uumne gochuuf hojjechaa tureera. Haa ta’u malee, sababoota adda addaatiin qaala’insi gatii yeroodhaa yerootti dabalaa jira.




*Madda: ESS, 2022*

Haaluma kanaan, naannicha keessatti giddu-galeessaan qaala`insi gatii ittiin dabale bara 2013tti qaala`insi waliigalaa (general inflation) %20.2, qaala'insi nyaataa %23.19 fi qaala'insi miti-nyaataa %16.4 ture. Bara 2014 keessa immoo qaala'insi kan ittiin dabale giddu-galeessaan qaala`insi gatii waliigalaa %38.1, qaala'insi nyaataa %43.5 fi qaala'insi miti-nyaataa %29.8 ta'ee jira.

Qaala'insa gatii kanaaf dhimmoonni sababa ta`an fedhiin fayyadamtootaa fi dhiyeessiin oomishaa walsimuu dhabuu, hanqina sharafa biyya alaa, hanqina nageenyaan, sababa ongeen weerara awwaannisaa fi dhibee "COVID-19" fi waraana biyyoota Raashiyaa fi Yukireen wal qabatee dhiyeessiin oomishaa gahaa ta'uu dhabuu, walitti hidhaminsa gabaa oomishtootaa fi fayyadamtoota kallattiidhaan wal-qunnamsiisuu laafaa fi ciccitaa ta'uudha. Akkasumas, oomisha dhoksuun qaala'insa gatii nam-tolchee uumuu, fayyadamtoonni fuuldura gatiin oomishaa dabalaa jechuun (inflation expectation) fi dallaalota kiraa-sassaabdota gabaa burjaajessuun sababoota gurguddaadha.

## 2.7 Tarkaanfiiwwan Fudhatamuu Qaban

### 1) Oomishaa fi Oomishtummaa Qonnaa Guddisuu

Teknooloojii fooyya'aa fayyadamuun inisheetiivota qonnaa adda addaa hojiirra oolchuun lafa xiqqoo irraa oomishni midhaanii guddaan akka argamu ykn beeyilada gosoota fooyya'a ta'an horsiisuuunii fi nyaata isaanii gahaa oomishuu fi dhiyeessuun oomishni beeyiladaa fi bu'aa beeylada akka dabalu taasisuu irratti hojechuudha.

Sababa jijjiirama qileensaa irraa kan ka'e hanqina roobaa fi ongee yeroo yeroon uumamuu fi miidhaa nama, beeyiladaa fi biqiltuuwwan irra gahu furuuf yeroo gabaabaaf deeggarsa lubbuu namaa fi beeyiladaa baraaruu itti fufiinsaan hojjechuu, bishaan lafa jalaa baasuun uummataa fi beeyilada du'aatii jalaa baraaruu; yeroo giddu-galeessaa fi dheeraa keessatti biqiltuun dhaabuu fi kunuunsuun, lageewwan gurguddoo jal'isuun iddoo hanqinni roobaa mudatutti misooma qonna jallisii, dhugaatii beeyiladaa fi namaa fi horsiisa qurxummiif akka oolu taasisuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuu;

Weerara awwaannisaa fi ilbiisotaan miidhaa oomisha qonnaa irra gahu hambisuuf ykn xiqqeessuuf iddoo fi yeroo awwaannisni itti walhoru biyya keessaa biyyoota ollaa waliin ta'uun adda baasuun qindoominaan kemikaalli ittii biifamee akka manca'u gochuu;

Dhiyeessiin qoricha farra ilbiisaa fi dhibeewwan oomisha qonnaa, biqiltuuwwanii fi beeyiladaa gahaan akka jiraatu gochuun miidhaa oomishalee qonnaa fi qonnaan wal qabatan irra gahu xiqqeessuu ykn dhabamsiisuu irratti hojjechuu;

Inisheetiiviiwwan qonnaa adda addaa eegalaman babal'isuu fi haaraa bocuun hojiirra oolchuun, akkasumas teknolojiiwwan qonnaa biyya keessatti oomishuun jalqabame babal'isuun mashinoota qonnaa, akkasumas dhiyeessii galteewwanii bal'inaan oomishuun qonna bonaa, arfaasaa fi gannaa irratti xiyyeeffannaa guddaan hojjechuun dhiyeessiin oomisha qonnaa gabaa biyyaa keessaa fi alaaf ta'u gahaan akka jiraatu gochuu;

Uwwisni bosonaa waggoottan sadan darban dabale baay'ee guddaadha. Kanaafis gumaacha olaanaa kan taasise hojii "Ashaaraa Magariisaa" fi daangessuu fi kunuunsa qabeenya bosanaa gaggeeffamaa turedha. Hojiin "Ashaaraa Magariisaa" kun duulaa fi kootaan gaggeeffamuu irraa hanga lafa dheedicha beeyiladaa fi qonnaaf hin oolle adda baasuun hangaa fi gosa biqiltuuwwan dhaabbachuu qabanii karoorsuun gaggeessuun barbaachisaadha;

Hojii misooma bosanaa fooyyeessuun, kunuunsa bosonaa cimsuun mancaatii bosonaa xiqqeessuun dhimma xiyyeeffannoo fi qindoomina fi kutaannoo cimaan hojjetamuu qabudha. Uwwisa bosonaa naannichaa dabaluu kan agarsiisuu bal'ina lafa biqiltuun irra dhaabbatee fi lakkoofsa biqiltuu dhaabbatee osoo hin taane hanga biqiltuu itti fufiinsaan qabatee laliseen ta'uu qaba. Biqiltuuwwan dhaabaman qabachuu fi lalisuun bu'aa kennuu kan danda'an tuttuqaa irraa bilisa yoo ta'anii fi eegumsaa fi kunuunsa itti fufiinsa qabu yoo argatanidha. Kanaafuu,

tarsiimoon biqiltuuwwan dhaabbatan itti eegamuu fi kunuunfamuu qaban qophaa'uu fi dargaggoota eegumsaa fi kunuunsa biqiltuu irratti leenjiisuu fi gurmeessuun ramaduu;

Oomishaa fi oomishtummaa qurxummii guddisuuf haroowwanii fi lageewwan dhangala'aa kemikaalotaa, balfaa fi xuriiwwan adda addaa irraa akka qulqullaa'an taasisuu, gosoota qurxummii filatamoo fi oomisha gahaa kennan haroowwan jiran keessatti horsiisuu fi nyaata gahaa dhiyeessuu irratti hojjetamuu qaba.

2) **Ce'umsa Caasaa Dinagdee Ariifachiisuu**

Gahee Industiriin dinagdee naannichaa keessaa qabu akka guddatuu fi ce'umsi qonnaa irraa gara industiriitti akka taasifamu dhimmota kanatti aananii jiran irratti xiyyeeffachuun hojjechuun barbaachisaadha. Isaanis:

Abbootiin qabeenyaa industiriiwwan oomisha dheedhii qonnaa irratti sona dabaluun gabaa biyya keessaa fi alaatiif dhiyeessan akka babal'atan taasisuu;

Industiriiwwan mashinootaa fi galteewwan qonnaa kan akka tiraaktaraa, kombaayinaraa, xaa'oo fi kemikaalota farra ilbiisaa fi aramaa oomishan biyya keessatti akka ijaaraman haalawwan barbaachisan mijeessuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuu;

Industiriiwwan oomishaa humna ibsaa ittifufiinsa qabu argatanii humna guutuun oomishuun fedhii gabaa biyya keessaa tasgabbeessuu fi biyyaa alaaf dhiyyeessuun sharafa biyya alaa akka argamsiisan taasisuu;

Industiriiwwan qabeenya albuudaa karaa hammayyaa'een oomishanii gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyeessuu danda'an babal'isuun sharafa biyya alaa akka argamsiisan, akkasumas carraa hojii akka uuman gochuu;

Oomishni meeshaalee ijaarsaa kan akka sibiilotaa, simmintoo fi kanneen kana fakkaatan biyya keessatti bal'inaan akka oomishaman deeggarsa barbaachisu taasisuun gaheen industiriin dinagdee naannichaa keessaa qabu akka guddachaa deemu irratti xiyyeeffachuun hojjechuudha.

3) **Tajaajila Mijataa Uumuu**

Sirnaa fi hojimaata daldalaa fi geejjibaa fi loojistikii ammayyaa'aa ta'e, iftoominaa fi gaafatamummaa uumu diriirsuu fi hojiirra oolcuun hojiin bittaa fi gurguttaa meeshaalee seeraan

akka gaggeeffamuu fi galiin hojiiwwan daldalaa irraa galuu qabu harcaatii malee sassaabamee akka galu taasisuu;
Ijaarsa bu'uuraalee daandii irratti xiyyeeffachuun hojjechuun tajaajila geejjibaa ammayyaa'aa fi qaqqabamaa ta'e akka uumamu gochuun sochii hawaasaa, dinagdee fi walitti hidhamsa gabaa mijataa taasisuu;
Qabeenyaalee aadaa fi tuurizimii naannichaa qorachuu fi misoomsuun madda dinagdee fi carraa hojii taasisuu irratti hojjechuu;
Dhaqqabamummaa fi kenni liqii investimantii dhaabbilee faayinaansii ammayyaa'aa fi mijataan akka uumamu taasisuu;
Qabeenyi mootummaa fi miti mootummaa, deeggartoota misoomaa, akkasumas uummata irraa argamu karaa haqa qabeessa ta'ee fi imaammata mootummaa galmaan geessisuu danda'uun ramaduu, qisaasama malee hojii misoomaatiif karaa gahumsa qabuu fi bu'a qabeessa ta'een hojii irra oolee bu'a barbaadamu akka milkeessu gochuu;

Sirna ragaan hawaas-dinagdee naannichaa qulqullina qabu sadarkaa hundatti itti jirachuu danda'uu; akkasumas siistamoota dinagdeen naannichaa yeroo giddu-galeessaa fi yeroo dheeraa ittiin raagamu diriirsuu fi qorannoowwan hawaas-dinagdee adda addaa gaggeessuun yaada hojii misoomaa naannichaa fooyyeessuu fi haammayyeessuu diriirsuu irratti hojjechuu;

Barnoota qaqqabamaa, mijataa fi hammatoo (inclusive) ta'ee, qulqullinaa fi gahumsa qabuu babal'isuun ijoolleen umuriin isaanii barnootaaf gahe hundi carraa barnootaa akka argatan taasisuun humna namaa ogummaa gahaa qabuu fi dorgomaa ta'e horachuu irratti hojjechuu;

Bishaan qulqulluu waliin gahuun, qulqullina naannoo fi dhuunfaa irratti hubannoo hawaasaa uumuu; magaalota iddoo jireenyaa mijataa fi hawwataa taasisuu; akkasumas tajaajila fayyaa hawaasaa qaqqabamaa, qulqullinaa fi gahumsa qabuu taasisuun uummata fayya qabeessa ta'e horachuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuu;
Nageenya tagabaa'aa ta'e naannicha keessatti akka uumamu gochuuf karaa qindoomina qabuun fi hawaasaa fi dhimmamtoota hirmaachiseen hojjechuudha.
Hojimaata badaa kenniinsa tajaajila manneen hojii mootummaa keessatti dagaagee jiru sirreessuu irratti kutannoon hojjechuun sadarkaa hundattii jijjiiramni qabatamaan akka uumamu taasisuu.

#### 4) Qusannoo Guddisuu fi Invastimantii Babal'isuu

Badhaadhina maatii mirkaneessuun kan danda'amu aadaan qusaannoo maatii fi nama dhuunfaa yoo cime qofa waan ta'eef aadaa qusannoo dagaagsuu hubannoo hawaasaa uumuu irratti hojjechuu;

Maallaqni dhaabbilee faayinaansii keessatti qusatame hojii irra oolu fedhii invastimantiiwwan haaraa naannicha keessatti gaggeeffamuuf haala mijaawaa uumuu fi dhimmoota invastimantii irratti hudhaa ta'an qorannoon adda baasuun hiikuu irratti hojjechuu;

Qusannoo fi invastimantiin akka babal'atu dhaabbileen faayinaansii (baankiiwwan, dhaabbilee liqii fi qusannoo kan akka WLQO, Buusaa Gonofaa fi kkf) qaqqabamaa taasisuu; tarsiimoowwan liqiin dhaabbilee faayinaansii hojiiwwan oomisha biyya keessaa haala deeggaru irratti xiyyeeffatu akka jiraatu gochuudha.

#### 5) Sassaabbii Galii Guddisuu

Maddoota galiiwwan taaksii mootummaa naannichaa babal'isuunii fi daandeettii galii taaksii naannichi qabu irraa taaksiin guutummaan sassaabamee mootummaaf akka galu taasisuun hanqina baajataa (budget deficit) uumamu cufuu;

Qaawwa seerrii fi dambiin sassaabbii fi bulciinsa galiiwwan taaksii hojii irra jiran qaban sakkatta'uun sirreessuu;

Hoj-maata sassaabbii fi bulchiinsa galii taaksii naannichaa iftoomina qabuu fi gafatamummaa mirkaneessu diriirsuun malaammaltummaa (kan akka taaksii kaffalamu xiqqeessuu fi yeroon kaffaluu dhiisuu kaffaltoota taaksiin raawwatamanii fi tilmaama taaksii kaffalamuu qabuu irratti shira hojjetamu) galii sassaabuu keessatti uumamu hambisuu;

#### 6) Tarsiimoo Carraan Hojii Itti uumamu Bocuun Hojiirra Oolchuu

Qorannoo irratti hundaa'uun tarsiimoo carraa hojii yeroo gabaabaa, giddu-galeessaa fi yeroo dheeraa keessatti itti uumamuu danda'u qopheessuu;

Aadaa hojii irratti jijiirama amalaa fiduun dargaggootni hojii argame osoo hin tuffatin akka hojjetan gochuuf hubannoo uumuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuu;

Dargaggoota eeggattummaa jalaa bahanii of danda'anii hojii akka uummatan gochuuf leenjii hojjii uumuu fi bulchuu dandeessisu "entrepreneourship training" fedhii irratti hundaa`e kennuu.

7) **Qaala`insa Gatii Tasgabbeessuu**

Qaala'insa gatii yeroo yeroon dabalaa jiru tasgabbeessuuf oomishaa fi oomishtummaa qonnaa, industirii biyya keessaa guddisuun fedhii fi dhiyeessii akka walsimu taasisuu; walitti hidhamsa gabaa uumuu fi to`annoo daldala keessaa fi qindoomina naannolee ollaa waliin gaggeessuu fi hojiin pirojektoota harkifatee baasii dabalataa akka hin hordofsiifne yeroon akka xumuraman taasisuu irratti hojjechuu;

8) **Imala Misooma Dinagdee Maatii Milkeessuu**

Kaayyoon misooma dinagdee maatii uummatni baadiyyaa fi horsiisee bulaa naannichaa bu'aa dinagdee irraa fayyadamaa taasisuudha. Kaayyo kana dhugoomsuuf galmoota misooma dingdee maatii,

- Wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu,
- Oomishaalee qonnaa alaa galan biyya keessatti oomishuun bakka buusuu,
- Sharafa alaa maddisiisuu,
- Carraa hojii uumuu fi
- Industirii xixiqqaa babal'isuu

**Kutaa Sadi: Xiinxala Raawwii Misoomaa Sekteraan**

## 3.1 Raawwii Misooma Qonnaa

### 3.1.1 Oomishaa fi Oomishtummaa Midhaanii

Oomisha midhaanii dabaluuf tooftaa lamaan jiran lafa qonnaa haaraa baballisuu fi tekinoolojii addaa addaatti fayyadamuun oomishtummaa dabaluun akka oomishni midhaanii guddatu taasisuun ni danda'ama. Haala qabatamaa naannoo keenyaan sababa baay'ina uummataa saffisaan guddataa jiruu fi % 80 jireenya qonnaa irratti hundaa'ee jiruuf lafti qonnaa hanqina waan qabuuf tooftaa lafa qonnaa haaraa baballisuun oomisha dabaluun filatamaa hin ta'u. Kanaafuu, tarsiimoowwanii fi maloota qonnaa oomishtummaa dabalan fayyadamuu fi kanneen oomisha midhaanii hir'isan xiqqeessanitti fayyadamuun filannoo isa duraa fi xiyyeeffannoon hojjetamaa jiruudha. Isaanis, Kilaasteraan oomishuu, qorannoo adda addaa madaksuu fi hojiirra oolchuu, qonna roobaa akkasumas qonna Jallisii baballisuu, tekinooloojii oomisha duraa fi tekinooloojii oomisha boodaatti fayyadamuu fi kkf dha.Haaluma kanaan, xiinxalli oomishaa fi

oomishtummaa midhaanii baroota darban lamaanii varaabiloota/dhimmoota/wantoota armaan oliirratti xiyyeeffata.

**1) Misooma Qorannoo Qonnaa**

Teeknooloojiiwwan qonnaa oomishaa fi oomishtummaa qonnaa fooyyeessan dhiyeessuu fi babal'isuun itti fayyadama teeknooloojii fi odeeffannoowwaan dhiyaataniif deeggarsaa fi tumsa barbaachisu taasiisuun ammayyuummaa adeemsa oomisha qonnaatiif bu'uura akka ta'e beekamaa dha. Haaluma kanaan, yaaliiwwan qorannoo adda addaa geggeessu bara ka'umsa KIB 2012tti 811 irra kan ture waggootan KIB lamaan darbanitti 1,934 geggeessuf karoorfamee waggootan KIB lamaan kanneenitti yaaliiwwan qorannoo adda addaa 2,161 **(**%112) gaggeeffamee jira.

Teeknooloojiiwwan/odeeffannoon gosa garaa garaa baasuu bara 2012tti 246 irra kan ture waggoottan lamaan darban keessatti (2013-2014) teeknooloojiiwwanii fi odeeffannoowwan adda addaa 541 baasuuf karoorfame waggaa lama keessatti 566 (%104.62) baasuun danda'ameera. Kunis, karoora waggaa shanii irraa %33 raawwatamee jira. Gama hojii teeknooloojii babal'isuu (scaling up) 128 qonnaan/horsiisee bulaa 4,027 garee FRG (Farmer Research Group) 135tiin gurmaa'an biratti babal'isuuf karoorfamee teeknooloojiiwwan 185(%144.5) qonnaan/horsiisee bulaa 6,223 (%154.5) irra gahee jira.


Akkasumas**,** waggoottan lamaan darban (2013fi 2014) keessatti hojii teeknooloojii baay'isuu 572 ta'an raawwachuuf kan karoorfate keessaa, teekinooloojiiwwan 698 ta'an baay'ifamanii yommuu ta'u, raawwiin karoora waggaa lamaan darbanii kun yoo ilaalamu % 122 ta'e karoora waggaa shanii irraa % 45 irra akka jiru mul'isaa.

Akka milkaa'inaa fi bu'aatti teeknooloojiwwan midhaanii 21 (Midhaan biilaa fi agadaa 7, midhaan dheedhii fi dibataa 9, kuduraa muduraa fi mi'eessituu 5) Koree sanyii filatamaa biyyooleessaan (National Variety release committee) mirkanaa'anii oomisha keessatti akka galan gadi lakifamanii jiru. Sanyii haaraan bahan ulaagaa garaa garaa (oomisha, dandeettii dhukkuba dandamachuu fi qabiyyee nyaataa qabaniin fi kkf) ilaalamanii akaakuu sanyii walfakkaatuu kana dura jiru waliin walbira qabamanii yeroo ilaalaman %17- %65 hanga giddu-galeessan %30 caalmaa akka kennuu danda'an mul'isa.

## 2) Itti fayyadama callaa guddiftuu

Adeemsa oomishaa fi oomishtummaa dabaluu keessatti dhimmi itti fayyadama callaa guddiftuu dhimma murteessaadha. Kanuma irraa ka'uudhaan itti fayyadama xaa`oo keenya yeroo ilaalluu ka`umsa bara 2012tti itti fayyadamni xaa'oo keemikaalaa, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa, dhibee fi ilbisootaa akkasumas xaa'oo uumamaa (kompostii) walduraa duubaan kunt. mil 4.95, mil. 0.44, g/lit. 1.56 fi $m^3$ 0.016 irra kan ture waggaa waggaan giddu galeessan 13%, 24%, 12.9%n guddisuuf kan karoorfame yoo ta'u raawwii KIB waggottan lamaan kanaa yoo ilaallu itti fayyadamni xaa'oo keemikaalaa, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa fi ilbiisotaa walduraa duubaan %16.3, %12.56 fi %20.1n guddina agarsiise jira. Garuu fayyadama sanyii filatamaa bara baraa dabaltii agarsiisaa haa dhufu malee karoora kaa'ameen kan wal hin simnee ta'uu agarsiisa. Gama xaa'oo uumamaatiinis ka'umsa irraa dachaa hedduun kan dabalee fi fayyadamummaan Q/bulaa ka'umsa KIBtti mil.2.9 ture bara baraan %6n guddisuun bara 2014tti gara mil.3.54tti guddatee jira. Haata'u malee, raawwiin callaa guddiftuu jijjiirama kan argisiisaa dhufe ta'us, lafa waliigalaa misoome keessaa lafa xaa'oodhaan misoome yommuu ilaalamu ammas reeshoon itti fayyadama xaa'oo staandardii (mismatch between soil nutrient requirements and fertilizer applications) gadi ta'u agarsiisaa. (Lafa qotamee faca'e keessaa teekinooloojiin yoo jiratee xaa'oon lafa qotameef yeroo qodamuu heektaraaf meqaa akka ta'ee yoo ibsamee gaariidha)

**Chartii: 14: Itti fayyadama callaa guddstuu (2012-2014)**




Madda Ragaa: Biiroo qonnaa fi qabeenya uumamaa

**Kallattii**: Raawwiin Callaa guddiftuu jijjiirama kan argisiisaa dhufe ta'us, lafa waliigalaa misoome keessaa lafa xaa'oodhaan misoome yommuu ilaalamu ammas reeshoon itti fayyadama xaa'oo staandardii gad kan ta'ee fi lafa waliigalaa qoonaaf oole keessaa % 72.5 qofti xaa'oon waan misoomeef gara fuuldura haala qorannoo staandardii biyyaa kan keessa qoratame (200kg Blended NPS Fertilizer and 92kg inorganic Fertilizer per/ he) itti fayyadamuu barbaachisa.

### 3) Itti fayyadama Makanaayizeshinii Qonnaa

Qonni naannoo keenyaa teeknooloojii ammayyaatiin akka gaggeeffamuuf sochiin taasifamaa jiru bal'aadha. kana irraa ka'uudhaan dhiyeessii fi itti-fayyadama makaanaayizeeshinii qonnaa sadarkaa barbaadamuun dabaluun oomisha qonnaa guddisuun ni danda'ama. Qonna gannaa fi arfaasaa marsaa 1[ffaa]n bara 2012tti lafa hek. mil. 0.74 tiraaktaraan qotamee ture hanga bara 2014tti % 93 guddisuun, lafti mil.2.78 tiraaktaraan qotamee qonnaan bulaan mil.1.55 fayyadamaa ta'eera. Akkasumas marsaa lamaanuu bara 2014tti lafa hekt. 759,672 ta'u irraa kombaayinaraan haamuun qonnaan bulaan 609,511 fayyadamaa teeknolojii kanaa taasisuun danda'amee jira. Hanqina jiru makanizeshiniin qonnaa kun hanga barbaadamu kan hin babal'annee fi bakka ga'ettis itti fayyadama irratti rakkoon teeknikaa fi deeggarsaa gahaa dhabuun kan mul'atuudha.

Kallattii fuula duraa qonna keenya ammayyesuudhaaf qonnaan bulaan gurmaa'anii tajaajila kiraa maashinoota qonnaa argachuu akka danda'aniif deggeruun bu'a qabeessa akka ta'an gochuu fi rakkoowwan qunnaman hiikuun deggersa teeknikaa fi gorsa kennuufiidhaan hordooffii taasiisuun barbaachisaadha.

Oomishaa fi oomishtummaa midhaanii guddisuuf qonna gannaa fi arfaasaatiin bara ka'umsa KIBtti lafa hek. mil. 6.58 irraa oomisha kunt. mil. 175.34 fi oomishitummaa kunt. 26.65 kan ture, hanga bara oomishaa 2013/2014tti walduraa duubaan waggaatti giddu galeessaan 1.68%, 8.9% fi 7.1% guddisuudhaaf karoorfamee hojjatamaa tureen lafti, oomishaa fi oomishtummaa walduraa duubaan %5 fi %9 fi %3.8 guddina agarsiisee jira. Haata'u malee, Sababiin oomishtummaan bifa karoorfameen guddachuu dadhabeef immoo itti fayyadama calla-guddistuu fi kenna tajaajila eksteenshii qonnaa, gosa midhaaniitiin akkaataa ogummaa gorfamuu fayyadamuu irratti garaagarummaan jiraachuu fi dhiibbaa jijjiirama qileensaa uumamuun oomisha argachuuf qabame bira gahuu irratti qaawwaan kan uumamuudha.

**Gabatee 10 oomishaa fi oomishtummaa qonna gannaa fi arfaasaa (2012/2013-2013/2014)**

| Agarsiistoota | Safar. | Bara ka`umsaa 2012 | 2012/13 | | % | 2013/14 | | % | Manii 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar. | Raw | | kar. | Raw. | | |
| Oomisha qonnaa Gannaa fi Arfaasaa | | | | | | | | | |
| Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 6.58 | 6.69 | 7.26 | 108.5 | 6.82 | 7.28 | 106.7 | 7.15 |
| Oomisha | kunt. mil. | 175.34 | 191.56 | 200.5 | 104.6 | 208.8 | 208.9 | 100.1 | 268.67 |
| Oomishtummaa | kunt./hekt. | 26.65 | 28.54 | 27.61 | 96.75 | 30.57 | 28.69 | 93.86 | 37.57 |
| Oomisha qonnaa Gannaa | | | | | | | | | |
| Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 5.86 | 5.96 | 6.3 | 105.7 | 6.06 | 6.31 | 104.1 | 6.37 |
| Oomisha | kunt. mil. | 165.98 | 180.9 | 183.5 | 101.4 | 197.2 | 198.7 | 100.8 | 255.2 |
| Oomishtummaa | kunt./hek | 28.32 | 30.36 | 29.1 | 95.92 | 32.54 | 31.5 | 96.75 | 39.6 |
| Oomisha Arfaasaa | | | | | | | | | |
| Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 0.723 | 0.73 | 0.96 | 131.5 | 0.76 | 0.97 | 127.6 | 0.78 |
| Oomisha | kunt. mil. | 9.37 | 10.66 | 17 | 159.5 | 11.59 | 10.23 | 88.27 | 13.35 |
| Oomishtummaa | kunt./hek | 12.96 | 13.69 | 17.7 | 129.4 | 15.28 | 10.55 | 69.04 | 17.05 |

Qaawwaan oomisha midhaanii keessatti mul’ate maksuuf teeknoloojiiwwan oomisha guddisu danda’an (itti fayyadama calla guddistuu istaandardiin fayyadamuu, tajaajila teeknoolojii fi makanaayizeeshiinii qonnaaf) xiyyeefannoon kennamuu barbaachisaa dha.Misooma qonnaa gaggeeffamu haala ammayya’aa ta`een deeggarsa barbaachisu qonnaan /Horsisee/ bultootaaf gochuudhaan hojii misooma qonnaa ceesisan irratti hojjechuu.

Oomisha midhaanii armaan oliitti ibsame gosaan adda baasuun yommuu ilaallu, midhaan biilaa fi agadaa waggoota lamaan darban kanatti lafti, oomishaa fi oomishtummaan 0.87% , %8.7 fi %7.77n dabaluuf hojjetamaa tureen raawwiin waggottan lamaan darbaniin walduraa duubaan %4.3, %6.28 fi 1.89 dabaluu isaa xiinxalli kun kan mul’isuudha. Akkasumas, midhaan dheedhiinis waggoota lamaan kana lafti, oomishnii fi oomshtummaan %4.14, %10.4 fi% 5.8n dabaluuf karoorfamee raawwiin bara 2013-2014tti laftii fi oomishinii %11.3 fi %1.55 yoo dabalu oomshtummaan garuu %8.8   hir’ina agarsiisee jira.

Gama oomisha midhaan dibataanis baroottan KIB keessatti lafti, oomishaa fi oomishtummaan %7.12, %11.36 fi %3.75 walduraa duubaan dabaluuf yoo karoorfamu raawwiin garuu lafti %6.73 kan dabale ta’us oomishaa fi oomishtummaan garuu %3.46 fi %9.56n akka hir’ina

agarsiise xiinxala irraa hubachuun danda’ameera.Kun immoo sababoota armaan olitti qonna waliigalaa keessatti ibsameen hir’inni oomishtummaa mul’atee jira.

**Gabatee 11: Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddoo gosaan (2013-2014)**

| T.L | Agarsiiftoota | Saf. | Bara ka'umsaa (2012) | 203 | | 2014 | | manii 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | kar. | Raw. | kar. | Raww. | |
| **1** | **Midhaan Biilaa fi Agadaa** | | | | | | | |
| 1.1 | Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 5.56 | 5.61 | 5.61 | 5.66 | 6.05 | 5.8 |
| 1.2 | Oomishaa | kunt.mil. | 157.82 | 171.55 | 167.74 | 186.48 | 178.25 | 240 |
| 1.3 | Oomishtummaa | kunt./hekt. | 28.38 | 30.59 | 29.89 | 32.96 | 29.46 | 41.3 |
| **2** | **Midhaan Dheedhii** | | | | | | | |
| 2.1 | Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 0.71 | 0.74 | 0.85 | 0.77 | 0.88 | 0.88 |
| 2.2 | Oomishaa | kunt. mil. | 13.73 | 15.16 | 15.33 | 16.74 | 14.16 | 22.6 |
| 2.3 | Oomishtummaa | kunt./hekt. | 19.34 | 20.46 | 18.04 | 21.65 | 16.09 | 25.6 |
| **3** | **Midhaan Dibataa** | | | | | | | |
| 3.1 | Lafa Qotame/u | hekt. mil. | 0.305 | 0.33 | 0.37 | 0.35 | 0.35 | 0.43 |
| 3.2 | Oomishaa | kunt.mil. | 3.79 | 4.22 | 3.50 | 4.7 | 3.53 | 6.5 |
| 3.3 | Oomishtummaa | kunt./hekt. | 12.43 | 12.9 | 9.56 | 13.38 | 10.17 | 15 |

### 4) Misooma Jallisiitti fayyadamuu

Misoomni jallisii balaawwan uumamaa (goginsaa fi Hongee) qonna waqtii roobaan oomishamu mudatu hambisuu fi lafa tokko yeroo lamaa fi isaa oli akka misoomu taasisuun oomishaa fi oomishtummaa dabaluu keessatti gahee guddaa qabaata.Misoomni jallisii Bishaan qabnutti fayyadamuun oomisha dabaluuf karoorfame hojjetamaa jiru wabii nyaataan of danda’uudha.Haaluma kanaan, Jallisiin xixiqqaa, g/galeessaa fi gurguddaa irratti hojiin qorannoo potenshaalaa, dizaayinii pirojektootaa fi ijaarsaa raawwatamaa jira.Akkasumas, pirojektoonni waggoota lamaan dura tajaajila kennuu eegalanii fi kanneen baroota lamaan kana kessatti xumuramanii tajaajila misooma midhaanii fi misooma nyaata beelladaaf oolaa jiru.Xiinxalli raawwii dhimmoota piroojektii fi oomisha jallisiin misoomaa jiru akka armaan gaditti dhiyaateera.

### 5) Qophii Piroojektoota Jallisii

Raawwiin qorannoo adda baafannaa/qorannoo duraa/ piroojektoota jallisii gosa adda addaa hanga bara 2012 tti 894 irra ture waggoota lamaan darban keessatti bara 2013 keessa 101 gaggeessuuf karoorfame 101(%100) kan raawwatamee yoo ta’u, bifuma walfakkaatuun bara 2014 keessaa qorannoo jallisii duraa xixiqqaa, giddugaleessaa fi guddaa 144 gaggeessuf

karoorfamee sababa baajata bara 2014 keessa qorannoo karoorfamee kanaaf hin qabamiiniif kan qoratamee lafa jiru xumuruuf jecha osoo hin raawwatamiin hafee jira. Akka waliigalaatti bara KIB lamaan darban keessatti qorannoo adda baafannaa piroojektoota jallisii gosa adda addaa 245 lafa hektraa 407,280, misoomsuu danda'uu fi abbaa warraa 1,143,911 fayyadamaa taasisu maallaqa 488,819,047 ta'uun gaggeessuuf karoorfamee qorannoo adda baafannaa jallisii 101 lafa hektaara 200,212 misoomsuu danda'u maallaqa 2,345,245n gaggeessuun abbaa warraa 729,774 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera.Raawwii kana yoo ilaalluu raawwii karoora waggoottan lamaan waggaa shanii irraa %41.22 irraa akka jiru hubachuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun, bara 2012 keessa qorannoo fi dizzaayinii jallisii gadi-fagoo 936 (jallisii xixiqqaa 894, jallisii giddu galeessa 36 fi jallisii gurguddaa 6) lafa hektaara. mil. 0.368 irratti gaggeeffamee ture bara 2013 keessa qorannoo gadi fagoo 91 raawwachuuf karoorfamee 61 gaggeessuun kan danda'amee yoo ta'u, bara 2014 keessa qorannoo jallisii gadi-fagoo 164 gaggeessuuf karoorfamee 140 raawwachuun danda'ameera. Akka waliigalaatti waggoota lamaan darban keessa qorannoo jallisii gadi fagoo pirojektoota 255 (xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaa) lafa hektaara 214,018 misoomsuu danda'uu fi abbaa warraa 1,028,057 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda'uu maallaqa 846,700,469n gaggeessuuf karoorfamee qorannoon jallisii gadi fagoo 225 (xixiqqaa 175, giddugaleessaa 47 fi gurguddaa 3) lafa hektaara 102,698 misoomsuu danda'u maallaqa 251,965,460 gaggeessuun abbaa warraa 234,488 fayyadamaa gochuun danda'ameera.

### 6) Raawwii Ijaarsa pirojektoota jallisii

Piroojektoota misooma jallisii qaamoolee adda addaatiin gaggeeffamaa ture bara ka'uumsaa 2012 ijaarsa piroojektoota xixiqqaa, g/galeessaa fi gurguddoo walduuraa duubaan 695, 52 fi 1 ture bara KIB 2013 keessa ijaarsa piroojektoota jallisii gosa adda addaa 296 ijaaruuf karoorfamee 74 ijaaruun danda'ameera. Haaluma kanaan, bara 2014 keessa ijaarsa pirojektoota jallisii (xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaa) 172 ijaaruuf karoorfamee 107 ijaaruun danda'ameera. Akka waliigalaatti baroota KIB lamaan darban keessatti ijaarsa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 470 lafa hektaara 153,830 misoomsuu fi abbaa warraa 651,830 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda'uu maallaqa 12,380,740,143n ijaaruuf karoorfame keessaa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 181 lafa hektaara 12,472 misoomsuu danda'u

maallaqa 6,628,545,267n ijaaruun abbaa warraa 113,722 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera.

Gama biraatiin ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa bara 2014 keessa kan jalqabe yoo ta'u baruma kana keessa ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa 73 lafa hektaara 50,950 misoomsuu fi abbaa warraa 104,507 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda'u maallaqa 5,950,320,809n ijaaruuf karoorfamee pirojektiin jallisii Finna Oromiyaa 1(Boorana) lafa hektaara 31 misoomsu maallaqa 3,591,430,047n ijaaruun abbaa warraa 62 fayyaadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera.Akka raawwii kana irraa hubachuun danda'amutti raawwii waliigalaa keessaa %1.37 qofatu xumurame.Haa ta'u malee, pirojektootni 72 giddu galeessan %25 gahanii jiru. Kunis, sabaaba adda addaan raawwiin haala karoorfameen deemuu kan hin dandeenyeef akkatuma amala pirojektoota jallisii baay'een isaanii adeemsa hojii irraa kan jiran yoo ta'u fi ijaarsii pirojektii jallisii yeroo dheeraa kan fudhatu, akkasuma iddoo pirojektiin kun jiru tokko tokko keessatti sababa rakkoo nageenyaa fi sababa beenyaa lafaa yeroon kanfaluu dhabuu, waligaltee yeroon raawwachuu dhabuu irraa kan ka'e raawwiin waliigalaa gadi bu'uu danda'ee jira.

### 7) Raawwii Bulchiinsa Iskiimota Jallisii

Baajata motummaa fi hirmaannaa hawaasaan bara 2013 fi 2014 keessa iskiimota jallisii (xixiqqaa, giddu-galeessaa fi gurguddaa) 571 ta'an maallaqa 5,676,490 shallagamuun suphuun lafa hektaara 49,547 misoomsuun hawaasa 214,686 fayyadamaa taasisuuf karoorfamee ture, iskiimota jallisi 485 ta'an maallaqa 3,972,150, suphamee lafa hektaara 42,195 misoomsuun hawaasa 168,780 fayyadamaa taasisuun danda'amee jira.

Bifuma wal fakkaatuun, baajata mootummaa fi hirmaannaa uummataan bara 2013 fi 2014 keessa paampoota jallisi (xixiqqaa fi gurguddaa) 45,303 ta'an maallaqa 90,606,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuuf karoorfamee ture keessaa, paampota jallisi 41,280 ta'an maallaqa 82,560,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuun danda'amee jira.

### 8) Qorannoo Jallisii Misooma Lafa Dheedumsaa

Rakkoolee hawaas-dinagdee naannoo horsiisee bulaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuun adda baasuuf hojii hojjatameen bara 2012tti qorannoo jallisii lafa misooma lafa dheedumsaa 2

kan gaggeeffamee yoo ta’u bara 2013-2014tti bifuma wal fakkaatuun qorannoo tokko (1) gaggeessuuf karoorfame 1(%100) kan raawwatamee jira. Kunis, KIB wagga shanii keessaa qorannoo 3 gaggeessuuf kan karoorfamee yoo ta’u 2n gadi hafan waggoota sadan hafan keessa kan gaggeeffamu ta’a.

**9) Piroojektii jallisii lafa dheedumsaa**

Misooma piroojektii jallisii lafa dheedumsaa Galchat Godina Booranaa keessatti misooma margaa jallisiin hektara 26 irratti misooma lafa dheedumsaa gaggeessuun bara 2012tti marga Toonii 53 oomishuun kan danda’ame yoo ta’u bara KIB 2013 keessatti misooma jallisii lafa dheedumsaa Galchat hektaara 26 misoomsuun marga Toonii 158 oomishuuf karoorafmee marga Toonii 177 oomishuun kan danda’ame yoo ta’u baruma kana keessa piroojektii lafa dheedumsaa jallisiin misoome utaalloo hektaara 26 irraa marga Toonii 156 oomishuuf karoorfamee marga Toonii 106 oomishuun danda’ameera.

Haaluma walfakkaatuun, pirojektii lafa dheedumsaa Galchat lafa hektaara 26 irraa bara 2014 tti marga Toonii 66 oomishuuf karoorfame marga Toonii 198 oomishuun danda’ameera. Akkasumas, lafa dheedhumsa Utaalloo hektaara 26 irraa marga Toonii 65 oomishuuf karoorfamee marga Toonii 34 oomishuun kan danda’amee yoo ta’u, akka waliigalaatti bara karoora lamaan darban keessa lafa hektaara 52 piroojektii Galchat irra marga toonii 224 oomishuuf kan karoorfamee yoo ta’u marga toonii 375 (%167) raawwii karoora waggaa lamaa irraa oomishuun danda’ameera. Gama biraan pirojektii Utaalloo lafa hektra 52 irraa marga Toonii 221 oomishuuf karoorfamee marga toonii 140 %63 raawwii karoora waggaa lamaa irra oomishuun danda’ameera.

Haa ta’u malee, rakkoolee misooma jallisii keessatti bara karoora hojii darban mul’atan yoo ilaalamu, bu’uuraalee misoomaa naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman haala qabatamaa naannoo horsiisee bulaa bu’uureffateen istaandardii fi dizaayiniin isaanii akka qophaa’u taasisuun fi hojii irra oolchuu dhabuu; bu’uura jireenya horsiisee bulaa kan ta’e beeylada balaa hongee yeroo addaa addaatti mudachaa jiru akka dandamatan lageen misooma jallisiitiif ooluu danda’an misoomsuu irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuu dhabuudha.


Haaluma kanaan, rakkoolee kanneen furuuf hojiiwwan gara fuula duraatti akka kallattii hojii mootummaatti ta’aan;

- Bu’uuraalee misoomaa naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman haala qabatamaa naannoo horsiisee bulaa bu’uureffateen istaandardii fi dizaayiniin isaanii akka qophaa’u taasisuun fi hojii irra oolchuu;
- Bu’uura jireenya horsiisee bulaa kan ta’e beeylada balaa hongee yeroo addaa addaatti mudachaa jiru akka dandamatan laggeen misooma jallisiitiif ooluu danda’an misoomsuu irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuu;
- Hojiiwwan naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman qaama dhimmi ilaalu waliin qindeessuun karoora waliinii qopheeffachuun hojjechuu;
- Sababa deddeebii hoongeetiin rakkoo nyaata beeyladaa naannoo gammoojjitti uumama jiruu hiikuuf baajata mootummaa fi deeggarsaatiin lafa dheedumsaa jallisii fi roobaan misoomsuuf hojiin jalqabame cimee akka itti fufu hojjachuu fi sirna akeekkachiisa duraa hojii irra akka oolu taasisuu,

**10) Oomisha Midhaan Jallisii**


Oomishaa fi oomishtummaa midhaan jallisitiin naannoon keenya lafa waliigalaa qabdu keessaa misooma jallisii gosa garaagaraatiif kan ooluu danda’u hekt. mil.4.5 akka ta’e qorannoon ni mul’isa. Kana keessaas hanga bara 2012tti lafa, oomishaa fi oomishitummaa walduraa duubaan hekt mil. 0.565; kunt. mil. 92.756 fi kunt. 164.17 argamee turee, karoora imala badhaadhinaa waggaa shanii keessatti lafa, Oomishaa fi oomishtummaa wal duraa duubaan waggaa waggaan giddu galeessaan %16.5, %26.58 fi %8.76 dabaluuf hojjetamaa tureen karoora hanga bara 2014tti laftii fi oomishni %19.73 fi %17.46n kan dabale yoo ta’u oomishtummaan %1.7 hir’ina agarsiise jira. Kun kan ibsu lafti misooma jallisiif oole karooran yoo dabalu oomishni argame hanga karoorfamee gad waan ta’eef oomishtummaa irratti hir’inni mul’atee jira. Misooma jallisii keessatti sababoonni oomishaa fi oomishtummaan hir’ateef ittifayyadama bishaanii jallisii fi itti fayyadama galtee omishaa irratti beekumsaa fi ogummaan deeggaruu irratti hanqinni bal’aan waan jiruuf.

**Giraafii 15: Raawwii oomishaa fi oomishtummaa misooma jallisii KIB bara 2013-2014**





Gama birootiin waggoottan KIB lamaan darban keessatti lafti misooma jallisii % 19 ka'umsa irraa dabalaa yoo deemu qonnaan bulaan qixuma dabaltii lafaatiin dabaluun hanga dhuma bara 2014tti q/bulaan mil. 2.38 fayyadamaa misooma kanaa taasisuun danda'ameera.

Giraafii 16: lafa jallisiin misoomee fi Q/bulaa misooma jallisii irratti hirmaate (2013-2014)




Karaa biraatiin, misooma jallisiin raawwatame keessaa akka inisheetiviitti (tarkaanfii haaraatti) kan fudhatamuu danda'u; bakkeewwan gammoojjii keessatti oomisha qamadii jallisiin oomishuu danda'uu keenyaan jiruu fi jireenya hawaasaa sadarkaan jiru jijjiiruu irra darbee wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf hojii hojjetameen oomisha qamadii biyya alaa irraa galu oomisha biyya keessatti oomishamuun bakka buusuuf sochii taasifamaa tureen, oomisha qamadii jallisii addatti yoo ilaallu yeroo bonaa keessatti qamadii jallisii marsaa 1ffaa; marsaa 2ffaa fi qamadii qonna arfaasaan bara 2013tti lafa hekt.mil. 0.38, oomisha kunt. mil. 22.63 fi oomishtummaa kunt. 8.6 ture bara 2014tti wal duraa duubaan %71.4, %97.36 fi %15n dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin argame %73.68, %133 fi %34.55 dabaltii agarsiisudhaan hojiin boonsaan hojjatamee jira.

Giraafii 17: Karooraa fi Raawwii Oomishaa fi Omishtummaa Oomisha Qamadii Jallisiin (2013-2014)




**11) Misooma qabeenya umamaa**

Qabeenya uumamaa (biyyee, bosona) kunuunsuun karaa oomishaa fi oomishtummaa midhaanii itti dabaluun danda'amu keessaa isa tokkodha. Dhiqaminsa biyyee maloota qonnaa adda addaa fi teeknooloojii fayyadamuun hambisuun akka qaljii lafaa dabalu taasisuun oomishtummaa midhaanii itti fufiinsaan dabaluu keessatti gahee guddaa qaba. Karaan itti dhiqaminsa biyyee hambisan keessaa daagaa hidhuu, gaabonii, biqiltuuwwan faayidaa lamaa ol qaban maasaa qonnaa keessa dhaabuun kunuunsuun isaan muraasa

Gama biraatiin rakkoolee dhiibbaa jijjiirama qilleensaatiin oomishaa fi omishtummaa midhaanii irra geessisan kanneen akka lolaa, goginsa fi hongee xiqqeessuuf gaheen biqiltuu dhaabuun kunuunsuu fi uwwisa bosonaa dabaluun gahee olaanaa niqabaata. Haaluma kanaan, Uwwisa bosonaa babal'isuu fi hojii hojjetamaa tureen hanga ka'umsa KIBtti biqiltuun bil.12.94 lafa hekt. Mil.1.99 irratti dhaabbatee jiru irratti walduraa duubaan %6.6 fi % 6 dabaluuf karoorfamee waggoottan lamaan darbaniin biqiltuun dhaabame dachaa afurii oliin (%28) fi lafti irra dhaabbates dachaa lamaan (%12) karoora taa'en olitti raawwachuun danda'ameera. Kanaaf hojii bonsaa fi karoora KIB waggaa shanitti qabame bira waan darbeef bifa haaraan irra deebinee caalmaatti akka karoorfamuu qabu agarsiisa.

Sababni milkaa'ina kanaas hawaasa bal'aa qindeessuun sagantaa ashaaraa magariisaa irratti qophii sanyii, biqiltuu, akkasumas dhaabbii biqiltuu bal'inaan hirmaachisuun kan hojjatame ta'uu isaati. Akkaataa ragaa sagantaa ashaaraa magariisaa waggootan afraan darbaan biqiltuun

dhaabame agarsiisuutti uwwisa bosonaa ka’umsa bara 2012tti %20 irra ture, bara 2014 % 27 ol gudachuu agarsiisee jira. Haa ta’u malee, biqiltuun dhaabamee sadaarkan lalisuuma isaa akka naannoo jiruu (survival rate) lakkawwamuu akka qabuu xiinxalli jiru agarsiisaa.


**Gabatee 12: Karooraa fi raawwii dhaabbii biqiltuu bosonaafi uwwisa (2013-2014)**

| Agarsiistoota | Safartuu | Bara Ka’um2012 | 2013 | | 2014 | | Manii 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. | |
| Biqituu dhaabbate | Lak.(bil.) | 12.94 | 13.79 | 17.17 | 15.68 | 21.52 | 17.82 |
| Lafa biqiltuun irra dhaabbate | hekt.(mil.) | 1.994 | 2.12 | 2.25 | 2.39 | 2.53 | 2.69 |
| Uwwisa bosonaa | % | 20 | 20.83 | 21.69 | 22.59 | 27 | 24.49 |

**12) Misooma Muduraa**

Poteenshaala godinaaleen Oromiyaa qaban irratti hundaa’uun waggoottan lamaan darban keessatti oomishi muduraalee kanneen akka Avokaadoo, Muuzii fi Paappaya tarkaanfii addaatiin (inisheetivii) xiyyeeffannoon laatameefii hojjetamaa jira. Haaluma Kanaan oomishni Avokaadoo, muuzii fi paappayaa ka’umsa KIB irraa Oomishni argame %18.96, %13.45 fi % 0.22 walduraa duubaan dabaluu isaa ragaan xiinxalaa kana irra hubatameera. Tarkaanfii addaa (Insheetiiviin) qabamee xiyyeefannaan hojjetamaa kan ture waan ta’eef, teeknoolojii ammayyaan (tissue culture) biqilaa sanyii filatamaa qopheessuun qonnaan bulaaf rabsamaa kan ture fi buufata biqilaa ammayyaa hundeessuun biqilaa muduraalee baay’inaa fi qulqul’inaan rabsamaa kan ture ta’uu dha.


**Giraafii 18: Raawwii lafa Avokaadoo, Muuzii fi Paappayaan misoome bara 2013-2014**




**13) Misooma bunaa**

Bunni madda jiruu fi jireenya hawaasa bal’aa ta’uu irra darbee dinagdee biyya keenyaa utubuu keessatti gahee ol’aanaa qaba. Haaluma kanaan misooma bunaa babal`isuun oomishaa fi oomishtummaa daran dabaluun, gabaa biyya alaaf dhiyaatee dinagdee biyyaa keessatti caalmatti gaheen isaa akka guddatu gochuun hojjetamaa jira. Baroota lamaan darban keessa misooma bunaa lafaa, oomishaa fi oomishtummaa ka’umsa KIB bara 2012tti walduraa duubaan hekt.mil.0.52, kunt.mil. 3.51 fi kunt/hekt. 6.75 argamee kan ture baroottan KIB 2013 fi 2014tti giddu galeessan walduraa duuban %13.77, %22.39 fi %7.57 dabaluuf karoorfamee ture %54.4, %62 fi %4.9n dabaluun danda’ameera. Misooma bunaa ilaalchisee lafti misoomaaf ooles ta’ee oomishni bunaa argame karooraan ol dabalee jira. Akaataa itti milkaa’ees bunni xiyyeeffannoon addaa itti kennamee kilaastaraan lafa haaraa irra dhaabbachaa waan turee fi pirojektiin fooyya’insa dhangaga’ina biyyee godinaalee rakkoo dhangaga’ina biyyee qaban jijjiirama fidaa waan jiruufidha. Hojii kanaan bu’aan argames: bunni qulqullina qabuu fi sadarkaa isaa eeggate oomishamuu fi gabaaf dhiyaatee galii argamsiise jira.

Chartii 19: Karoora fi raawwii Misooma Bunaa (2013-2014)




## 3.1.2 Misooma Beeyladaa

### 3.5.2.1. Oomishaa fi Oomishtummaa Beeyladaa

Qabeenya Beeyladaatiin Oromiyaan akka biyyaatti kan dursitu ta’u illee Omishaa fi omishtummaa isaanii dabaluun fayyadamummaan bu’aa beeyladaa argachaa jirtu gad-aanaa waan ta’eef tarsiimoowwan oomishaa fi oomishtummaa beeyladaa fooyyeessuu danda’an adda addaa qopheessuun hojjetamaa jira. Dhimmoota agarsiiftuuwwan guddina bu’aalee beeyladaa fiduu danda’an keessaa, fooyya’insa sanyii beeyladaa, uwwisa kunuunsa fayyaa beeyladaa, misooma nyaata beeyladaa raawwatamaa jiru xiinxaaluun Jijjiirama oomishaa fi omishtummaa aannanii, foonii, killee fi gogaa fi kal’ee irratti jiru armaan gaditti /madaalameera/ilaalameera.

1) **Fooyya'insa Sanyii Beeyladaa**

Bu'aa qabeessummaa beeyladaa guddisuuf sanyii beeyladootaa oomishtummaa gad-aanaa qaban kanneen oomishtummaa ol-aanaa qabaniin waliin diqaalomsuun sanyii Loonii fooyyesuuf hojjetamaa jira. Haaluma Kanaan sanyii loonii fooyyeesuuf sochii taasifamaa tureen mala naman loon diqaalomsuu /Artificial insemination/ bara 2012 tti loon 221,571 irra ture bara baraa %50n dabaluun dhuma bara 2014tti loon 500,000tti ol guddisuuf karoorfamee keessaa loon 321,045 diqaalomsuun danda'ameera.Hojii mala namaan diqaalomsuu hojjatameen baay'inni jabbiloota sanyii fooyya'aa dhalatan bara 2012tti 92,214 irra ture waggoottan KIB lamaan darbanitti % 46.9n guddisuuf karoorfamee dhuma bara 2014tti %30.4 ol guddisuun jabbilee 156,863 (jibicha 124,247 fi raada 29,192) (%79) diqaalomanii dhalachuun danda'amee jira.Haata'u malee hojiin karoorfame haala karooraatiin raawwachuu hin dandeenye.Sababiin hojiin karoorfame akkaataa karooraatiin hin raawwanneef:dhiyeessiin sanyii kormaa fi naayitirojiinii dhangalaa gadi aanaa ta'uu fi gahuumsi ogummaa teeknishaanii AI hanga barbaadame hanga barbaadame gahaa ta'uu dhabuu.

Kanaafuu gara fuula duraatti sanyii beeyladaa fooyyeessuf dhiyeessiin sanyii kormaa fi naayitiroojiinii dhangalaa bal'inaan akka dhiyaatu gochuu fi teekinishaana AI gahuumsa qabuun deeggaramuun barbaachisaa dha.

2) **Misooma Nyaata Beeyladaa**

Nyaata beeyladaa fooyyeessuun bu'aan beeyladaa dabaluu keessatti gahee ol'aanaa bakka bu'iinsa hin qabne kan qabuu fi dhimma dursa argachuu qabudha.Bu'aa yaadame argachuuf dhiyeessii nyaata beeyladaa gahaa fi fooyya'aa ta'e akka jiraatuuf hojjechuun barbaachisaa dha. Nyaata beeyladaa bara ka'umsa KIBtti toonii mil.19 irra ture %14.4n guddisuun dhuma bara 2014tti toonii mil.25tti guddisuun danda'ameera. Milkaa'ina kanaaf kanneen gumaachan keessaa , Inisheetiiviiwwan misooma nyaata beeyladaa godinaalee adda addaa keessatti calqabamuu, sanyii nyaata beeyladaa baay'isuu fi oomisha nyaata beeyladaa calqabamuun isaan muraasa.

Raawwiin dhiyeessiin nyaata beeyladaa karoora wagga shanii irraa yoo shallagamu %100 ol agarsiisa.Haata'u malee qabatamaadhaanan waggoota KIB lamaan darbanitti hanqina nyaata beeyladaa mul'ateen du'aatiin beeyladaa mudate jira.Kanfuu nyaata beeylada haala agro ecology"Naannoo waliin deemu baay'isuu,haftee midhaanii adda addaa,nyaata madaalawaa oomishaa fi homishtummaa beeyladaa fooyyessan akka fayyadaman gochuu fi hubannoo gahaa

uumuu.Gama biraatiinis karoora dandeettii naannoo keenyaa giddu galeessa godhatee fi hiixataa ta’e qopheessuun hojiitti galuun barbaachisaa ta’a.

**Gabatee 13: Raawwii Nyaata beeyladaa gosaan (mil.)’n (2013-2014)**

| Lak | Gosoota Nyaataa | Safa | Ka’uumsa bara 2012 | 2013 | | 2014 | | Manii 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. | |
| 1 | Lafa marga dheedumsaa daangeeffame | Hekt | 0.938 | 1.03 | 2. 172 | 1.13 | 10.397 | 1.51 |
| 2 | Haftee midhaanii | Tooni | 16 | 16.59 | 9.266 | 17.2 | 21.935 | 19.18 |
| 3 | Nyaata beeyiladaa foyya'aa | Hekt. | 150 | 176.88 | 1.517 | 208.58 | 2.851 | 342 |
| 4 | Bu'aa warshaalee | Tooni | 0.656 | 0.72 | 0.425 | 0.78 | 0. 434 | 1.01 |
| 5 | Hokaa | Tooni | 2.453 | 2.7 | 2.694 | 2.97 | 2.642 | 3.95 |
| 6 | Cicciitaa marga arbaa | Lak. | 350 | 393 | 206.7 | 442 | 266.1 | 630 |

Madda: Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Oromiyaa

### 3) Uwwisa Eegumsa Fayyaa Beeyladaa

Gama eegumsa fayyaa beeyladaatiin, uwwisa talaallii, wal’aansaa fi kiliniika eegumsa **fayyaa** beeyladaa bara ka’umsaa KIB walduraa duubaan %55.98; %76; fi %90 irra ture KIB waggoottan lamaan 2013-2014tti waggaa waggadhaan giddu galeessaan % 5.97, % 2.77 fi % 1.05’n guddisuudhaaf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin waggottan lamaan darbanii walduraa duubaan uwwisni talaallii fi uwwisni wal’aansa beeyladaa %2.66 fi %3’n kan dabale yoo ta’u uwwisni kiliniika fayyaa beeyladaa garuu %4 gadi bu’ee jira.Sababni uwwisni kilinika beeyladaa hir’ateef inni ijoon kiliniikota dullomanii fi sadarkaa tajaajilaan ala ta’an suphuun hojiitti galchuu irratti rakkoon baajetaa jiraachuu isaati.

### 4) Bu’aalee Argaman


### 4.1 Oomishaa fi Oomishtummaa Aannanii

Misooma aannanii guddisuun fayyadamummaa hawaasaa dabaluuf hojii hojjetamaa tureen bara 2012tti Oomisha aannanii sanyii naanoo irraa lit.bil.0.96 fi sanyii loon fooyya’aa irraa lit. bil. 0.4 walduraa duubaan argamaa ture dhuma bara 2014tti %29.6 fi %8.68 dabaluuf karoorfamee hojjatamaa tureen sanyii naannoo irraa %42.8 fi sanyii fooyyaa irraa immoo %20.4n dabaluun gara lit.bil.1.96 fi lit. bil. 0.58tti wal duraa dubaan ol guddisuun danda’ameera. Loon sanyii naannoo irraa guyyaatti lit.1.8 fi loon sanyii fooyya’aa irraa immoo lit. 11.5 argachuun danda’ameera.

### 4.2 Oomishaa fi Oomishtummaa Foonii

Bara 2012itt baay'ina horii foonii waliigalaa(loon,re'ee,hoolaa,gaalaa fi lukkuu) mil.14.59 gabbisuu fi kunuunsuun oomisha foonii toonii mil. 0.643 argame ture irraa waggoottan KIB lamaan bara (2013 fi 2014)tti wal -duraa duubaan horii foonii waliigalaa mil.16.404 fi 18.557 irraa oomisha foonii toonii mil.0.7065 fi 0.7778 oomishuuf karoorfamee horii foonii waliigalaa mil.18.015 fi mil. 19.531 gabbisuu fi kunuunsuun foon toonii mil.1.012 fi mil. 1.033 oomishuun danda'ameera. Sochii taasifamaa tureen baay'inni horii foonii fi oomishni foonii karoora olitti kan dabale ta'us, oomishini foonii horii tokko irraa argamu kan hin daballe ta'uu ragaan xiinxalame kan mul'isuudha. Kun kan agarsiisu baay'ina horii foonii dabaleen oomishni foonii dabaluu irraa kan hafe qulqulina galteewwan horii foonii gabbisuu fi kunuunsuuf barbaachisan dabaluun oomishtummaan foonii akka dabalu hojjeechuu irratti hanqinni jiraachuu kan agarsiisudha. Kanaaf oomishtummaa foonii dabaluuf galteewwan oomisha foonii dabalan irratti xiyyeeffachuun dirqama kan ta'udha


**Giraafii 20:Karooraa fi Raawwi Oomisha foonii waggaa lmaa (2013-2014)**




### 3.5.2.2 Misooma lukkuu

Gama misooma lukkuu killeen bara ka'uumsa KIB 2012tti lukkuu sanyii fooyya'aa mil.1.4 oomisha killee bil.0.71 fi foonii toonii mil. 0.31 irra ture hanga dhuma karoora waggaa shaniitti guddina giddu galeessaa waggaa waggaadhaan wal duraa duuban lukkuu,killee fi foon %28,%20 fi %23 wal duraa duubaan dabaluuf karoorfamee hojjatamaa tureen baay'inni lukkuu sanyii fooyya'aa fi oomishni killee dachaa lamaan yoo dabalu oomishni foon lukkuu immoo dachaa sadiin dabaluu agarsiisa.gama kanaan hojii jajabeessan akka hojjatame xiinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera.


Giraafii 21: karooraa fi raawwii lukkuu sanyii foyya'aa ,killee fi foon  lukkuu waggaa lamaa (2013-2014)




### 3.5.2.3 Misooma Dammaa

Gama misooma dammaan hojii hojjeetamaa tureen gaagura waliigalaa bara ka'uumsa KIBtti gaagura mil.2.25 irraa oomisha dammaa kg.mil.28.46 argachuun oomishtummaa kg 12.65 irra ture waggoottan KIB 2013-2014itt waggaa waaggaadhaan giddu galeessan baay'ina gaaguraa,oomishaa  fi oomishtummaa %9.7, %20 fi %9.43 wal duraa duubaan guddisuuf karoorfamee hanga dhuma  bara 2014tti  baay'ina gaaguraa,oomishaa fi oomishitummaan dachaa sadii oliin dabaluun danda'amee jira.

Giraafii 22: Misooma gaaguraa fi Oomisha dammaa waggaa lamaa (2013-2014) (mil.)





### 3.5.2.4 Misooma Qurxummii

Galma misooma itti fufinsa qabuu fi wabii nyaata madaalawaa (nutrition security) hawaasa keenyaa mirkaneessuu keessatti misoomni qurxummii shoora guddaa qaba.Haaluma kanaan,ka'uumsa KIB bara 2012tti  oomishaa  qurxummii toonii 130,395 irra ture waggaa waggaadhaan %16.9n dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen waggoottan lamaan darban(2013-

2014) tti karoorri qabame %8.35 qofaan guddatee oomishini qurxummii toonii 153,09 irra jira.Kunis oomishini qurxummii karoora qabame irraa %8.55 gad- bu’ee jiraachuu agarsiisa.

Dhimmootni gadi-bu’uu kanaaf akka sababatti eeramanis: Faalama bishanii sababa keemikaalota garagaraa warshalee keessaa gad- lakifamuu bifa lolaatiin gara haroo ykn bakka qurxummiin itti horsiifamutti seenudhaani,babal’achuu marga weerartuu kan akka inbocii,manca’iinsa lafa jiidhinsaa (wet land degradation) ,bishaan jallisiitiif garmalee bishaan haroo fayyadamuu,rakkoo dhiyeessii cuucii qurxummii fi hanqina loojistiikiin teekinoolojii qonna qurxummii babal’isuu fi oomisha qurxummii karaa seeraan alaa omishuun hanqinaleen bal’inaan qunnamaa waan tureef haala barbadamuun raawwachun hin danada’amne

**Giraafii 23:Raawwii oomisha qurxummii bara 2013-2014**




Madda: Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa oromiyaa

### 3.1.3 Waldalee Hojii Gamtaa

Waldaalee Hojii Gamtaa rakkoo hawaasummaa fi dinagdee isaanii qabeenyaa, beekumsaa fi human isaanii walitti qindeessuun hiikkachuuf dhabbata hundaa’u dha. Milkaa’ina kaayyoo kanaatiif waldaaleen gurmaa’anii kaappitala horachuun tajaajila miseensota isaaniif kennuu qabaniin mirkaneessuunii fi hirmaannaa misooma keessatti qaban fooyyessuun murteessaadha. Tarsiimoowwan fi tootaawwan kaayyoon kun ittiin mirkanaa’u keessaa Waldaalee Hojii Gamtaa Bu’uuraa haaraa gurmeessuu, Qusannaa miseensaa walitti qabuun miseensotaaf liqii mijeessu fi gahoomsuun gabaa keessa galchuudha.

Haaluma kanaan, Bara 2012 waldaalee hojii gamtaa bu’uuraa haaraa gurmeessuu 20,453 irra ture kan waggoottan KIB laman keessatti waggaatti giddu-galeessan % 0.43 guddisuun hanga bara 2014tti waldaaleen hojii gamtaa bu’uuraa haaraa 680 ijaaruuf karoorfamee waldaaleen hojii gamtaa bu’uuraa 2289 (%100 ol) ijaaramanii hojiitti galanii jiru. Raawwiin ijaarsa waldaalee

hojii gamtaa bu'uura kan olka'u danda'eef kallattii mootummaan kaa'een waldaaleen bu'uuraa haara 1609 ta'an kunuunsa qabeenya naannoo irratti waan ijaaramaniif akka ta'e ragaa irra hubachuun danda'ameera. Waldaaleen haaraa ijaaraman kun jireenya isaaniis fooyyeeffachaa hongee fi jijjiirama qilleensaa xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa taasiisu jedhame abdatama. Yeroo amma kana akka naannoo Oromiyaatti uummanni miliyoona **10.7** ta'u WHG gosa adda addaa lakk. 22,078 ta'an keessatti gurmaa'uudhaan misooma gosa adda addaa keessa galanii jiru.

Tajaajila liqii ilaalchisee miseensota waldaalee hojii gamtaatiif liqii mijeessuu karoora hanga dhuma bara 2014itt qarshii bil.4.773 liqii kennuf karoorfamee waliigala waggoottan lamaan darbanitti liqii qarshii biiliyona 5.021 (% 100)ol kennuun danda'ame jira. Baay'inii qonnaan /horsiisee bultoota miseensa waldaa ta'anii liqii liqeeffatanii gara Invastimantii xixiqqaatti ce'an waliigala 819,482 ( dhiira 393,031 fi dubartii 426,451) ta'an jireenya isaanii fooyyeeffatanii carraa hojii uumuu dandaa'anii jiru.Miseensota gara invastimantii xixiqqaatti ce'an keessaa %52.39 ta'an dubartoota akka ta'an ragaalee argaman irraa hubachuun danda'ameera.

Kaappitaalli waldaalee hojii gamtaa bu'uuraa bara 2012tti qar.bil.7.032 irra ture waggoottan lamaan KIB 2013 fi 2014tti waggaa waggaadhaan giddu-galeessaan %11.02 guddisuun waliigaalaan qar.bil. 9.248 irraan gahuf karoorfamee hanga xumura bara 2014tti qar.bil. 10.228(%100 olitti) guddisuun danda'amee jira.Aadaan qusannoo fi liqii babal'achaa deemuun isaatiin miseensonni waldaa waan qusatan irraa liqeeffachuun hanqina maallaqaa isaan mudatu bu'aa bayiin baankii otoo isaan hin mudatiin akka salphaatti liqeeffatanii rakkoo isaanii furuu danda'anii jiru. Qar 676,001,878 ta'u miseensota waldaatiif bifa dividandiitiin qodame jira.

Gama biraatiin, bara ka'umsa KIB 2012tti Oomisha bunaa gabaa biyyaa alaatiif dhiyeessuu toonii 128,387 irra ture hanga xumura bara 2014 toonii 76,020 irraan gahuuf karoorfame keessaa toonii 14,319 (%19)qofti gabaa biyya alaatiif dhiyaate.Sababii guddaan raawwiin karooraa gadi ta'eef jijjiirama qilleensaa godinaalee buna oomishan mudateen oomishni hanga eegamee argamuu dhabuu fi rakkoo nageenyaa irraa kan ka'ee oomishni gahaan gabaatti dhiyaachuu dhabuu.

Oomishalee qonnaa gabaa biyya alaatti erguun Sharafa biyya alaa argamsiisuu xumura bara 2012 USD (bil) 0.31 irra ture bara 2013-2014tti USD (bil) 0.26 argamsiisuuf karoorfamee

waliigalaan USD (bil.) 0.083 (%32) qofti argameera.Sababii raawwiin sharafa biyya alaa gadiaanaa ta'eef oomishaalee gabaa biyya alaatti hanga barbaadame erguu dadhabuu fi qulqul'ina barbaadameen omishamuu dhabuu irraa akka ta'e gabaasa bara 2013 fi 2014 irra hubachuun danda'amee jira

### 3.1.4 Misooma Eegumsa Naannoo fi Dinagdee Magariisa

Eegumsaa,kunuunsaa fi itti fayyadama qabeenya naannoo itti fufiinsa qabu gaggeessuudhaan naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijataa taate uumuun faalama naannoo xiqqeesuun tarsiimoo diinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa danadamatu mirkaneessuu barbachisaa dha.Bu'uuruma kanaan bu'aa qabeesssummaa raawwii dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa dandamatu uumuu, hojii irra oolmaa seerota eegumsa naannooo mirkaneesuu,eegumsaa fi itti-fayyadama bosonaa fi bineensota bosonaa fooyyeessuu,iddoowwan qabeenya uumamaa eegaman guddisuu fi heddumina lubbu qabeeyyii haphatanii fi badiif saaxilaman deebisanii gabbisuun hojii ijoo fi murteessaa.

Biyya keenyatti misooma dinagdee magariisaa dhugoomsuuf sochii taasifamaa jiru milkessuuf hojiiwwan misoomaa karoorfaman keessatti tarsiimoon kun akka lafa qabatuu fi gadi lakkisa gaazii miiteenii ykn kaarboonii (Methane or Carbon emission) bifa xiqqeessuun danda'amuun hojiileen adda addaa ( itti fayyadama baayoogaazii, soolaarii, Midijaa fooyya'aa, loon sanyii fooyya`aa fi "verm compost") irratti hojii hojjetamaa turani dha.Bara ka'uumsa KIB 2012tti gadi lakkisa gaazota ho`aa Mt CO2e 23.06 irra ture bara 2013tti Mt CO2 equ. 4.25'n hir'isuuf karoorfamee Mt CO2 equ 4.38 fi bara 2014tti Mt CO2 equ 6.24 hir'isuuf karoorfamee Mt CO2 equ 7.30 hir'isuun danda'ame jira.

Gama biraatiin, qabeenya bosonaa adda baasuu iddoowwan ciccitaa dabalatee daangeessuu fi galmeessuun eeguu fi kunuunsuu hanga bara 2012tti hekt. 185,459 irra kan ture bara 2013tti hek.50,000 fi bara 2014tti hek.82,046 uwwisuuf karoorfamee dhuma bara 2013 fi 2014tti duraa duubaan hek. 133,726 (%267.4) fi hek.13,805 raawwateera.

Eegumsaa fi kunuunsa bineensota bosonaa fooyyeessuuf paarkiwwaan fi dawoo bineensota bosonaa qoratamanii adda bahan ilaalchiisee bara 2012tti 61 irra ture dhuma bara 2014tti 65 irraan gahuuf karoorfamee 64(75)irraan gahuun danda'ameera.

Teekinolojiin 3(‘Paampii soolaarii, "vermin compos"t fi briquette’) adda basuun akka babal'ataniif karoorfaman akkataadhuma karootaatiin %100 raawwatamee jira.

Hojiiwwan kunneeniinis itti-fayyadamummaa teekinoolojiin bu’aa qabeessuummaan raawwii diinadee magariisaa jijjiirama jilleensaa dandamatu hawaasa keessatti dabalaa jira.

Gara fuula duraatti mootummaan miidhaalee qabeenya bosonaa irratti qaqqabuu danda’u dursee xiinxaluun eegumsa barbaachisaa taasisuun gumaacha dameen tuuriizimii dinagdee naannoo keessatti qabu giddu galeessa godhachuudhaan paarkiwwaanii fi dawoowwan bineensota bosonaa eeguu, kununsuu fi faayidaa irra oolchuuf xiiyyeeffannoon irratti hojjechuun barbaachisaa dha.Xiyyeeffannaa damee turizimiitiif kenname bu’uureeffachuun bakkeewwan ikoo-turizimiidhaaf oluu danda’an adda baasuuf hojii hojjetamu keessatti mancaatii qabeenya umamaa irratti qaqqabaa jiraachuu hubachuu fi eegumsa gochuun barbaachisaa dha.

### 3.1.5 Bulchinsaa fi Itti faayadama Misooma Lafaa

Hojii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa naannichaa mirkaneessuudhaan guddina dinagdee naannichaa gara biyyoota galii giddu galeessaa qabaniitti ceesisuun fayyadamummaa uummataa dabaluu galma ijoo damee kanaati

Xuumura bara 2012tti hek. 449,153 (baadiyyaa hek. 420,570 fi magaalaatti hek. 28,583) lafa tajaajila adda addaatiif qophaa’ee ture, bara 2013-2014tti hek. 191,086 (baadiyyaa hek. 173,729 fi magaalaatti hek. 17,357) qopheessuuf karoorfamee hek.171,463.5 (%89.7) raawwachuun dandaa’amee jira.

Kun ammoo abbootiin qabeenyaa, waldaan IMX baadiyyaa fi magaalaa keessaatti lafa irratti hojjetaan argaataanii hojii dhaabeeyyiif caarraa hojii uumee jira, akkasumas magaalaa keessaatti namoota lafa mana jireenyaa hin qabnee rakkoo lafa mana jireenyaa hanga ta’e tokko furee jira. Ragaan akka ibsuutti hojiin qophii lafaa baadiyyaa sadarkaa gaariirra jiraachuu kan agaarsiisu yoo ta’u qophiin lafaa magaalaa sabaabiin magaaloonii baayyeen kaaffalti beenyaa lafaa kaaffaluun buu’ura misoomaa guutuu hin dandeenyeef hanga barbaadaame magaala keessaatti qopheessuu hin dandeenye. Abbootiin qabeenyaa invaastii taasisan gara naannoo keenyaa dufaan yeroo dha gara yerootti dabaala kan jiruf galiin naanichaa kan daabalee ta’usa,

waldaaleen IMX iddoo itti hojjeetaan waan argaatanii fi magaalaa keessaatti namoonii iddoo mana jireenyaa argaatan jiruu fi jireenyii isaanii fooyya’aa jirachuu eegaluu isaa.

Hanga xumura bara 2012tti lafa baadiyyaa safaruu fi galmeessuun waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa sadarkaa 2ffaa 4,023,712 kennamee tureen qonnaan bulaan lafa isaa akka wabiitti qabsiisuun dhaabbilee faayinaansii irraa qarshii 114,247,830 liqeeffachuu kan danda'e yoo ta’u, bara 2013-2014tti waraqaa ragaa abbaa qabbiyyummaa sadarkaa 2ffaa 3,486,019 kennuuf karoorfamee ragaan abbaa qabiyyummaa 1,970,987 %56.5 kennameen qonnaan bulaan lafa isaa qabsisee qarshii 320,415,788.96 liqeeffachuun namoonni 8,482 fayyaadamoo ta’anii jiru. Qarshii liqeeffate kana keessaa %74.3(qarshiin 238,072,018.65) deebi’ee jira.Abbaa qabiyyummaa argachuun,lafa isaa qabsiisee liqii fudhachuu akka danda'uuf haala mijeesseera.kanaanis qonnaan bulaan lafasaa misoomsaa jiraachuu, abbaa qabiyyuummaa lafa qonnaan bulaa mirkaaneessuunii fi lafasaa qabsisee liqii fudhaachuun ittiin hojjete gara abbaa qabeenyaatti ce’aa jiraachuun bu'aawwan gurguddoo qonnaan bulaan argachaa jiru dha.

Kenniinsa tajaajilaa lafa magaalaa fooyyeesuuf qabiyyee lafa magaalaa mirkaaneessuu fi galmeessuun gaheen isaa ol aanaa dha. Barreeffamni tokko tokko akka ibsutti galmeessi lafaa abbaa qabiiyyee biyyaa keenya keessaatti kan jalqabe bara 1902 magaalaa Finfiinneetti ta’uu isaa agaarsisa. Kanuma bu’uura godhaachuudhaan bara 2013-2014tti cittuu lafaa (parcel) 122,800 mirkaaneessuun galmeessuuf karoorfamee ciittuu lafaa (parsiilii) 81,874%67 mirkaneessuun galmeessuu dandaa’amee jira. Sababiin raawwiin gadi aanaa ta’eef mirgi abbaa qabiyyummaa ibsu gahaa ta’uu dhabuu fi lafni mirkanaa’ee galmaa’u istaandardii magaalaaf kennamuu gadii/ol ta’uu irraa kan ka’e murtee hoggansa adda addaa kan barbaadu waan ta’eefi dha.Abbaan qabiiyyee magaalaa qabiyyeesaa mirkaneeffate misoomsuuf fedhii waan qabuu fi ragaa lafa magaalaa haala ammaayyaan qabuun galii lafarraa argaamuu qabu seeraan akka sassaabuuf hojjetamaa waan jiruufi dha.

Bu’aa argamee: abbaan qabiyyee wabummaan qabiyye isaanii mirkaneefameef misoomsuu kan danda’aaniifii tajaajila kenname kana irraa ammoo magaallii galiin qr. 284,074,164 argamee jira.

Xumuraa bara 2012tti qabiyyee durii 176,748 fi ijaarsa seeraan alaa pilaaniin wal-simu 22,183 seera qaabeessa gochuun kan raawwatame yoo ta’u, bara 2013-2014tti qabiyyee durii 135,215

fi ijaarsa seeraan alaa pilaaniin wal-simaan 49,577 seera qabsisuuf karoorfamee qabiyyee durii 153,798(%114) fi ijaarsa seeraan alaa 49,183 (%99) seera qabsisuun danda'amee jira.

Hanqinaalee mul'atan Galma guddaa qabame keessaa tokko jiruu fi jireenya hawaasa magaalaa fooyyessuuf hojii qophii lafa mana jireenyaa jiraataa magaalaatii qophaa'ee gadii aanaa ta'uuf ijaarsa seeraan alaa babaalisa jiraachuusaa.

Ijaarsii seeraan alaa magaaloota keenyaa dursaanii akka hin babal'ane dhorkuu dhabuu fi erga ijaaramee boodaa tarkaanfii fudhaachuu dhabuun seeraan aluummaan magaala keessaatti baayyaachaa jiraachuu,kenniinsa tajaajilaa si'ataa fi rakkoo bulchinsa gaarii lafaan wali qaabatan furuuf hojiin galmeessuu fi mirkaaneessuun hojiin hojjetame gadi aanaa ta'usaa.

Kallaattii gara fuulduraa lafa tajaajiloota adda addatiif oolan mormiirraa bilisa ta'e qopheessuun guddinni invastimantii baadiyya fi magaalaa keessatti akka dabalu gochuu fi jiruuf jireenyi haawaasa foyyeessuuf , fedhiin lafaa sadarkaa magaalatti jiru fi hangi qophaa'e waan wali hin gitneef qindoominnii seekteroota hundaa kan barbaadu fi magaalota galii gahaa hin qabneef kaaffalti beenyaa fi bu'uura misoomaaf oolu magaaloonni galii gurguddaa deeggaruu akka danda'an taasisuu,

Baadiyyaa keessatti waraqaa ragaa abbaa qabiyyuummaa qonnaan bulaaf kennuun akkuma jirutti ta'ee, qonnaan bulaan lafasaa qabsiisee liqii gara abbaa qabeenyaatti akka ce'u dandaa'u qabiinsa faayinaansiirratti hubannoo gahaa kennuun deeggaramuu qaba.

Bulchiinsa lafa magaalaa fooyyeessuuf hojii mirkaaneessa fi galmeesa qabiyyee lafaa magaalaa sirnaan lafaa qabsiisuun galii magaalaa guddisuu fi abbaa qabeenyuumma mirkana'uu qaba,dabalataan magaalaa keessatti hojiin ragaa ammaayyeessuu fi teeknoolojiin fayyaadamuun tajaajila si'ataa fi ariifataa kennuuf akkuma gargaaru qabiyyee durii fi ijaarsa seeraan alaa pilaanin wal- siman seera qabeessa gochuun ammayyeessuu seeraan ala akka hin raawwatamne dhorkuurratti osoo hojjetamee gaarii dha.

### 3.2 Raawwii Misooma Industirii fi Ce'umsa Caasaa Dinagdee

Kaayyoon induustiriiwwan babal'isuu oomisha fi oomishtummaan indutiriiwwanii guddisuun ce'umsa caasaa dinagdee akka ariifachiisu, Ce'umsa teknoolojii fi beekmsaa uumuu, Carraa hojii uumuun hojii dhabdummaa hir'isuu, Oomisha alaa galu bakka buusuu fi galii Oomisha al-ergii guddisuun sharafa biyya alaa argamsiisuun gahee adda durummaa isaa akka taphatu taasisuudha.

Akka ragaan guddina dinagdee naannichaa (GDP) agarsiisutti gaheeen induustirii (oomisha Albuudaa, manfaakcheringii, Ibsaa fi ijaarsa) bara ka'umsaa (2012) tti %15.4 ture waggoottan lamaan KIB darbanii (2013-2014) keessa hundamtaan oomishaalee giddugaleessaan %18 irra gahuuf karoorfamee %15.3 sadarkaadhuma walfakkaataa irra jira. Kana jechuun ce'umsi caasaa dinagdee qonna irraa gara induustiriiitti taasifamu jiraatus harkifataa ta'uu ibsa.

Raawwii sochii ce'umsa dinagdee fiduuf baroota lamaan darban kana keessatti ture ilaaluuf milkaa'inaa fi hanqina induustirii manfaakcheringii (IMX dabalatee), Inveestimentii dhuunfaa fi inisheetiivota mootummaan irratti xiyyeeffate ilaaluun barbaachisaadha. Dhimmoonni hojiilee gurguddoo sadan kana keessatti Xiinxalamaan keessaa: hojiilee haal dureewwanii (potenshaala adda baasuu, hawwachuu, simachuu/ gurmeessuu, eyyama kennuu), deeggarsa taasisuu (liqaa, walitti hidhaminsa, iddoo) fi gahumsa madaaluu (carraa hojii uumuu, baayinaa fi qulqullinaan oomishuun gabaa keessa galuudha.

### 3.2.1.Misooma Interpiraayzoota Maakroo fi Xixiqqaa (IMX)

Gurmaa'insa Interpiraayzootaa waggoota lamaan kana keessa 246,550 gurmeessuuf karoorfamee 179,382(%73) raawwatee jira. Karoora waggoota shanii irraa %29.24 raawwateera. Raawwiin gurmaa'insa waggaa lamaa giddugaleessa ta'uusaa maniin waggaa shanii irraa raawwiin jiru gad-aanaadha.

#### 3.2.1.1. Dhiyeessii Paakeejii Deeggarsaa

Deeggarsa Mootummaadhaan waldaalee IMX tajaajila eksiteenshinii induustirii (TEI) guutuu kenname ilaalchisee waldaalee IMX haaraa 126,000 fi buleeyyii 159,610 deeggarsa TEI guutuu kennuuf karoorfamee ture 128,675 fi 183,163 duraa duubaan raawwateera. Sochoostota 890,306 (dh 516241 fi du 374,065) itti guddisuuf karoorfame 934,413 (dh 290,326 fi du 326,088) akka argatan ta'eera. Akkasumas, Kaappitaalli deeggarsa TEI kennameen horatame bara 2012tti qr 219.68 ture gara 280,019,453 guddisuuf karoorfame qr 367,175,015 irra gaheeera.

Deeggarsa dhiyeessii iddoo Oomishaa fi gurgurtaa Lafa magaalaa fi baadiyaa hek 84,181 dhiyeessuuf karoorfame lafa hek 97,619 dhiyaateera. Karoora waggaa shanii irraa %55 raawwatee jira. Deeggarsa Sheediiwwan haaraa ijaaramee fi dabarfamee kenname 5,008 magaalaatti, interpiraayzoota 5,008 sochooftota 22,534 tajaajiluuf karoorfame keessaa 5,050,

5,050 fi 26,155 walduraa duubaan raawwatee jira. Gama biraatiin Sheediiwwan seeraan ala qabamaniin turan 4,660 gadhiisisuun akka deebi’ee kennamu taasifamee jira. Akka ragaa kana irraa hubatamutti sababiin waldaaleen yeroo isaanii xumuratan sheedii marsaa itti aanuuf yeroon dabarsuu dadhabaniif waan sadan kanaaf ta’uu mala. Inni tokkoffaa sochooftonni jiran qophii gahaa fi deeggarsa dhabuun yeroo kennameef keessatti bu’a qabeessa ta’uu yoo hafan. Inni lammaffaa, faayidaa argatan karaa al-seerummaan itti fufsiisuuf kan raawwatame ta’a.

Kenna liqii deeggarsa faaynaansii Baadiyyaa fi Magaalaatti interpiraayzoota 112,000, sochooftota IMX 560,000 kennuuf karoorfame 25,187 fi 93,791 walduraa duuba yoo raawwatu Qr bil 7.0 kennuuf karoorfame keessaa Qr bil 4.83(%69) liqaan kennamee jira. Sababa raawwiin kenna liqii gad-aanaa ta’eef liqiin ala bule hanga deebi’uu qabu deebi’uu dhabuu fi ulaagaan kenna liqiin walitti qabachuu isaati. Liqii bilchaatee deebi’e deebisuuf Qr bil 3.46 karoorfame keessaa raawwiin Qr bil 3.096(%89.53) kan deebi’e yoo ta’e iyyuu, Liqii ala bule deebisuuf Qr bil 1.92 karoorfame keessaa Qr mil 666.36(34.70) qofaatu deebi’ee jira. Deebii liqii irratti dargaggoonni liqii kennameef ittin hojjetanii deebisuu irratti laafaa waan ta’eef hojiin qophaa’ummaa dargaggootaa mirkaneessuu leenjii fi marii ilaalcha jijjiiru irratti cimee hojjetamuu barbaachisa.

Gama deeggarsa walitti hidhaminsa gabaa fi promooshinii Magalaa fi Baadiyaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaan interpiraayzoota 380,606, Miseensota 2,640,750, Qr bil 23.1 akka argamsiisuuf karoorfame raawwiin 202,339 fi 1,483,675 walduraa duubaan kan raawwate ta’ee, hojii kanaan Qr. bil 29.6 argamee jira. Haata’u malee, kanneen keessaa carraa walitti hidhaminsa biyya alaa kanatti kan fayyadaman interpiraayzoota afur sochoostota 23(dh 5 fi du 18) qabantu hirmaatanii bu’aa qr 2,528,000 (USD 48,615.38) argamsiisuu danda’an. Sababiin hirmaannaan gabaa biyya alaa itti xiqqaateef keessaa humna kaappitaalaa dhabuu, rakkoo qulqullina oomisha, hanga barbaadamu baay’inaan oomishuu dhabuudha.

Hojiiwwan deeggarsa addaa addaa armaan olitti kennaammaa turan kanaan Interpiraayzoota moodela ta’an 6,665 adda baasuun kan danda’amee fi interpiraayzoota sadarkeeffamaniin qophaa’an 223,926 (97.54) akka ce’an ta’eera. Haata’u malee, baay’ina waldaalee gurmaa’ee jiru waliin yoo walbira qabnee madaallu baay’ee dadhabaadha. Interpiraayzoota hundeessuu qofti galma hin ta’u waan ta’eef waldaaleen IMX gurmaa’anii hojiitti seenan bu’a qabeeyyii akka

ta'an tarsiimoon deeggarsa IMXf ittiin kennamaa jiru waldaalee ce'an waliin yeroo madaalamu kana fooyyessuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa waan ta'eef tarsiimoon haaraa qorannoo irratti hundaa'ee qophaa'e akka hojiirra oolu taasisuun murteessaadha.

### 3.2.1.2.Inveestimentii Dhuunfaa

Misooma Inveestimentii naannoo keenyaa saffisaan guddisuuf pootenshaala naannoon keenya qabdu karaa gahumsa qabuun fayyadamuuf Lafa inveestimentiif oolu bal'inaa fi qulqullinaan qopheessuun hojii ijoodha. Haaluma kanaan, lafti hek. 76,698.89 (baadiyaatti hek. 69,203.20 fi Magaalatti hek 7,495.69) qopheessuuf karoorfame waliigala hek 71,413.85 (baadiyyaatti hek 70,143.02 fi Magaalaatti hek 1,270.83) Inveestimentiif qophaa'ee jira. Sababa raawwiin lafa magaalaa gad-aanaa ta'eef birokiraasii walxaxaa bulchiinsa lafaa keessa jiru, kaffaltii beenyaa gahaa dhabuu, al-seerummaan baballachaa deemuu, baballinni magaalotaa pilaanii eeganii deemuu dhabuu fi hattummaan baballachuudha.  Haata'u malee, hudhaaleen armaan olii kun otuma jiranii carraaqqii hoogganси taasisee fi tooftaawwan piromooshinii adda addaa gaggeeffamee fi carraa Inveestimentii bal'aa oromiyaan qabdutti fayyadamuun abbootiin qabeenyaa gosa inveestimentii adda addaa irratti akka hirmaatan gochuun danda'ameera.

Gama biraatiin, hayyama inveestimentii 3,090 haaromsuuf karoorfame keessaa 1,586(%51.3) raawwateen qr 511,200 (%82.7) qofatu argame.  Akkasumas, fedhii dhabuu abbootii qabeenyaa irraa kan ka'e jijjiirraa pirojeektoota 96 raawwateera. Raawwiin kun akka agarsiisutti bu'a qabeessummaa pirojeektoota Inveestimentii keenyaa waan ilaalamuu qabu fakkaata. Kanaafuu, dhimmoonni maaltu abbootii qabeenyaa akka fedhii dhaban taasise jedhu sirriitti adeemsa hordoffii fi deeggarsaa keessatti sakatta'amee adda bahee irratti hojjetamu barbaachisaa dha.

Gabatee 14: Ragaa pirojeektota Inveestimentii Oromiyaa eyyama argatanii fi Sadarkaa Raawwii isaanii hanga 2014

| Lak | Gosa Inveestimantii Seektaraan | safartuu | Sadarkaa raawwii Pirojeektota Inveestimentii hanga 2014 hayyama argatanii | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Oomisha Jalqaban | Ijaarsa Xumuran | Ijaarsa rra jiran | Hojii addaan kutan | Haal dureerra jiran | Hojii hin eegalle | w/g pirojeektota eyyama inv. qaban |
| 1 | Qonna | lakk | 1,590 | 16 | 96 | 134 | 3,169 | 467 | 5,472 |
| 2 | Agro-Induustirii | lakk | 1,494 | 125 | 198 | 94 | 1,328 | 461 | 3,700 |
| 3 | Manfaakcheringii | >> | 1,478 | 301 | 378 | 126 | 1,089 | 273 | 3,645 |
| 4 | Tajaajila | >> | 4,037 | 142 | 1,414 | 214 | 1,499 | 753 | 8,059 |
| | **Id`ama** | | **8,599** | **584** | **2,086** | **568** | **7,085** | **1,954** | **20,876** |

Madda ragaa: BIIO

Akka ragaan gabatee 7 ibsutti, Oromiyaa keessatti pirojeektonni Inveestimentii hanga bara 2014 hayyama argatan 20,876 (%26 qonnaa, %18 Agiroo induustirii, %17 manfaakcheringii, fi %39 Tajaajila) ta'ee sekterri qonnaa fi tajaajila irratti fedhiin Inveestimentii dabalaa jiraachuu agarsiisa. Haata'u malee, kanneen hayyama argatan keessaa pirojeektoonni oomisha/tajaajila eegalan 8,599 (%41) qofadha. Isaanis, sekteraan yeroo walbira qabnee madaallu %18 qonnaa, %17 Agiroo induusitrii, %17 manfaakcheringii fi %47 pirojeektoota tajaajilaa dha. Waggoota lamaan darban keessa Pirojeektoota inveestimentii Abaaboo, Kuduraa fi Muduraa fi oomishalee induustiriiwwan manfaakcheringii al-ergee irratti bobbaaniif deeggarsa adda addaa taasisuun oomisha isaanii metirik toonii 175,363 gabaa biyya alaatiif dhiyeessuun galii doolaara Amerikaa mil 608.85 argamsiisuuf karoorfame oomisha toonii 144,263(%82) dhiyeessuun galii sharafa biyya alaa doolaara mil 512.33(%84) argamsiisuun danda'ameera.

Gama biraatiin, ragaan Pirojeektoota ijaarsi issanii yeroo ammaa xumurame jedhamu %2.8, kan ijaarsarra jiru %10, fi sadarkaa haala duree irra jiramu 7,085 (%34) dha. Kanneen sadarkaa haala duree keessa jiran keessaa %45 qonnaa irratti ta'uu agarsiisa. Kunis, waggoota sadan darbanii asitti qonnaan bultoota gara Inveestimentiitti ceesisuu irratti mootummaan haaxiyyeeffatu iyyu malee, deeggarsa barbaachisu guutuun saffisaan gara hojiitti galchuun arkifataa ta'uu agarsiisa. Akkasumas, pirojeektota 1,954 (%9) hojii hin eegaliin fi pirojeektoota 568 (%2.7) hojii adda kutanii jiru. Akka gabaasni BIIO waggaa lamaa ibsutti, inveesteroota naannoo keenya keessatti hojii inveestimentii adda addaa irratti bobba'aniif yeroo adda addaa deeggarsi taasifameefii hojii keessa galuu didan waliigalteen isaanii akka adda citu kan murtaa'e irraa lafti hek. 7,621.14 ta'u gara baankii lafaatti deebi'uu agarsiisa.

Walumaagalatti, pirojeektoota Inveestimentii Oromiyaan hanga ammaatti hawwattee fi hayyama hojii kennameef bal'inaa fi pootenshaala qabnu waliin yeroo madaalamu xiqqaa ta'uu fi kanneen hayyama fudhatan illee kan sektera qonnaa fi tajaajila irratti xiyyeeffate ta'uu biratti haala barbaadameen hojii keessa galaa akka hin jirre agarsiisa. Sababiin hojii keessa galuu dhabanii ragaan keenya qulqulleessuu baatellee, kanneen armaan gadii oogummaa fi haala qabatamaa jiruun tilmaamuun ni danda'ama. Isaanis, raawwii simannaa keessatti akkaataa hojmaata jiruun qophaa'ummaa (gahumsa, dandeettii kaappitaalaa fi bu'aa qabeessummaa abbooti qabeenyaa oogummaa bilisummaa qabuun xiinxaluun mirkaneessuu dhabuun hojii keessatti seenuuf hanqinni qophaa'ummaa mudachuu, lafa Inveestimentiif qophaa'e jedhame qulqullinaan dhimma

ooluufii qabu adda baasanii dabarsuu dhabuu, hojmaata hayyama boodatti jiru abbootii qabeenyaa gara hojiitti seensisuuf deeggarsaa fi hordoffii gahaa kennuurratti xiyyeeffachuu dhiisuu, haala qabatamaa yeroo irraa kan ka’e (rakkoo qaala’insa jireenyaa, ol-ka’insa gatii meeshaalee ijaarsaa, sharafa biyya alaa dhabamuu fi kkf) abbootiin qabeenyaa fedhii dhabuu. Hojmaanni cabee hidhata addaa addaan hayyama inveestimentii fudhatan daldaala hannaa adda addaaf oolchuuf ta’e jedhanii fudhachuu, gahumsi hordoffii fi deeggarsi pirojeektota Inveestimentiif kennamaa jiru karaa waliigaltee galame mirkaneessuu fi murtoo kennisiisuun raawwachuu dhiisuu fi karaa lafa ittiin fudhatan hojmaata badaa seera qabeessa fakkaataa.

Hudhaalee kanneen kun abbootii qabeenyaa duubatti kan deebisu waan ta’eef sirni simannaa fi murteen itti kennamu irra deebiin ilaalamu akka qabu agarsiisa. Haaluma kanaan wirtuu tajaajila iddoo tokkoo (**WTIT)** jajjabeessuu fi hammayyeessuu, hojmaata alseerummaaf saaxilu dhiphisuu fi kan dandeettii fi gahumsa qaama lameenii cimsu diriirsuun barbaachisaadha.

Akkasumas, Oromiyaan akkuma qabeenya uumamaan badhaatee fi carraa guddinaa qabduun tarsiimoo (regional or Place marketing strategy) qopheessuun pilaanii kilaasteraa itti fayyadamuun idoon tokko isa biroof galtee yookiin gabaa akka ta’uun qindeessanii tarsiimoon hogganuuf inisheetiivota induustirii paarkii fi zoonii dinagdee hundeessuu eegale bu’a qabeessa taasisuun inveestimentii sektera agroo piroosesiingii fi manfaakcheringii akka guddatu taasisuun murteessaadha.

### 3.2.1.3.Inisheetiiviiwwan Ce’umsa Dinagdee

Guddina dinagdee gama induustiriidhaan jiru milkeessuuf tarsiimoo Induustirii sadarkaa guddina keenyaa gituu fi dorgomaa taasisu babal’isuun barbaachisaadha. Bu’uuruma kanaan mootummaan naannoo oromiyaa induustiriiwwanii fi zoonii dinagdee milkeessuu danda’an kilaastera adda addaatti qoodee bara 2010 irraa eegalee hojiitti galee jira. Tarkaanfileen haaraa kunis hanqinaalee bu’uuraalee misoomaa fi iddoo hojii simannaa abbootii qabeenyaa irratti mul’ate hiikuun milkaa’ina ce’umsa dinagdee milkeessuuf tarsiimoo yookiin insheetiiviiwwan Induustirii paarkii (IP), Induustirii paarkii IPQQ, Zoonii Induustirii kilaasteraan qindeessuu fi gurmeessuun walitti hidhaminsi akka uumamuuf hojjetaa jira.

Hojiileen inisheetiivota kanaa tarsiimoo induustiriiwwan naannoo hojii mijataa ta'an bu'uuraalee misoomaa induustiriif murteessaa ta'an (bishaan, humna ibsaa, tajaajila geejjiba, bilbila, ICT fi kkf), nageenya amansiisaa qabu, humna namaa oogummaa fi dandeetti qabu tursiisuu danda'u, walitti hidhaminsa qabanii fi galteewwan induustirii salphaatti argamsiisuu fi argachuu danda'aniin ijaarsisaa jira. Isaan keessaa zooniin dinagdee addaa Gadaa (ZDAG) fi paarkiiwwan induustirii isaan tokkodha.

**A) Inisheetiivii Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa (ZDAG)**

Bara baajeta 2013-2014 zooniin dinagdee addaa Gadaa (ZDAG) akkaataa dizaaynii taa'een marsaa duraa (Start-up phase) irratti lafa hek 3150 ta'u waggaa shan (5) keessatti misoomsuuf karoorfameen marsaa duraatiif lafa hek.300 kan abbootti warraa 160 kaffaltii beenyaa raawwachuuf karoorfatee lafa hek.192 (64%) irratti abbaa warraa 165 (103%) ta'aniif kaffalamee qophii ta'ee jira. Ijaarsa boolla gadi fagoo %98 irra gaheeen ala raawwiin ijaarsa bu'uuraalee misoommaa biroo jalqabbiira kan jiruu dha. Sababnisaa, adeemsi fudhannaa lafaa walxaxaa waan ta'eef akkasumas qorannoo fi dizaayniin yeroodhaan xumuramuu dhabuutiin raawwiin isaa dadhaabaa fi harkifaataa dha.

**B) Inisheetiivii Misooma Paarkii Induustiriiwwanii (MPI)**

MPI kilaastera sadiitti kan qoodame yoo ta'u isaaniis baha oromiyaatti paarkii induustirii qonna qindaawaa Bulbulaa (PIQQB) , lixa Oromiyaatti PIQQ Naqamtee fi giddugala naannootti Giddu Gala Gabaa Burrayyuu(GGB) jedhamaniin KMPIO ittii kan hoogganamanidha. Bu'uuruma kanaan ijaarsi PIQQ Bulbulaa bara 2010 eegalame bara 2012 %85 irra gahee ture waggoottan lamaan kanatti hojiin ijaarsi isaa hafe %15 guutummaatti (%100) xumuramee hojiin opireeshinii calqabamee jira. Paarkichi GCB 6 (jahaa) giddugaloota ce'umsa baadiyyaa (Shaashamannee, Baalee-Robee, Maqii, Dodolaa, walanciitii fi Itayyaa) bara 2012 raawwiin ijaarsa isaanii % 90, %39.37, %43.22, %4.35, %7.38 fi %1.61 walduraa duubaan ture waggoottan lamaan kanatti xumuramaniin hojii eegaluuf qophii ta'anii jiru.

PIQQ Naqamtee waggoottan lamaan kanatti ijaarsi isaa %60 raawwachuuf karoorfamee %11.5 kan raawwatamee fi bara kana karoorri %100 xumuruuf karoorfamee ture irraa %11.5 qofa yoo ta'u raawwiin isaa baayyee gad-bu'aa dha. Akkasumas GCB 4(afur) PIQQ Naqamtee jala jiru

bara 2013-2014 %50 raawwachuuf karoorfamee osoo hin raawwatamiin hafee jira. Kanaafis rakkoon dhiyeessii yeroo barbaadametti kontiraaktericha galchuu dhabuun akka sababaatti kan kaa'ame dha.

Bara 2013-2014 PIQQ Bulbulaatti abbootii qabeenyaa 6 (ja'a) simachuun sheediiwwan induustirii 3(sadii) fi lafti misoome hek 9.3 dabarfamee kennamee jira. Harkifannaa deeggarsa Baankii Misooma Itoophiyaa, LC banachuu dadhabuu, bu`uura misooma ibsaa fi bishan dhiyeessuu dhabuu fi dhibee COVD-19 abbootiin qabeenyaa akka hojii hin jalqabneef hudhalee ijoo kan turanidha.

Walumaagalatti MPI akkataa karoora qabameen yeroo ilaalamu yeroo ammaa PIQQ Bulbulaa xumuramee hojii kan jalqabe yoo ta'u GCB jala kan jiran 6 ijaarsi isaanii xumuramee tajaajilaaf qophii kan ta'an yoo ta'u PIQQ Naqamtee garuu ijaarsi isaa sadarkaa jalqabbii (%11.5) irra kan jiru ta'ee, sadarkaa amma irra jiruun galmaa fi kayyoo karoorfameef milkeessuu hin dada'u. GGB ilaalchisee jalqabumaa MPI jala osoo hin galiin hojii keessa kan jiru yoo ta'u waggoottan lamaan kanatti hojiin rifoormi qorannoon kan gaggeeffamaa jiruu fi hojiin karaa lolaan yaa'u % 100 kan rawwatee fi hojiin suphaa karaa %50 ni raawwata jedhamee karoorfamee osoo hin hojjetamiin hafee jira. Kaffaltii kiraa sheedii fi liizii lafa misoomee PIQQ Bulbulaa, kiraa kilaasteroota induustirii manfaakcheringii fi kiraa mana kuusaa, barandaa fi lafaa Giddugala Gabaa Burraayyuu fi kan biroo irraa galii Qr.98,291,909.00 sasaabuuf karoorfatee Qr. 93,679,997.00 (%95) sassaabamee jira.

### 3.2.1.4.Carraa Hojii Uumame

Pootenshaala carraa hojii qoratamee adda bahe sekterootaan: sektera Qonnaa, Beeladaa, Albuudaa, Manfaakcheringii, Konistiraakshinii, Daldalaa fi Tajaajilarratti haala qabatamaa godinaalee fi magaalota keenyaa hojiin adda baasuu hojjetamee jira. Haaluma kanaan waggoota lamaan kana keessa hojii maleeyyii akka oromiyaatti %18 irra ture gara 16.5 xiqqeessuuf magaala keessatti carraa hojii dhaabbii 868,093 fi kan Yeroo 334,417 yoo ta'u waliigala 1,202,510 kan uumame si'a ta'u, Baadiyyaa keessatti dhaabbii 1,317,289 fi kan Yeroo 375,045 ta'ee waliigala 1,692,334 uumamee jira.

Walumaagalatti, carraa hojii dhaabbii fi yerootiin waggoottan lamaan kana keessa magaalotaa fi baadiyyaatti 2,894,844 uumameera. Haata'u malee, sababa godaansi adda addaa gara oromiyaatti taasifamu yeroodhaa gara yerootti dabalaa adeemuusaa, rakkoo nageenyaan iddoo jireenya baadiyyaa gadi dhiisee magaalaatti kan godaanu hedduu dabaluu, namoonni uumuriin isaanii wagga waggaan hojiif gahaa jiran kan yaadameen ol-dabaluu fi pirojeektonni Inveestimentii dhuunfaa fi mootummaa akkaataa yaadameen babal'achuu fi hojiitti galuu dhabuun dhimmoota akka sababaatti eeramuu danda'anidha.

### 3.2.1.5. Rakkoolee:

- Fedhiin abbootii qabeenyaa naannoo magaalaatti baay'achuun hanqina lafa inveestimentii naannoo magaalatti akka uumamu kan taasisee fi birokiraasii hin malleef kan saaxile ta'uu,
- Ijaarsi ZDA gadaa kaappitaala guddaa fi humna namaa ZDA irratti hubannoo gahaa qabu dhabuu, Imaammanni akka biyyaatti jiru inveesteroota harkisuuf rakkoo ta'uu,
- Fedhiin abbootii qabeenyaa baay'inaan *inveestimentii tajaajilaa* irratti waan ta'eef carraa hojii baayyee uumuu, sharafa biyya alaa argamsiisuu fi teknoolojii dabarsuu irratti gaheeen qabu baayyee laafaa ta'uun barattoota dhabbilee barnoota ol-aanoo irraa bahan dabalaa dhufe simachuu dadhabuu,
- Rakkoo hanqina sharfa biyyaa alaa irraa kan ka'e pirojeektoonni xumuraman dafanii yeroodhaan hojii jalqabuu dhabuu (Fkn, bu'uraalee misoomaa bishaan fi ibsaa),
- Walitti hidhaminsa gabaa biyya keessaa gaarii ta'us sababa interpiraayzoonni humna dhabuu ykn hanqina kaappitaalaa, rakkoo qulqullina oomishaa, haga barbaadamu baay'inaan oomishamuu dhabuu gabaa biyya alaa keessatti kan hirmaatan dhaabbata Afur qofa waan ta'eef sharafa biyya alaa argamsiisuu malu otoo hin argamsiisiin hafee jira.

### 3.2.1.6. Kallattii gara fuulduraa

Rakkoon pootenshaala lafa inveestimentii hiikuuf lafa inveestimentiif ooluu danda'u qorannoodhaan adda baasuu fi stookii lafaatti (baankii lafaatti galchuun) WTIT qoratamee humna guutuun hojiitti galchuun kenna tajaajilaa saffisiisuun, komiis hambisuun galii guddisuu. Hojiin promooshinii qindoominaan sadarkaa isaa kan eeggate abbootii qabeenyaa biyya keesaa fi biyya alaa madaalu bal'inaan hojjechuu; Rakkoo hanqina baajeta ijaarsa ZDAG hamma tokko salphisuuf akkaataa ijaarsisaa "outsource" gochuun abbootiin qabeenyaa biyya keessaa fi biyya

alaa waldaadhaan, dhuunfaadhaan akkasumas dhaabbataan galanii akka hojjetan sirna diriirsuun affeeruu.

Sirna hordoffii fi deegarsaa hammayyeesuuf teknoolojiidhaan deeggaramuun bu'a qabeessummaa inveestimentii dabaluu, Aadaa hojii irratti jijjiirama amalaa akka naannootti fiduun dargaggoonni hojii argame otoo hin tuffatiin keessattuu induustirii godoo irratti dhuunfaadhaan ykn gurmiin akka hojjetaniif leenjii hubannoo fi "entrepreneourship" daran cimsuun akka kennamu gochuu; Abbootiin qabeenyaa induustiriiwwan inveestimentii oomisharratti sona dabaluun gabaa biyya keessaa fi alaatiif dhiyeessan baay'inaan simachuu; Oommishaa fi Oomishtummaa qonnaa dabaluuf Induustiriiwwan mashinootaa fi galteewwan qonnaa oomishan deeggarsa adda ta'e (fkn. inisheetiivotaan, qaraxa irraa bilisa gochuu, taaksii irraa yeroof bilisa gochuu kkf,) kennuun naannoo keessatti babal'isuu dha.

Induustiriiwwan bu'aa isaan irraa eegamu (carraa hojii, sharafa biyya alaa, gabaa biyya keessaa tasgabbeessuu kkf,) akka argamsiisaan bu'uuraalee misoomaa humna guutuu fi itti fufinsa qaban dhiyeessuu; nageenya naanoo amansiisaa taasisuun, humna namaa gahumsa, danddeettii fi oogummaa induustiriif barbaachisu horachuu; Hojii induustiriiwwan kilaasteraan qindeessuu fi ijaaruu jalqabame daran cimsuun facaatii induustirii fooyyeesuun guddinaa fi misooma walmadaaluu godinaalee fi magaalota gidduutti uumuu dha.

### 3.3 . Raawwii Misooma Magaalaa

Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa Magaalota Naannoo Oromiyaa hammayyeessuu fi misooma saffisiisuudhaan jiruu fi jireenya uummataa fooyyeesuudha.

### 3.3.1.Raawwii Bu'uuraalee Misooma Magaalaa

Baay'ina uummata magaalaa dabalaa jiruun wal-qabatee fedhiin bu'uuraalee misoomaa magaalaa guddachaa jira. Gaaffii jiraattota magaalaaf deebii kennuuf jecha ijaarsi bu'uuraalee misoomaa hirmaannaa hawaasa magaalaa, Mootummaa fi dhaabbilee misoomaa adda addaatiin gaggeeffamaa jira. Haaluma kanaan raawwii waggoottan lamaanii bu'uraalee misooma magaala keessaa kanneen gurguddoo ta'an gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

**Gabatee 15: Raawwii karoora bu'uuraalee misooma magaala (2013-2014)**

| Lak | Agarsiiftuwwan | Safa | Bara 2012 | Manii | | Raawwii hanga 2014 | Raawwii hanga 2014 %n | Karoora waggaa 5 irraa | Raawwii (%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | 2013 | 2014 | | | | |
| 1 | Daandii keessa keessaa haaraa saaquu | Km | 16,156 | 18034 | 19912 | 3307 | 16.61 | 25,545 | 12.95 |
| 2 | Daandii Asfaaltii | Km | 109 | 114 | 119 | 15 | 12.61 | 134.5 | 11.15 |
| 3 | Daandii Cirrachaa | Km | 13,441 | 14972 | 16503 | 2389 | 14.48 | 21,097 | 11.32 |
| 4 | Daandii koobilistoonii | Km | 1774 | 2012 | 2251 | 462 | 20.52 | 2,966 | 15.57 |
| 5 | Suphaa daandii cirrachaa | Km | 11497 | 12772 | 14047 | 2683 | 19.10 | 17,870 | 15.01 |
| 6 | Suphaa daandii asfaaltii | Km | 34 | 36 | 38 | 28 | 73.68 | 42.5 | 65.88 |
| 7 | Bo'oo lolaa (ditch) | Km | 5692 | 6273 | 6854 | 1074 | 15.67 | 8,597 | 12.49 |
| 8 | Riqicha (culvert) ijaaruu | Lak. | 5217 | 5900 | 6584 | 1329 | 20.19 | 8,631 | 15.40 |
| 9 | Sarara ibsaa diriirsuu | Km | 7957 | 390 | 1,012 | 1302 | 100 | 11,068 | 11.76 |
| 10 | Sarara bishaanii diriirsuu | Km | 8085 | 442 | 505 | 1100 | 100 ol | 11,654 | 9.44 |
| 11 | Iddoo oolmaa dargaggoo ijaaruu | Lakk | 357 | 43 | 30 | 44 | 100 | 577 | 7.63 |
| 12 | Boonoo bishaanii diriirsuu | Lak | 1333 | 1691 | 2049 | 457 | 22.30 | 3124 | 14.63 |

Karoorri Bu'uuraalee misooma magaalaa jalqaba KIB bara 2013 fi gahumsi bara 2017 garaagarummaan akka jiru hubachuun danda'ameera. Kun akkuma jirutti ta'ee, raawwiin bu'uuraalee misoomaa karoora waggaa shanii Naannoon qabatee jiru waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu gad-aanaadha. Kanneen ijaaramanis rakkoo qulqullinaa, haqa qabeessummaa, sirni bulchiinsisaa laafaa ta'uu, bu'uuraalee misoomaa yeroo isaan sababa adda addaatiin miidhaman yeroodhaan suphuu dadhabuu, sirni bulchiinsa isaa dadhabaa ta'uu hubachuun ni danda'ama. Raawwiin bu'uuraalee misoomaa kanneen akka ijaarsa qeeraa, ittisa balaa abiddaa raawwachuuf karoorfame xiyyeefannoon waan hin kennamneef haala karoorfameen raawwachuun hin danda'amne. Kanaaf, fedhii hawaasa magaalaa guutuuf hirmaannaa hawaasaa misooma keessatti daran dabaluu, sirna bulchiinsa bu'uuraalee misoomaa diriirsuu iftoomina uumuu, qulqullinaa fi haqa qabeessummaa mirkaneessuun hojjetamuu qaba. Gama birootiinis, dhaabbilee kanneen akka UIDP fi qooda fudhattoota addaa addaa fi abbootii qabeenyaa hirmaachisuun hojjechuun murteessaadha.

1) **Hirmaannaa Uummataa misooma magaalaa keessatti**

Jiraataan magaalaa hojiiwwan misoomaa gaggeefamaa jiru keessatti qooda inni fudhachaa jiru bakka ol-aanaa qaba. Haaluma kanaan, hanga bara 2014 hirmaannaan hawaasaa gama hundaan misooma irratti hirmaate maallaqqaan yoo tilmaamamu Qr bil. 2.9 irra gahuuf karoorfamee Qr bil.5.5 raawwachuun danda'amee jira. Haata'u malee, fedhii hawaasaa fi rakkoo bu'uuraalee misoomaa walbira qabamee yeroo ilaalamu gahaadha jechuun hindanda'amu. Rakkoon gama kanaan mul'atu rincica hamaan kan jiru ta'uu, hirmaannaa karooraan kan hoogganamu osoo hintaane haalarratti kan hundaa'e ta'uu, hojiiwwan hirmaannaa hawaasaan hojjetama iftoomina dhabuu yommuu ta'u karoora itti aanu keessatti, hirmaannaa hawaasaa karooraan hogganuu, iftoomina uumuu fi uummataaf amanamaa ta'uun hojjetamuu qaba.

2) **Magaalomsuu**

Magaalomsuun adeemsa baadiyyaan misooma dinagdee fi induustiriitiin misoomuu fi magaala ta'uudha. Kunis baay'inni uummataa fi magaalaa akka dabalu taasisa. Haaluma kanaan, bara 2013 fi 2014 Giddugala Ganda Baadiyaa (GGB) amala magaalummaa qaban 39 qorannoo gaggeessuun qaama seerummaa magaalummaa kennuuf karoorfame 32 (% 82), kan raawwatame yommuu ta'u, raawwiin kun karoora waggaa shanii keessaa % 29 irraa gaheee jira. Karoora kana hanga barbaadame raawwachuu dadhabuuf sababa kan ta'u, hunda bira gahanii qabatamummaa ragaa hawaas-dinagdee isaanii sakkatta'uun yaada murtii dhiyeessuu dadhabuudha.

Guddina sadarkaa magaalota 25 hanga 2014 raawwachuuf karoorfamee ture keessaa 46 (%100 ) olitti kan raawwate yommuu ta'u, karoora waggaa shanii irraa %66 raawwatee jira.Magaalonni 26 qoratamanii turan murtii osoo hin argatiin bara 2014 keessa murtiin waan kennameef milkaa'ina kanaaf sababa ta'eera. Kun akkuma jirutti ta'ee, magaalonni tokko tokko sadarkaa guddinaa gaafachaa waan jiraniif kanneen hafaniifis qorannoo irratti hundaa'e deebii gahaa kennuuf hojjetamuu qaba.

3) **Walitti hidhaminsa Magaalaa fi Baadiyaa**

Magaalaa fi baadiyaan akkasumas dhaabbileen kanneen akka yuunversiitiiwwanii, induustirii fi kkf walitti hidhuun misooma fufinsa qabu mirkaneessuuf hojjetamuu qaba. Haaluma kanaan, magaala irraa Meeshaalee (Goods), Tajaajila(services), Yaada (ideas) carraa hojii, teknoolojii

baadiyaa irraa Oomisha qonnaa, meeshaa dheedhii (raw materials) fi kkf walitti hidhaminsi kan raawwatamu ta’a. Haaluma kanaan, hanga bara 2014 walitti hidhaminsa magaalota 806 fi baadiyaa 1,491 fi magaalaa fi magaala 795 raawwatee jira.

Hata’u malee raawwii waggoottan lamaan darbanii yeroo ilaalamu magaalonni haaluma baratameen fedhii qaama adda addaa waliin qabaniin kan ofuma isaaniin walitti hidhamaa jiran waan ta’eef hojiin hojjetame gahaadha jechuun nama dhiba. Kanaaf, walitti hidhaminsa magaalaa fi qaamota addaa raawwachuuf eenyuu fi eenyuu, maaliin walitti hidhamuu akka qaban karooraan irratti hojjetamuu qaba.

4) **Qulqullinaa fi Misooma Magariisuu Magaalotaa**

Galmoota SDG keessaa inni tokko magaalota qulqullina qabu, jiruu fi jireenya dhala namaaf mijataa taasisuun hojjechuun isa tokko yommuu ta’u, naannoo keenya keessattis waggoottan lamaan darban keessatti balfa jajjabaa magaalotaa 2013 fi 2014, $m^3$7,670,991 magaalota keessaa akka sassaabamuuf karoorfame keessaa $m^3$ 8,512,250 (%100) olitti raawwatamee jira. Haata’u malee raawwiin kun akkuma jirutti ta’ee, haala qabatamaa magaalota keenyaa waliin yeroo ilaalamu galma SDG bira gahuuf hojiin hojjetamaa jiru gaariidha jechuu hindanda’amu.Sababni isaas magaalonni baayyeen balfa gogaan hudhamanii jiru waan ta’eef.

Baay’inni jiraattotaa magaalaa dabalaa yommuu deemu hammi balfa gogaa ni dabala. Balfi sirnaan hinqabamu taanaan dhiibbaa inni naannoo fi fayyaa jiraattota magaalaa irratti qabu ol-aanaadha. Bulchiinsi magaalaas labsii qabiinsa balfa gogaa Federaalaa 513/2007 fi labsii 177/2005 to’annaa faalama naannoo mootummaa naannoo oromiyaa murteessu bu’uureefachuun bulchiinsi magaalaa sirna qabiinsa balfaa qindaa’aa diriirsuu barbaachisaadha. Haaluma kanaan, maddi balfa gogaa mana jireenyaa fi dhaabbata addaa addaa akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Rakkoo balfa magaala keessaatiif hooggansi sadarkaan jiru xiyyeeffannoo itti kennaa akka hin jirre hubachuun ni danda’ama.

Haaluma kanaan, bulchiinsi magaalaa karoora balfa ittiin dhabamsiisuu danda’u kan hiqabnee fi hubannoon hawaasaas gahaa akka hintaane hubatameera. Kanaaf, karoora itti aanutti hubannoo hawaasaa guddisu cimsuun, balfa mana jireenyaa keessaa oomishaman jiraattonnii magaalaa mana isaa biratti akka walitti qabu ta’ee, kanneen irra deebi’ame fayyadamuu danda’anii fi

kanneen dhabamsiisamuu qaban adda akka baasan gochuun hojjetamuu qaba. Akkasumas bulchiinsi magaalaa labsii lakk.177/2005 irratti akkuma ibsutti bakka tursiisa balfaaf kan oolu meeshaalee dhimma kanaaf barbaachisu kanneen akka Gaandaa akkaataa hawaasatti dhiyaatuun mijeessuu qaba. Haaluma kanaan bulchiinsi magaalaa namoota balfa kana kaasuu danda'an gurmeessuun balfa mana jireenyaatti walitti qabame gara tursiisa balfaa (gandaatti)akka sassaaban ni taasisa. Balfa tursiisa balfaatti sassaabamee jiru bulchiinsi magaalaa hoji barbaaddota irratti gurmeessuun osoo achis turee hawaasaa fi naannoo hin faaliin yeroon gara bakka dhabamsiisa balfaa magaalichatti akka geejjibamu ta'uu qaba.

Akkasumas, Qonna magaalaa waliin walitti hidhuun kompoostii irraa hojjechuun xaa'oo kuduraa fi muduraa akka ta'uu danda'uuf hubannoo uumuun hojjechuu,warshaa balfa gogaa gara kompoostii ykn xaa'ootti jijjiiruu danda'u iddoo giddugaleessa filatamaa tokkotti hundeessuun magaalota irraa  balfa argamu akka galteetti akka fayyadamuu danda'uuf hojjechuu,Gama birootiinis akka naannootti balfi gogaan madda anniisaa ta'uu waandanda'uuf qorannoo irratti hundaa'ee giddugala balfa gara anniisaatti jijjiiruu danda'u hundeessuun balfi rakkoo qofaa osoo hintaane carraa hojii uumuu akka danda'uuf irratti hojjechuun barbaachisaadha.Gama birootiin,bakka gatinsa balfa gogaa ammaayyaa'aa ta'ee kan balfa adda baasuu danda'u magaalota Jimmaa, Bishooftuu fi Shaashamannee) keessatti jalqabamee jiru babal'isuu fi ciminaan hojjechuun murteessaadha.

5) **Balfa gogaa dhaabbilee adda addaa irraa ba'an**

Labsiin 177/2005 labsii to'annoo faalama naannoo mootummaa naannoo oromiyaa murteessuuf bahe bu'uura godhachuun dhaabbileen kamuu sirna balfa gogaa itti qabachuu danda'u diriirsuu qaba. Bu'uruma kanaan, balfa gogaa dhaabbaticha keessatti oomishaman adda baasuun qabachuun bakka balfa magaalichaa itti dhabamsiifamutti saassaabuu qaba. Hojiin kun raawwatamuu isaa abbaan taayitaa eegumsa naannoo magaalichaan hordofamee itti gaafatamummaan mirkanaa'uu qaba.

6) **Balfa dhangala'oo**

Maddi balfa dhangala'oo keessaa manni jireenyaa isa tokkoodha. Bulchiinsi magaalaa karoora balfi dhangala'aan itti walitti qabamuu danda'u haala jiraataa magaalaa hirmaachisuun qopheessuun irratti hojjechuu qaba. Akkasumas, jiraataan magaalaa osoo mana ijaaruu hin

eegaliin dursee ‘septic tank’ bakka balfi dhangala’aan itti walitti qabamu qopheeffachuusaa mirkaneefachuu qaba. Jiraataan magaalaas balfa sadarkaa mana jireenyaatti walitti qabame kaasuun dafanii bakka balfi dhangala’aan walitti qabamutti geessuu qaba. Tajaajila kana akka kennaniif bulchiinsi magaalaa namoota gurmeessuu qaba.

Dhaabbileen adda addaa dhangala’oo dhaabbata isaanii irraa bahuu haala qabinsa isaa irratti karoora qabaachuu qabu. Haaluma kanaan dhaabbata isaanii keessatti bakka itti balfa dhangala’aa kuusan qabaachuu kan qabanii fi bakka giddugaleessa magaalli balfa dhangala’aa itti dhabamsiisutti geejjibsiisuu qabu. Hojiin kun yeroo hojjetamu bulchiinsi magaalaa fi abbaan taayitaa to’annoo eegumsa naannoo hordofuu qabu.

Hanga bara 2014 iddoon magariisuu magaalaa hek.2,113 addaan baasuun ragaa abbaa qabeenyummaa kennuu fi qabaachuu karoorfame hek.1,823 (%86.3) raawwatee jira. Istaandaardii dhaabbii biqiltuu magaalaa (%50 miidhaginaaf, %40 Nyaataaf, %10 bosonaaf) giddu galeessa godhatee hojii hojjetamaa tureen, waggoottan lamaan darbanitti 200,000,000 dhaabuuf karoorfame 135,305,334 (67.7) karoora waggaa shanii irraa %21.1 raawwachuun danda’ameera. Raawwiin kun istaandaardii ka’ame giddugaleessa kan godhate osoo hintaane biqiltuu dhaabuu qofaaf dhaabamaa kan turee fi innumtuu hanga karoorfame raawwachuu hin danda’amne. Kanaaf akka sababaatti kan ibsamu qophiin biqiltuu isataandaardii ka’ameen dhaabuuf deemuu gahaa waan hintaaneef akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Kanaaf, biqiltuu istaandaardii taa’een (miidhaginaaf, nyaataa fi bosonaaf kan oolan) adda baasuun gosa gosaan dhaabuuf kaka’umsa hawaasni magaalaa biqiltuu dhaabuuf qabu fayyadamuun hojjechuun murteessaadha.

Magaalonni keenya baayyeen isaanii lageen keessa kan darbaniif lageen kun balfa dhangala’aa fi gogaan ukkaamfamaa kan jiran yommuu ta’u, magaalota jireenya dhala namaaf mijatu taasisuu keessatti hojiin qarqara lageenii irratti hojjetamu murteessaadha.Haaluma kanaan waggoottan lamaan darbanitti qarqara lageewwan 16 misoomsuuf karoorfame keessaa 2 qofti raawwatee jira.Haata’u malee hojii kana baajjeta mootummaatiin qofa hojjechuun sirrii waan hintaaneef hojiin kun faayidaa hunda galeessa waan qabuuf dhaabbileen adda addaa, namoota dhuunfaa fi kkf kennuun qarqara lageenii misoomsuu waan danda’amuuf karoora itti aanutti tarsiimoo ittiin qarqara lageen magaalota keessa jiranii misoomsuu danda’amu irratti ciminaan hojjetamuu qaba.

### 3.3.2. Bulchiinsaa fi Misooma Manneenii

Magaalummaan akkuma dabalaa deemuun lakkoofsi uummata magaalotaa dabalaa akka deemu beekamaadha. Bu'uuruma kanaan, magaalota keessatti rakkoowwan hiikamuu qaban keessaa inni tokko dhiyeessii mana jireenyaati. Rakkoo kana furuuf waggoottan lamaan darban (2013 fi 2014) misooma manneen adda addaa (Kondomineemii, mana qusannaa fi dhaabbilee mootummaan gaggeeffamuutiif karoorfaman 59,027 keessaa1,564(%2.6), misooma manneen sektera dhuunfaan gaggeeffaman 20,500 karoorfame 3,901 (%19) fi misooma manneen qaamota adda addaan ijaaramuuf karoorfaman 1,036,460 keessaa 164,692(%15.8) rawwatee jira. Walumaagalatti raawwiin jiru gad-bu'aa ta'uu isaatiif sababa kan ta'an labsii haaraa Lakk. 231/2013 bahuus dambiin hojii kun ittiin raawwatu mirkanaa'uu dhabuu; dhiyeessa mana jireenyaa waliinii 10/90 fi 20/80 mootummaa federaalaan kan hojjetamu Naannoo keenya irraa dhibamuu, waldaa ijaarsa mana jireenyaa baayyeen lafa fudhatanii ijaarsatti galuu dadhabuu fi kan ijaarsa eegalanis sababa qalla'insa meeshaa ijaarsaatiin ijaarsa jalqaban dhaabuu ykn addaan kutuun bal'inaan waan mul'atuuf,dambii dhimma kana ittiin raawwachiifamuu danda'u baasuu, waldaalee mana jireenyaa sababa hanqina maallaqaa fi qaala'insa jireenyaatiin ijaarsatti galuu dadhabuu fi dhaabbileen maayikroo faaynaansii adda addaa irra haala itti liqii argachuu danda'an haala mijeessuun hojii ijaarsaatti galuu akka danda'aniif karoora itti aanu keessatti ciminaan irratti hojjetamuu qaba.

### 3.3.3.Qonna Magaalaa

Qonni magaalaa dhiyeessiiwwan adda addaa kanneen akka kuduraa fi mudura, horii aannanii, horsiisa lukkuu, oomisha dammaa dhiyeessuun qaala'insa gabaa tasgabbeessuuf shoora ol-aanaa qaba, akkasumas magaalaa bakka mijataa taasisuu keessatti qooda inni qabu guddaadha. Haaluma kanaan Kuduraa fi muduraa lafa hek. 4,342 hojjechuuf karoorfamee hek. 3,685 (%84), oomisha kunt. 660,638 oomishuuf karoorfamee karooraan ol raawwachuun namoota 335,408 fayyadamoo ta'aniiru. Horsiisa Lukkuu sheediiwwan 178 keessatti gaggeeffamaa jiruun namoota gara 1,766 ta'an irraa fayyadamoo ta'anii jiru. Gama birootiin, rakkoon gama kanaan mul'achaa jiru, hubannoon Qonna magaalaa irratti jiru laafaa ta'uu, qonni magaalaa tarsiimoo ittiin hooganamu kan hinqabne ta'uu fi magaalaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ fi isaa gadii caasaa qonnaa kan hinqabne ta'uun hubatameera.

### 3.3.4.Hojiiwwan qophii dizaaynii fi bulchiinsa kontiraataa:

Dizaaynii pirojeektota mootummaa sadarkaa adda addaa qopheessuu ilaalchisee hanga bara 2014 sadarkaa A, 2,119 qopheessuuf karoorfamee raawwiin 2,213 (%100), sadarkaa B 805 qopheessuuf karoorfamee raawwiin 691 (%85.5), sadarkaa C 1,063 qopheessuuf karoorfamee 968 (%91) waliigalatti qophii dizaaynii (A, B, C) karoora 3,987 raawwiin 3872(%97) kan raawwate yommuu ta'u raawwiin kun karoora waggaa shanii irraa (%18, %20 fi %60) walduraa duubaan raawwatameera. Qophii dizaaynii pirojeektii mootummaa iddoo walsimsiisuu (Site adoptation) ilaalchisees, waggoottan lamaan kana keessatti dizaaynii 4,033 hojjechuuf karoorfamee 3,777 (% 94), karoora waggaa shanii irraa % 23 raawwatee jira.

Haata'u malee pirojektoota naannoo keenya darbee darbee rakkoo qulqullina dizaayniin walqabatuun harkifannaa keessa galuun qisaasama baajetaaf kan saaxilamaanii fi madda rakkoo bulchiinsa gaarii ta'anii argamaniiru. Gama birootiinis, hordoffiin taasifamaa jirus gahaadha jechuun kan hin danda'amnee fi walitti dhufeenyi sirrii hin taane Kontiraakteraa, Gorsaa fi Ogeessota dhimmi ilaalu gidduu jiru hordofamee tarkaanfii fudhachaa deemuun murteessaadha.

### 3.3.5. Qophii Pilaanii Misooma Magaalotaa

Galmi Inistitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa Magaalonnii Naannoo keenyaa fi giddu galli guddina baadiyaa Pilaanii ammayya'aa hordofanii misooma magaalaa amansiisaa fi itti fufinsa qabu akka qabaatan taasisuu fi Lafa dabalatee qabeenya jiru yoo seeraan fayyadamuu baanne qisaasamaaf waan saaxilamuuf lafa kunuunsuun faayidaa uummataa qofaaf oolchuuf yommuu ta'u raawwii waggoottan lamaanii hojiiwwan gurguddoo gabatee armaan gadiin dhiyaataniru.

Gabatee 16 : Qophii Pilaanii Misooma Magaalotaa

| TL | Agarsiiftuuwwan gurguddoo | Ka'u. 2012 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Raawwii hanga 2014 | | Raawwii waggaa 2 %n | Karoora waggaa 5 | Raawwii karoora waggaa 5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | | | |
| **1** | Qophii kaartaa bu'uraa | 946 | 64 | 65 | 98 | 72 | 162 | 137 | 84.57 | 460 | 29.78 |
| **2** | Qophii pilaanii bu'uraa | 632 | 40 | 41 | 50 | 43 | 90 | 84 | 93.33 | 275 | 30.55 |
| **3** | Qohii Pilaanii Tarsimawaa | 60 | 6 | 6 | 10 | 9 | 16 | 15 | 93.75 | 46 | 32.61 |
| **4** | Qophii pilaanii Saxaxaa (Urban | 32 | 6 | 6 | 9 | 6 | 15 | 12 | 80.00 | 45 | 26.67 |

| TL | Agarsiiftuuwwan gurguddoo | Ka'u. 2012 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Raawwii hanga 2014 | | Raawwii waggaa 2 %n | Karoora waggaa 5 | Raawwii karoora waggaa 5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **1** | Qophii kaartaa bu’uraa | 946 | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | | | |
| | | | 64 | 65 | 98 | 72 | 162 | 137 | 84.57 | 460 | 29.78 |
| | design) | | | | | | | | | | |
| **5** | Qophii Pilaanii Caasawaa Magaalootaa | 96 | 8 | 8 | 7 | 7 | 15 | 15 | 100.00 | 35 | 42.86 |
| **6** | Pilaanii GGB qophaa'e | 840 | 60 | 66 | 67 | 67 | 127 | 133 | 104.72 | 520 | 25.58 |
| | Pilaanii misooma Qe'ee(LDP) | 90 | 10 | 14 | 20 | 17 | 30 | 31 | 103.33 | 100 | 31.00 |
| | **Waliigala** | **2696** | **194** | **206** | **261** | **221** | **455** | **427** | **93.85** | **1481** | **28.83** |

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu raawwiin qophii pilaanii magaalotaa addaa addaa ibsaman hanga bara 2014 pilaanii adda addaa 455 qopheessuuf karoorfame 427 (%93.85) kan raawwaatame yommuu ta’u, karoora waggaa shanii irraa %28.83 raawwatameera. Raawwiin kun akka milkaa’uuf kanneen sababa ta’an, hojii qiyyasaa kanaan dura ‘total station’ hojjetamaa turan yeroo ammaa meeshaalee ammayya’aa ta’an kanneen akka DGPSn hojjetamuu waan eegaleef hirmaannaan uummata magaalaa daangaa daangessuu keessatti dabalaa waandhufeef akka ta’e hubatameera.

Hata’u malee qophiin pilaanii tokko tokko haala karoorfameen kan raawwachuu dadhabeef ragaalee fi odeeffannoon sirrii ta’e haala barbaadamuun argachuu dhabuudha. Magaalota hunda keessatti sadarkaa jedhamuu danda’amuutti pilaanii magaalaa ijaarsa seeraan alaa babal’achuu irraan kan ka’e hanga barbaadamu kabajamaa hinjiru. Kun immoo egeree magaalotaa kan balleessuuf waliingahiinsa bu’uuraalee misoomaa irratti rakkoo uumaa waan jiruuf karoora itti aanutti hawaasa magaalaa hirmaachisuun pilaanii magaalaa kabachiisuuf hojjetamuu qaba.

Pilaanii qarqara lageenii ilaalchisee magaala Jimmaa irratti hojiin waggoottan shan keessatti hojjechuuf karoorfame waggoottan lamaan (2013 fi 2014) kana keessa xumuramuu danda’eera. Gama birootiinis, hojiin wal fakkaatu hara Soorgaa fi dambalii irratti hojjetamee kan xumurame yeroo ta’u, milkaa’ina kanaaf sababa yuunversiitiiwwan naannoo jiran waliin qindoomaniin hojjechuu fi fedhiin magaalotaas guddaa waan ta’eef magaalonni daangaa kabachisuu fi

deeggarsa adda addaa waan taasisaniif karoorfameen ol raawwatameera. Raawwii waggoottan lamaa kana irraa hubachuun kan danda'amu karoora hiixataan osoo qophaa'eera ta'ee magaalota baayyee keessatti pilaanii qarqara lageenii qopheessuun hojii misooma adda addaatti galuun ni danda'ama ture. Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti qaamota hojjii kana irratti deeggarsa kennuu danda'an adda baafachuun lageen magaalota keessa jiran irratti pilaanii misoomaa hojjechuun dhimma xiyyeefannoo barbaadudha.

Guddinaa fi babal'ina magaalaa dabalaa jiru keessatti gaheeen pilaanii magaalaa guddaadha. Haata'u malee pilaaniin magaalotaa haala barbaadamen hojii irra oolaa akka hinjirre qorannoo bara 2012 IPMO gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera. Pilaanii magaalota kabachiisuu dadhabuuf kanneen sababa ta'an,
Babal'achuu ijaarsa seeraan alaa, adda bahuu dhabuu daangaa magaalaa fi baadiyyaa, kaffaltiin beenyaa dhibamuu, hirmaannaan hawaasaa laafaa ta'uu fi seera pilaanii eeguu dhabuu fi kutannoo fi waliin hojjechuu dhabuu hoggansaa fi ogeessaa akka ta'e adda ba'eera.

Qorannoo fi qophii pilaanii ispaashaalii misooma naannoo (Regional spatial development plan) karoorri bara 2013 fi 2014 %50 raawwachuuf karoorfame dhuma bara 20014 karoorri qabame raawwachuu hin dandeenye. Bifuma walfakkaatuun qorannoo fi qophiin Pilaanii hulaa misoomaa (Development corridor plan) Adaamaa–Finfinnee, karoorri bara 2014 keessaa %20 raawwachuuf qabame dhuma bara 2014 raawwii hin qabu. Raawwachuu dhabuu karoora kanaaf sababni pirojeektoonni kun baajeta guddaa waan barbaadaniif baajeta dhabuu, Labsii, dambii, qajelfamaa fi maanuwaalii hojii kana deeggaru osoo hin qophaa'iin waan karoorfameef hojii eegaluuf rakkisaa ta'ee argameera.

Walumaagalatti dhimmi kun qorannoo irratti hundaa'ee karoorfamuu waan qabuuf rakkoo baajeta, labsii, dambii fi maanuwaalii dhimmi kun itti hojjetamuu danda'an durfamee qopheefamee hojiitti galamuu qaba.

### 3.3.6. Misoomaa fi Tajaajila Geejjibaa

Hojiin dhiyeessii geejjibaa 2012 sararri bobbii 3,510 irra ture, fooyyessuuf hojii hojjetameen hanga 2014 sarara bobbii 93 dabaluuf karoorfamee 129 karoora waggaa shanii irraa %64 raawwateera. Hata'u malee haala qabatamaa jiru waliin yeroo ilaalamu dhiyeessiin geejjibaa ammas sadarkaa barbaadamu irra gaheeera jechuun hin danda'amu. Kanaaf, sarara haaraa fi

sarara bobbii bilisaa banuun akkuma jirutti ta'ee sarara kanarratti kan barbaachisan konkolaataa gahaa ramaduu fi abbootii qabeenyaa waliin qindoominaan hojjechuuf karoorfamuu qaba. Gama biraatiinis, meeshaaleen hanga geejibsiifamanitti bakka itti kuufamuu qaban qopheessuun barbaachisaadha kanaaf, sochiin karaa kanaan jiru laafaa waan ta'eef karoora itti aanutti xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaba.

Gama Sarara bobbii bilisaatiin maniin KIB waggoota shanii gara 130 guddisuuf hojii hojjetameen wagga lamaan kana keessa sarara bobbii bilisaa 32 dabaluudhaan gara 77 ol-guddisuun danda'amee jira. Gama Kanaan waldaaleen geejjibaa irratti gurmaa'an sarara bobbii baname akka uwwisan gochuuf hordoffii fi to'annoo taasisuun hojiin hojjetamaa tureera. Haata'u malee hojiin kun fedhii amma jiru wajjin walbira qabamee yeroo ilaalamu gahaa waan hintaaneef karoora itti aanutti qooda fudhattootaa fi abbootii qabeenyaa waliin marii taasisuun sararri bobbii bilisaa akka dabalamuuf hojjechuun barbaachisaadha.

Balaa Tiraafikaa ilaalchisee balaa salphaadhaa hanga du'aatti jiru 2012, 3975 ture 2013 keessa 3895 gad-buusuuf karoorfamee 4525 ol kan dabale yommuu ta'u, 2014 ittis gara 3,815 gad-buusuuf karoorfamee 4,421 ol dabalee jira. Walumaagalatti %25 dabalee jira. Balaa du'aatii qofaan immoo 2012tti 1,346 irra kan ture 2014tti 1,384(%2.8) dabalee jira. Mancaatii qabeenyaan 2012 Qr. 275,086,470 kan ture 2014 gara 352,471,722(%28) dabalee jira. Balaa bara 2012 fi 2014 walbira qabamee yommuu ilaalamu %28 dabalee jira.

kanaaf, sababoonni manneen leenjii dhuunfaa leenjii qulqullinaa fi gahumsa qabu konkolaachisummaaf kennuu dadhabuu, osoo hin leenji'iin hayyama konkolaachisummaa bitatanii tajaajila kennuu, sakatta'insa tekinikaa qulqullinaan taasisuu dhabuu, naamusaa fi gahumsa konkolaachisaa, Rakkoowwan daandii wajjiin wal qabatanii fi to'annoo fi hordoffiin tiraafikootaa fi hojjettoota geejjibaa (kan dhimmisaa ilaallatu qofa) hojii haqa qabeessa ta'e hojjechuu dhabuudha.

Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti sirna rakkoo kana hunda xiqqeessuu danda'u tekinoolojiitti fayyadamuun hojiin nageenyisaa amansiisaa ta'e hojjetamuu qaba. Hayyama konkolaachisummaa haqa qabeessa ta'e kennuu,qulqullina leenjii dhaabbilee leenjii dhuunfaa keessatti kennamaa jiraniif rifoormii kenna tajaajila geejjibaa hojii irra oolchuu, gahumsa konkolaachisaa qulqullinaan mirkaneessuu, naamusa konkolaachisaa waliin walqabatu karoora

itti aanu keessatti hiikuuf irratti karoorfachuu fi Alkoolii Teesterii' Raadaarii ol-guddisuu irratti hojiin bal'inaan hojjetame iddoo baayyeetti mul'ataa hin jiru. Kun immoo balaa gama tiraafikaan gahaa jiru baraa gara baraatti dabalaa akka deemuuf sababa ta'aa jira. Uwwisni fayyadama teknoolojii sochii konkolaataa fi konkolaachisaa to'achuuf taasifame quubsaa miti. Kanaafuu, babali'na teknoolojiiwwan misooma geejjibaatiif oolu xiyyeeffannoo fi ciminaan akka hojjetamuuf deeggarsa addaa barbaachisa.

### 3.3.7. Misooma daldalaa fi Gabaa

Hojiilee misooma Daldalaa babal'isuu fi sirna gabaa hammayyaa'aa diriirsuun dorgommii daldalaa fi gabaa bilisaa naannoo keenya keessatti akka babal'atu hojjechuun seera qabeessummaa gabaa daran mirkaneessuun hojii gabaa siyaasa dinagdee misoomaa deeggaru dha. Haaluma kanaan rifoormii daldalaa fi sirna gabaa hammayyaa'aa fi haqa qabeessa ta'e diriirsuun daldaltoonni, qonnaan bultoonni ykn horsiisee bultoonnii fi fayyadamtoonni sirna daldalaa fi gabaa si'ataa, bu'aa qabeessaa fi iftoomina qabu hordofuun galii isaanii guddisanii jiruu fi jireenya isaanii akka jijjiiran akkasumas misoomni qonnaa induustiriin akka durfamu taasisuu fi guddina dinagdee biyya keenyaa gara sadarkaa itti aanutti ceesisuu keessatti gaheee bakka bu'insa hin qabne ni qabaata.

Kana milkeessuuf, qorannoo fi sirna tajaajila odeeffannoo gabaa si'ataa fi teknoolojiin deeggarame diriirsuu, bu'uuraalee misooma gabaa babal'isuun, sirna faaynaansii fooyyessuu, oomishaaleef mallattoo daldalaa (trade mark) qopheessuu,walitti hidhaminsa gabaatiif haala mijataa uumuu, sirna gabaa hirmaattonni gabaa mirgaa fi dirqama isaanii beekuun gaggeessanii fi sirna itti gaafatamummaa ifa ta'e qabu akka jiraatu hojjechuun oomishni naannoo keenyaa yeroo fi baay'inaan gabaa biyya keessaa fi alaa barbaaduun dhiyaatee fayyadamummaa hirmaattota gabaa sadarkaa hundatti jiranii fi misooma akka biyyaatti eegamu tumsuun karoora misoomaa milkeessuuf kan hojjetu ta'a.

1) **Kenna tajaajila Galmeessuu, Hayyama daldala haaraa fi haaromsa hayyama daldalaa**

Bara baajetaa 2013 fi 2014 keessatti tajaajila galmeessa daldala haaraa 183,951 fi hayyama daldala haaraa 227,460 kennuuf karoorfame galmeessa daldala haaraa 193,730 (%100) olii fi hayyama daldala haaraa 250,795 (%110) raawwateera. Raawwiin galmeessaa fi hayyama daldala haaraa karoora waggaa shanii (2013-2017) irraa yoo shallagamu kenni tajaajila galmeessa

daldala haaraa fi kenni tajaajila hayyama haaraa duraa dubaan %34 fi %38 raawwateera. Sababa milkaa'ina raawwii hojii kanaas kenna Tajaajila Galmeessaa fi hayyama (Online Trade Registration & Licensing System) hojii irra oolchuu(qaamota inveestimentii irratti bobba'aniif), qaala'insa gatii gabaa yeroo ammaa dabalaa deemaa jiru tasgabbeessuuf to'annoo gaggeeffamaa tureen daldaltoonni hayyama malee daldalaa turan gara hayyama baafachuutti dhufuu fi yaada daldalaa(business idea) namootaa guddachaa waan dhufeef).Haata'u malee sababoota kanneen akka carraatti fayyadamuun karoora hiixataa baasuu fi milkaa'ina isaatiif kana caala hojjechuun akka hafu ni mul'ata. Kanaafuu carraawwan kanaa fi carraawwan biroo hafan duguuganii itti fayyadamuun karoora hiixataa fi hojjechiisuu danda'u baasuun barbaachisaadha.

Gama hojii tajaajila haareessuu, hayyama daldalaatiin dhuma 2014 hayyama daldalaa 474,901 haaromsuuf karoorfame keessaa hayyamni daldalaa 419,394(%88) haaromfameera. Bara 2013 fi 2014 keessatti galii tajaajila daldalaa irraa Qr. 140,195,550 walitti qabuuf karoorfame Qr. 193,904,421.00(%100) ol walitti qabamee jira. Galiin 2014 kan bara 2013 Qr. 51,457,443 guddateera. Kanaaf gumaacha kan godhe tajaajila hayyamaa fi galmeessaa akkasumas tajaajila haaromsa hayyama daldalaati. Galii tajaajila daldalaa irraa argamu guddisuuf, dandeettii galii maddisiisuu naannoon keenya qabu sirritti beekuun, galii walitti qabamuu danda'uu fi namoota kanfaluu danda'anii fi hamma kanfaluu danda'an sirritti qaaccessuun karoorsuu barbaachisaa dha.

2) **Bittaa oomisha Bunaa**

Bara baajeta 2013 fi 2014 hordoffii bittaa buna diimaa fi janfalaa toonii 1,641,803 raawwachuuf karoorfame dhuma 2014 bunnii diimaa fi janfalli tooniin 1,714,707(%104) bitameera, karoora waggaa shanii irraa yoo shallagamu %43 uwwiseera. Sababiin ol ka'insa raawwii pootenshaala naannoon keenya qabduu gaditti karoorfamuu, gatiin bunaa gabaa addunyaa irratti ol ka'uun fedhiin dhiyeessitootaa bunaa bituuf qaban dabaluu, bara 2013 al-ergitootaaf akka mootummaatti rakkoo faaynaansii isaanii hiikuuf liqiin mijachuu fi oomishni buna gabaatti dhiyaatu yeroo gara yerootti dabalaa dhufuun bittaan bunaa karooraan ol akka raawwatamu taasisee jira. Kanaafuu hojiin bittaa bunaa kana caalaa milkeessuuf, pootenshaala naannoo xiinxaluun giddugala bittaan bunaa itti adeemsifamu waliin karoora hiixataa hojii qabatamaatti jijjiiramuu danda'u baasuu, bittaa bunaa dabaluuf sirna bittaa fi gurgurtaa saffisiisu diriirsuu.

3) **Dhiyeessii Oomishalee Al-ergii Gabaa Giddugaleessaa**

Buna waliigalaan 2013fi 2014 bittaan adeemsifame keessaa buna miicamaa fi gogaa/qishira toonii 549,000 gabaa giddugaleessaatiif dhiyeessuuf karoorfame bunni tooniin 525,092 (%96) gabaa giddugaleessaatiif dhiyaatee jira. Kun karoora wagga shanii irraa % 38 uwwisa. Raawwiin isaa kan baroota darban irra dhibbantaan raawwii bara kanaa yoo shallagamu gaarii haa fakkaatu malee hamma naannoon keenya oomishuu dandeessuun yoo madaalamu garuu gahaa miti. Buna gabaa giddugaleessaatiif dhiyaate keessaa 2013 - 2014 bunni toonii 320,499 biyya alaatti ergamuu sharafa biyyaa alaa doolaarii bil. 1.21 argamee jira. Gabaa giddugaleessaatti kan dhiyaate keessaa %61 qofatu gabaa addunyaatiif ergame. Sababiin isaa oomishni bunaa oomishamus ta'e gabaa giddugaleessaatiif dhiyaatu hanqina qulqullinaa qabaachuu,rakkoon qabinsa oomisha bunaa jiraachuu,daldalli seeraan alaa babal'achuu fi kanneen biroo.Kanaafuu,bunni gabaa giddu-galeesssaatiifis ta'ee gabaa addunyaatti dhiyaatu qulqullinaan dorgomaata'e akka oomishamuuf oomishtootaaf hubannoo uumuu,qabiinsa oomisha bunaa fooyyessuu,daldala seeraan alaa to'achuu, akkasumas oomishni qulqulluu fi gahaan akka gabaa giddugaleessaatiif akka dhiyaatuuf deeggarsa wal irraa hincinne taasisuun hojjechuuf karoorfamuu qaba.

4) **Dhiyeessii oomisha mi'eessituu**

Dandeetti dhiyeessii oomisha mi'eessituu gosa adda addaa naannoon keenya qabdu irraa 2013 fi 2014 mi'eessituu toonii 93,000 gabaa giddugaleessaatiif dhiyeessuuf karoorfame keessaa dhuma 2014 oomishni toonii 92,865(99.99) gabaa giddugaleessaatiif dhiyaateera.Karoora waggaa shanii irraa yoo shallagamu raawwiin dhiyeessii mi'eessituu %38.7 irra jira.Sababiin fooyya'insa dhiyeessii mi'eessituu,fedhiin qonnaan bulaa oomisha isaa gabaaf dhiyeessuuf qabu fooyya'aa dhufuu fi gatiin mi'eessituu gabaa biyya keessaa fi addunyaa irratti dabalaa dhufuun dhiyeessiin akka dabalu godheera.

Fedhiin mi'eessituu gabaa addunyaa irratti dabalaa dhufuun sharafa biyya alaa argachuu keessatti shoora ol-aanaa waan qabuuf xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba. Kanaaf,oomishni mi'eessituu bal'inaa fi qulqullinaan akka oomishamuu fi gabaa giddugaleessaatiif dhiyaachuu danda'uuf oomishtootaa fi dhiyeessitoota waliin qindoominaan akkaataa itti hojjetamuu danda'u irratti karoora itti aanu keessatti hojii ijoo ta'ee akka karoorfamuu fi karoora hamma dhiyeessii fi qulqullinaa fooyyessuun barbaachisaadha.

5) **Dhiyeessii Baala Shayii**

Bara 2013 fi 2014 baala shayii toonii 12,450 gabaa giddu galeessaatiif dhiyeessuuf karoorfamee dhuma 2014 toonii 31,224.7 (%100 ol) karoora dhiyeessii gabaa giddugaleessaatiin olitti gabaa biyya alaatti ergamuun galii doolaraa amerikaa 6,360,000 argamee jira. Karooraan olitti kan raawwatame ta'us pootenshaala jiru beekanii karoorsuu irratti hanqinni bal'aan akka jiru agarsiisa.Raawwiin kun karoora wagga shanii irraas yeroo madaalamu %96.8 irra jira. Dhiyeessii baala shaayiin wal-qabatee dhimmi akka rakkootti ilaalamu qonnaan bultoota oomisha baala Shaayii al-ergee irratti bobba'anii oomishaa jiran dhaabbata warshaa Shaayii Gumarroo waliin walii galtee walitti hidhaminsa gabaa uummachuun akka hojjetan ta'ullee, warshaan shaayii qopheessu kun akka naannoo keenyaatti kan jiru isa qofaa fi kan hoogganamus Federaalaan waan ta'eef gatii madaalawwaan qonnaan bulaa irraa bitaa waan hin jirreef dhiyeessii qonnaan bulaa kan jajjabeessu waan hin taaneef dhiyeessii baala shaayii irratti dhiibbaa uumaa kan jiru ta'uun hubatamee jira.

Rakkina kana salphisuuf gara fuula duraatti fedhii qonnaan bultoota kanaa xiinxaluun sirna daldala biroo oomishtootaa fi dhiyeessitootaaf filannoo ta'uu danda'u diriirsuu, warshaa baala shaayii kan biraa dorgomaa ta'e akka dhaabbatuuf qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan hojjechuun, oomisha gabaa giddugaleessaa fi gabaan addunyaa barbaadu akka oomishamuu danda'uuf qaama dhimmi ilaalu waliin karoorsuu fi waliin hojjechuu, pootenshaala naannoon keenya oomishuu dandeessuu fi dhiyeessuu danddeessu giddugaleessa godhachuun karoorsuu.
Gama biraatiin ragaan karooraa fi gabaasa 2013 fi 2014 xiinxala hojii waggoottan lamaanii gaggeeffame waliin tokko miti. Xiinxala kanaaf raawwiin kan fudhatame xiinxala addatti isaan gaggeessan irraati. Sababiin isaa ragaan dhiyeessii baala shaayii ragaa qabatamaa warshaa irraa galii isaa faana waan xiinxalamee fi ragaa qabatamaan isa ta'uu biiroon waan nuuf mirkaneesseef (galiin al-ergee baala shaayii irraa argames baay'ee gad-bu'aadha). Kun karoora sirrii fi gabaasa sirrii qabaachuu dhabuu isaa agarsiisa. Kanaafuu karoorrii fi gabaasni hojjetamu kamiyyuu sirritti qulqullina isaa eegee akka qophaa'u ta'u kan qabu dha.

6) **Hordoffii Dhiyeessii Midhaan Dheedhii fi Dibataa**

Waggoottan lamaan darban keessa midhaan gosa adda addaa toonii 577,356 gabaa giddu galeessaaf dhiyeessuuf karoorfamee toonii 519,169(%100) akka dhiyaatu taasifamee jira. Raawwiin kun karoora waggaa shanii irraa %14.4 qofa kan uwwisudha. Raawwii waliigalaa

keessaa midhaan dheedhii %92.9 uwwisa. Bara baajeta 2013 fi 2014 midhaan dheedhii fi dibataa gabaa giddugaleessaatiif dhiyaate keessaa midhaan toonii 263,705 gabaa biyya alaatti ergamuudhaan galii doolaara Amerikaa 257,531,000.00 argamsiisuu danda'eera. Sababiin fooyya'insa dhiyeessii midhaan dheedhii: oomishtoonni midhaan gabaa oomishuu jalqabuu fi gatiin midhaanii gabaa biyya keessaa fi biyya alaa irratti dabaluu isaatiin.Haata'u malee oomishaaleen dhiyaataa jiran keessaa baayyeen isaa rakkoo qulqullinaa qabaachuu isaa irraa kan ka'e gara gabaa biyya alaatti ergamaa kan hin jirree fi taajaajila biyya keessaatiif kan oolan ta'uu fi oomishni salphaa hin taane daldala seeraan alaa fi kotorobaandiidhaan gara biyya alaatti haalli itti bahaa jiru bal'inaan waan mul'atuuf dhimma to'annoo qulqullinaa fi to'annoo daldala seeraan alaa fi kotorobaandii irratti hojii guddaa hojjechuu gaafata.

Midhaan dheedhii fi dibataa gabaa giddugaleessaatiif dhiyaate keessaa %49.3 qofaadha kan biyya alaatti ergame. Hordoffii dhiyeessii oomisha midhaan dibaataa/Saliixaa/ bara 2013- 2014 gabaa giddugaleessaatiif dhiyeessuuf karoorfame toonii 106,260 keessaa raawwiin toonii 36,824 (%34.7) qofaadha, kana keessaa kan gabaa toonii 35,412 (%96.2) akka dhiyaatu taasifamee jira. Kunis karoora wagga shanii waliin wal bira qabamee yoo shallagamu %5 agarsiisa. Raawwiin kun gad-bu'uu isaatiif sababa kan ta'e dhiyeessii oomishaa fi oomishtummaan saliixaa sadarkaa ol-aanaan hir'achaa dhufuusaa, sanyii filatamaa bay'inaan raabsuu dhabuu, lafa qotamee hin beekne kan barbadu ta'uu fi gammoojjiin Oromiyaa rakkoo nageenyaatiin wal qabatee qotamaa jiraachuu dhabuun akka rakkoo guddaatti ilaalameera. Kanaafuu, gara fuula duraatti oomishaa/oomishtummaa fi dhiyeessiin midhaan dibataa fi dheedhi akka dabaluuf oomishtoonni teknoolojii fayyadamuun akka oomishaaniif Sektera dhimmisaa ilaalu wajjin hojjechuuf karoorfachuu fi wajjin hojjechuu, walitti hidhaminsa gabaa uumuun sanyii filatamaa oomishtoonni akka argachuu danda'aniif karoorfachuu fi irratti hojjechuu murteessaadha.

7) **Dhiyeessii kuduraa fi muduraa**

Waggoottan lamaan darbanitti (2013 fi 2014) hordoffii dhiyeessii oomisha kuduraa fi muduraa gabaa giddugaleessaatiif toonii 244,999 karoorfamee dhuma 2014 toonii 210,056 (%86) olitti akka dhiyaatu ta'eera. Raawwiin kun karoora tarsiimoo waggaa shanii irraa yoo shallagamu %11.04 qofa irra jiraachuu agarsiisa. Raawwiin dhiyeessii kuduraa fi muduraa gad-bu'aa kan ta'eef dhiyeessiin kuduraa akka naannoo keenyaattis ta'ee akka biyyaatti hojiin kun haaraa waan

ta'eef qonnaan bultoonnis bal'inaan oomishaanii gabaa biyya alaatiif dhiyeessaa hin jiran, lammaffaan kuduraa fi mudurri oomisha akka salphaatti baduu danda'u waan ta'eef tajaajilli lojistikii qaqqabamaa ta'e dhabamuu, sadaffaan oomishni kuduraa fi muduraa qulqullinaa fi baay'ina gabaan addunyaa barbaadu jiraachuu dhabuu wirtuun daldala oomisha kuduraa fi muduraa gabaa biyya alaatiif ta'u dhabamuu fi kanneen biroos akka fakkeenyaatti ka'uu ni danda'a. Rakkoo gabaa kuduraa fi muduraa furuuf: oomishaa qulqulluu gabaan addunyaa barbaadu akka oomishamuu fi gabaa giddugaleessaatiif akka dhiyaatu gochuu, kuduraa fi muduraa irratti fuuncaa dabaluun gabaaf dhiyeessuu, warshaaleen qixeessa kuduraa fi muduraa akka dhaabbataniif hojii barbaachisu hojjechuu, giddugala gabaa ammayyaa bal'inaan akka ijaaramuuf karoorsuu fi hojii irra oolmaa isaa hodofuu, akkasumas hojii inisheetiivii kuduraa fi muduraa akka biyyaa fi naannootti qabamee hojjetamaa jiru akka carraatti fayyadamuun dhiyeessii qulqullinasaa mirkanaa'e e fi dhiyeessii fooyyessuuf karoorsuu.

8) **Dhiyeessii oomisha Jimaa**

Jimaa gabaa giddugaleessaatti dhiyeessuuf waggoottan lamaan darban (2013 fi2014) toonii 192,536 karoorfame keessaa dhuma 2014 toonii 238,411(%100 ol) akka dhiyaatu taasifamee jira. Gama biraatiin jimaan gabaa giddugaleessaattii dhiyaate keessaa tooniin 121,657(%51) gabaa biyya alaatti erguun sharafa biyya alaa doolaara Amerikaa mil.755 olitti argamuu danda'eera. Fooyya'insi raawwii dhiyeessii fi al-ergee dhufuu kan danda'e sirni daldala jimaa fooyya'uu, hordoffiin daldala seeraan alaa (kotorobaandii) fooyya'uun akkuma jirutti ta'ee dandeetti raawwachuu danda'uu gaditti karoorsuun bal'inaan ni mul'ata. Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti rakkoo al-seerummaa daldala jimaa hambisuuf/xiqqeessuuf/hojiin sirna to'annoo cimaa diriirsuun to'annoo itti gaafatamummaa qabu mirkaneessuun hojii irra oolchuu fi dandeettii dhiyeessii naannoo keenyaa bu'uraa godhachuun karoorsuu fi irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

9) **Dhiyeessii beeylada dhaabbii fi bu'aa beeyladaa**

Dhiyeessii beellada dhaabbii gabaa giddugaleessaatiif taasifame ilaalchisee 2013 fi 2014 beellada lakkoofsaan 882,899 dhiyeessuuf karoorfame raawwiin 453,517(%51.3) gabaa giddugaleessaatiif akka dhiyaatu taasifamee jira. Raawwiin kun kan waggaa shanii wajjin yommuu madalamu %19.14 irra kan jiru yeroo ta'u raawwiin isaas gad-anaadha. Sababni

raawwiin gad-aanaa ta’es naannoo horsiisee bulaatti hongee barreen darban mudateen dhiyeessin beelladaa hanqina qabachuu, fedhiin bittaa beellada naannoo biyyoota arabaa jiru xiqqaachuu, rakkoo faaynansii, rakkoo nageenyaa naannoo horsiisee bulaa darbe darbee mul’atuu fi xiyyeeffannoon sektera beelladaatiif kenname laafaa ta’uun akka sababaatti eerama. Dabalataanis rakkoon daldala seeraan alaa fi kontorobaandii bal’inaan beellada dhaabbii irratti mul’atuu fi iddoon tursiisa beelladaa (quarantine) akka naannoo keenyaatti jiraachuu dhabuun dhiyeessii beellada dhaabbii irratti dhiibbaa olaanaa kan qabu dha. Beellada gabaa giddugaleessaatiif dhiyaatan keessaa, beelladoonni 434,888(%95.9) gabaa biyya alaatti ergamuun sharafni biyya alaa doolaarri Amerikaa 39,299,000 argameera.

Rakkoo dhiyeessii gabaa beelladaa furuuf:akka naannoo keenyaatti beelladoonni baayyeen naannoo keenya irraa gabaa biyya alaatiif dhiyaatu waan ta’eef bakka tursiisa beelladaa (quarantine)qaama dhimmi ilaalu waliin ta’uudhaan akka hundaa’uuf karoorfachuu fi irratti hojjechuu,qulqullina,fayyaa,oomishtummaa fi dhiyeessiin beelladaa akka fooyya’uuf sektera dhimmi ilaalu wajjin hojjechuu fi karoorsuu.Galii irraa argamus foyyessuuf fuuncaa dabaluun gara bu’aa beelladaattis bal’inaa fi qulqullinaan ol-guddisuu irratti karoorsuun hojjechuu.

10) **Dhiyeessii Bu’aa Beeylada Gabaa Biyya Alaa**

Hordoffii dhiyeessii bu’aa beelladaa (Foonii) gabaa biyya alaatiif taasifamu ilaalchisee 2013 fi 2014 foon toonii 34,186 dhiyeesuuf karoorfame raawwiin toonii 42,564(%100 ol) gabaa biyya alaatiif akka dhiyaatu taasifamee jira. Raawwiin kun kan waggaa shanii wajjin yommuu madaalamu %43.87 irra kan jiru ta’uu isaati. Sababa ol-ka’insa raawwii al-ergee foonii sekterri daldalaa fi misooma gabaa, sekterrii qalma beelladaa fi al-ergee qindoominaan waliin karoorsuu dhabuu fi waliif gabaasuu dhabuuti. Haata’u malee akka pootenshaala naannoon keenya qabduutti karoorrii fi raawwiin al-ergee foon irra jiru gahaa miti. Kanaafuu, gara fuula duraatti qaama al-ergee foonii fi bu’aa beelladaa biraa irratti bobba’anii hojjetanii fi qaama isaan hordofu waliin qindoominaan karoorsuu fi hojjechuu, qulqullina bu’aa fi baay’inaan bu’aa beelladaa gabaa giddugaleessaatiif dhiyaatan fooyyessuuf karoorsuu, giddugala qixeessa bu’aalee beeyladaa (animal products processing center) babal’isuuf qaama dhimmi ilaalu wajjin hojjechuu fi karoorsuun barbaachisaadha. Dhiyeessiiwwaan biroo naannoo keenyaaf galii argamsiisuu

danda'anii fi argamsiisaa jiran akka dammaa fi oomishalee qonnaa fi mit-qonnaa biraa irrattis hojjechuun murteessaadha.

11) **Walitti Hidhaminsa Gabaa**

Bara 2013 fi 2014 Midhaan gosa adda addaa kuntaala 20,723,462 walittihidhaminsa gabaa uumuuf karoorfamee kuntaala 23,659,394(%114) raawwateera. Gama walitti hidhaminsa gabaa biyya keessaa kuduraa fi muduraatiin hojii hojjetameen 2013 fi 2014 kuduraa fi muduraa toonii 3,801,094 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfame hanga dhuma 2014 toonii mil 4,611,497(%100 ol) walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u,raawwiin kun kan waggaa shanii(2013-2017) irraa yommuu shallagamu %79.55 irra jira. Milkaa'ina hojii kanaa keessatti qooda olaanaa kan qabu Gabaa Sanbataa akka inisheetiivii tokkootti qabatamee hojjetamuu jalqabuu isaati. Haata'u malee karoorri walitti hidhaminsa gabaa biyya keessaa gad-bu'uun isaa raawwii ol-kaasee jira.

12) **Walitti Hidhaminsa Gabaa Beeyladaa fi Bu'aa Beeyladaa**

Hojii walitti hidhaminsa gabaa beeyladaa hojjetameen 2013 fi 2014 beeylada dhaabbii gosa adda addaa lakkoofsaan 8,174,551 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfame dhuma 2014 beellada 10,984,564 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u kunis %100 olitti dha. Raawwiin kun kan waggaa shanii irraa yoo madaalamu %78 irra jira. Sababni raawwiin ol-ka'eef pootenshaala naannoon qabu beekanii karoora qopheesuu irrattis hanqinii kan jiru ta'uu, naannoo horsiisee bulaatti sababa hongeen dheerateef beellada gabaatti baasuu fi gabaan daldala beeyladaa dabalaa waan dhufee fi kanneen biroo.

13) **Walitti hidhaminsa gabaa bu'aa beeyladaa**

Bara 2013 fi 2014 gogaa fi kal'ee lakkoofsaan 7,386,720 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfame dhuma 2014 gogaa fi kal'een 7,467,628 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u kunis %100 olitti dha. Raawwiin kun kan karoora waggaa shanii irraa yommuu madaalamu %100 irra gaheee jira. Sababnisaas pootenshaala naannoo beekanii karoora qopheessuu irrattii hanqinni jirachuusaa raawwii hojii kanaa irraa hubachuun ni danda'ama. Walumaagalatti hojiin walitti hidhaminsa gabaatiin wal-qabatee hojjetame waan gaarii ta'us gara fuula duraatti humni naannoon keenya qabduu fi inisheetiiviiwwan adda addaa qabamaniin hojii

keessa jiran akka carraatti qabachuun karoora hiixataa karoorsuu fi irratti cimanii hojjechuu barbaachisaa dha.

Gama biraatiin oomishni gogaa fi kal'ee naannoo keenyaa gabaa biyya alaatiif dhiyaachaa hin jiru. Kanaaf, akka sababoota ijootti ka'aa kan jiru; sirni al-ergee gogaa fi kal'ee diriiree kan hin jirre ta'uu, rakkoo qulqullina oomisha gogaa fi kal'ee, dabalaa deemuu gatii kemikaala gogaa ittiin mijeessanii, qaraxa guddaa gogaa fi kal'ee irra kaa'amee fi gogaa otoo hin qixeessiin biyya alaatti erguun hin danda'amu jechuun dhorka kaa'uu fi yaaliin gama al-ergitootaanis hojii kana irratti bobba'uuf jiru laafaa ta'uun akka rakkootti ka'amee jira.

14) **Ijaarsaa fi Bulchiinsa bu'uraalee Gabaa fi Daldalaa**

Bara baajeta 2013 fi 2014 pirojeektota hojii Ijaarsaa fi bulchiinsa bu'uuraalee misooma gabaa fi daldalaa 186 ijaaruuf karoorfamee pirojeektota 22(%11.8) qoftu raawwatee jira. Karoora waggaa shanii irraas yoo shallagamu % 5.2 qofa irra gaheee jira. Raawwiin karoora wagaa lamaanii irraas ta'e kan waggaa shanii irraa yoo shallagamu baayyee gad-aanaa dha. Sababiin gad-bu'insa raawwii kanaa baayyee ta'us isaan gurguddoon, humna qaban addaan baasanii karoorsuu dhabuu, baajeta hojii kanaaf qabamu gahaa ta'uu dhabuu fi madda baajeta biraa barbaaduu fi maddisiisuu irratti yaaliin jiru laafaa ta'uu, hirmaannaan uummata gama hojii kanaan jiru laafaa ta'uu, filannoo bakkaa fi hanqina dandeettii kontiraakterootaa rakkoowwan gurguddaa dha. Kanaafuu, humna dandeettii raawwachuu naannichaa sirriitti xiinxaluun karoorsuu, hawaasa bu'aa kana irraa qooda fudhatu hirmaachisuun waliin karoorsuu, hirmaannaa uummataa bulchiinsa pirojeektota misooma gabaa fi daldalaa irratti jiru fooyyessuu (baajenni mootummaa gahaa waan hin taaneef) hirmaachisuu.

15) **Hojii piromooshinii odeeffannoo gabaa**

Hojii piromooshinii odeeffannoo gabaa keessaa mallattoo daldala oomishaa (trade mark) qopheessuun isa tokko dha. Bu'uruma kanaan, bara 2013 fi 2014 mallattoo daldala oomishaa 2 qopheessuuf karoorfamee 3 raawwachuun danda'amee jira. Mallattoon daldalaa qophaa'e gosa oomisha sadii (bunaa, dammaa fi barbaree) irratti kan qophaa'e yoo ta'u, waliigala mallattoo daldalaa sagaltu qophaa'ee jira.

## 3.4 .Raawwii Bu'uuraalee Misoomaa

### 3.4.1 Misooma Bishaan Dhugaatii

Misooma bishaan dhugaatii qulqulluu qorannoo potenshaalaa irratti hundaa'e gaggeessuun tajaajila hawaasa baadiyyaa fi magaalaatiif akka oolu hojii baay'een hojjetamaa ture jira. Waliin gahiinsa bishaan dhugaatii qulqulluu kana cimsuuf hojiin suphaa fi Iskiimota tajaajila hin kennine hojiitti galchuu fi bulchiinsa isaanii xiyyeeffannoon hojjechuun hojii yeroon itti hin kennamne ta'ee argameera.

Akka naannoo keenyatti waliin gahiinsa bishaan dhugaatii qulqulluu guddisuu fi galma Karoora Imala Badhaadhinaa milkeessuuf hojiiwwaan ijaarsa bishaan dhugaatii waggoota KIB lamaan darban keessatti hojjetaman akka armaan gadiitti xiinxaaluun danda'ameera.

Tajaajila uwwisa bishaan dhugaatii qulqulluu hawaasa naannoo keenyaa xumura bara 2012tti %71.75 irra ga'ee ture dhuma KIB waggaa lamaa keessatti uwwisa isaa %80.23 irraan ga'uuf karoorfamee %80.23 irraan gahuun danda'amee jira. Haaluma kanaan, uwwisaa bishaan dhugaatii baadiyaa fi magalaatti bara ka'umsaa 2012tti %72.56 fi %67.06 wal duraa duubaan kan ture hanga bara 2014tti wal duraa duubaan %82.03 fi 78.43 irraan ga'uuf karoorfamee %100 raawwatamee jiru. Raawwiin kun karoora waggaa lamaa irraa yeroo ilaalamu %100, karoora waggaa shanii irra ammoo %91.86 irra jira. Hojii kanaanis baadiyyaatti uummata mil. 27.38 fi magaalatti uummata mil. 6.18 waliigala ummaata Oromiyaan qabdu mil. 41.15 keessaa mil. 33.56 bishaan qulqulluu obaasuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, raawwii akka biyyaa tti bishaan dhugaatii naannoo keenya minsteeri bishaanii inventarii gaggeeffame wabii gochuun baase bara 2012tti baadiyaatti %55.40 fi magaalaatti %67.10 akka waliigalatti %56.90 irra akka jiru yoo muldhisu, haaluma wal fakkaatuun bara 2013 keessatti baadiyyatti %59.51 fi magaalatti %64 akka naannootti %60.35 irra akka gahe agarsiisa .Ragaa kana bu'uura godhachuun raawwiin naannoo keenyaa yoo xiinxalamu waggaa walfakkaatu tokko keessatti garagarummaa guddaa %19.88 akka qabu fi ragaan akka naannootti bara 2013 irra gahame jira jedhamu waliin kan wal dha'u ta'uu fi qulqullummaa fi dhuguumma raawwii keenyaa mirkaneeffachuun barbachisaa ta'uu isa hubachuun danda'ameera.

**Gabatee 17 : Uwwisa bishaan dhugaatii waliigalaa naannoo Oromiyaa**


| Lak. | Agarsiftuu | Safartuu | Bara Ka'umsa 2012 | 2013 | | 2014 | | 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar |
| 1 | Uwwisa bishaan dhugaatii naannoo | % | 71.75 | 77.13 | 76.42 | 80.23 | 80.23 | 87.34 |
| 1.1 | Uwwisa bishaan dhugaatii baadiyyaa | % | 72.56 | 78.13 | 76.17 | 82.03 | 82.03 | 87.95 |
| 1.2 | Uwwisa bishaan dhugaatii magaalaa | % | 67.06 | 71.41 | 71.1 | 78.43 | 78.43 | 84.06 |

Madda: Gabaasa BBIO irraa kan fudhatame

Haaluma kanaan, raawwii bara KIB waggaa lamaa kanatti uummanni bishaan qulqulluu ni argata jedhamee tilmaamame mil. 3.31 keessa ummannii mil. 5.11 bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu danda'eera. Karoora KIB waggaa lamaa irraa yeroo shallagamu uummata kuma 900 ol karooraa ol bishaan qulqulluu obaasuun danda'ameera.Haa ta'u malee, raawwiin kun galma'uu kan danda'eef pirojektoota bishaanii buleyyii 17,939 xumursisuun milka'ina argamedha. Gama pirojektootaa haaraan bara KIB waggaa lamaan darban bara 2013 keessa pirojektoota 324 ijaaruuf karoorfaman keessaa pirojektoota 8 kan ijaaraman yoo ta'u, bara 2014 keessa pirojektoota bishaan dhugaatii 353 ijaaruuf karoorfamee raawwii malee hafuu danda'eera.

Akka waliigalaatti waggoottan lamaan kana keesatti pirojektonnii 677 ijaaruuf karoorfamee pirojektoota 8 (%1.18) qofa raawwatameera. Rakkoon raawwii kun kan hojii keessatti uumame osoo hin ta'iin pirojektoota akka baajatni qabamuuf gaafatamee keessaa kan pirojektii 8 qofa kan hayyamame ta'uu isaati. Kanaafuu, baajatni qabamuu dhabuun pirojektoota bishaan dhugaatii fuula duraaf tajaajila bishaan qulqulluu baay'ina uummataa naannoo keenyaa dabalaa jiru biraan gahuu irratti rakkoo guddaa waan ta'uuf waliin gahiinsa isatiif  hirmaannaa hawaasaa fi mootummaa barbaachisaa dha.

**Giraaffii 24: Uwwisa Bishaan Dhugaatii bara 2012-2014**




1) **Qorannoo fi Dizaayinii Bishaan Dhugaatii**

Qorannoo fi dizaayinii bishaan dhugaatii baadiyaa fi magaalaatiin bara 2012tti lakkoofsaan wal duraa dubaan 415 fi 61 irraa jiru bara KIB waggaa lamaa kana keessatti baadiyaatti 219, magaalaatti 140 hojjechuuf karoorfamee baadiyyaatti 291 fi magaalaatti immoo 21 hojjechuun danda'ameera. Raawwiin kun KIB waggaa lamaa irraa yeroo madaalamu kan baadiyyaa %100 ol hojjetamee kan jiru yommuu ta'u, kan magaalaa KIB waggaa lamaa irraa %15, KIB waggaa shanii irraa %6 qofa raawwatamee jira. Raawwiin magaalaa baay'ee gadi aanaa waan ta'eef dhimmi qorannoo fi dizaayiinii piroojeektootaa dursa xumuruun hojiif qopheessuu gaafannoo keessaa kan galuu waan hin taaneef rakkoo isaa adda baasuun tarsiimoo raawwii qopheefachuun itti hojjechuu murteessaa ta'a.

2) **Ijaarsa iskiimota bishaan dhugaatii**

Ijaarsi iskiimota bishaan dhugaatii, hawaasni bishaan dhiiyeenyatti argatee itti fayyadamaa akka ta'u gochuu keessatti shoora ol'aanaa qaba. Baadiyyaa keessatti raawwii ijaarsa iskiimota adda addaa xumuraa bara 2012tti lakkoofsaan 24,651 irra jiru bara KIB waggaa lama keessatti lakkoofsaan 5,916 hojjechuuf karoorfamee 5,643 (%95) raawwatamee jira. Karoora KIB waggaa shanii irraa raawwiin kun (%48) irra gahee jira.Akkasumas, xumura bara 2012tti magaalaa keessatti raawwiin ijaarsa iskiimota bishaanii gosa adda addaa 436 irra ture bara KIB waggoottan lamaan keessatti 50 hojjechuuf karoorfamee 37 (%74)raawwatameera. karooraa waggaa shanii irraa ammoo (%37) raawwachuun danda'amee jira.

3) **Hojiiwwaan Haaromsa fi Suphaa Iskiimotaa**

Iskiimota bishaan dhugaatii sababa adda addaatiin tajaajila dhaaban akka tajaajila kennan taasisuuf hojiiwwan haroomsa, suphaa fi bakka buusuu karoora imala badhaadhinaa waggoottan lamaan keessatti karoorfamanii turan; haaromsuu fi fooyyeessuu maddoota bishaanii 1,627, suphaa meeshaalee EM 1,690 fi bakka buusuu meeshaalee EM 449 yoo ta'an, kana keessaa haaromsuu fi fooyyeessuu 1,309 (%80), suphaa meeshaalee EM 3,834 (%150) fi bakka busuu meeshaalee 491(%109) duraa duubaan raawwatamee jira. Haaluma kanaan, Iskiimotni bishaan dhugaatii tajaajila guutuu kennuu akka danda'aniif, reetii iskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hin kennine /NFR/ hir'isuuf hojii hojjetamaa tureen bara ka'umsaa 2012 %6.52 irraa kan ture bara 2013tti %6.27 irraan gahuuf karoorfamee gara %6.33 tti gadi buusuun danda'ameera. Haaluma wala fakkaatuun bara karoora 2014tti gara %5.98tti gadi buusuuf karoorfamee gara %5.98tti gadi buusuun danda'amee jira. Gama biraatiin to'annoo qulqullina bishaanii iskiimotaa irratti gaggeessuu fi sirreessuun karoorri 445 qabamee kan ture kan iskiimota 416 (%93) raawwatee jira.

Akka waliigalaatti rakkoowwan raawwii misoomaa bishaanii keessaatii adda bahaan gara fuula duraatti hojii guddaa barbaadan; qorannoo fi dizaayinii pirojektoota bishaanii gahuumsaa fi yeroon xumuruun caalbaasiif dhiyyeessuu dadhabuu, qaala'insa gatii meshaalee ijaarsaa fi gabaa irraa dhabamuu, deeggarsa fi hordoffii itti fufiinsa qabu gochuu dadhabuu fi dub- deebii hordoffii fi deggarsaa irratti kenname furamuu isaa madaalaa deemuu dhabuu, akkasumas, gahuumsi kontiraaktarootaa fi gorsitootaa gama hundaan hanqina qabaachuun isaan ijoo dha. Kanaafuu kallattiin guddaa gara fuula duraa hojii misooma bishaanii keessatti ta'uu qabu rakkoolee kanneen gara tarsiimo'aa ta'een furaa deemuu dha.

4) **Misooma Baayoo Inarjii**

Misooma baayoo inarjii milkeessuuf hojiiwwan geemmoo qoraan qusatan rabsuu, wiirtuu oomisha geemmoowwanii ijaaruu, fi ijaarsa baayoo gaazii gaggeessuu raawwatamaa turaanii jiru. Haaluma kanaan, wal-duraa duubaan raawwwiin isaa xumura bara 2012tti mil.3.54, 91 fi 3.067 irra ture KIB waggoottan lamaan darbanii kanatti geemmoo qoraan qusatan raabsuu mil.2 hojjechuuf karoorfamee geemmoo 1,467,187 (%73), wiirtuu oomisha geemmowwanii ijaaruu 63 ijaaruuf karoorfamee %100 kan raawwatamee yeroo ta'u, ijaarsa baayoo gaazii geggeesuu 3,200 hojjechuuf karoorfamee 2,655 (%83) raawwachuun danda'ameera. Karoora KIB waggaa shanii

irraa raawwiin geemmoo qoraan qusatanii rabsuu %29, wiirtuu oomisha geemmoowwanii ijaaruun %60 fi ijaarsa baayoo gaazii geaggeesuu %41 raawwatamee jira. Hojii hojjetame kanaan walumaagalatti uummata 7,349,210 fayyadamaa tasisuun danda'ameera. Babal'inni maddoota inarjii haromfamaa fi itti fayyadamni geemmoo qoraan qusatanii misooma dinagdee magariisummaa keessatti ga'ee ol'aanaa kan qaban waan ta'eef cimee itti fufinsaan kan hojjetamuu qabu ta'ee hanqinni ykn hudhaan geemmoo qoraan qusatanii rabsuu wajjin wal-qabatee jiru adda ba'ee irratti hojjetaamuun  KIB waggoottan lamaan keessattii kan hin raawwatamiin hafan karoora waggaa sadan itti aanan kana keessatti dabalamee raawwatamuu qaba.

5) **Misooma Elektirifikeeshinii**

Misooma elektirifikeeshiniitiin hawaasa humnii ibsaa isaan hin qaqqabne fayyadamtoota soolaarii gochuun tajaajila ibsaa akka argataan gochuuf hojii hojjetamaa tureen xumura bara 2012 irratti rabsa soolaarii laatarnii abbaa warraa gaggeessu kuma 273 irra ga'ee ture KIB waggoottan lamaan darban (2013 fi 2014) keessatti kuma 75 rabsuuf karoorfamee kuma 88,677 (%118) kan rabsame yeroo ta'u karoora KIB wagga shanii irraa %42 irra jira. Rabsa soolaarii man-tokkee abbaa warraa gaggeessuu bara 2012tti 132,710 irra ture  KIB waggoottan lamaanii keessatti kuma 45 rabsuuf karoorfamee kuma 50,448 (%112), KIB waggoottan  shananii  irraa ammoo %36 raawwatamee jira. Raawwiin hojii rabsa soolaarii KIB jajaabeessaa waan ta'eef karoora itti aanu keessattis daraan cimee hojjetamuun fayyadamummaa uummaata keenyaa mirkaneessuun barbaachisaa dha.

Gama waliin gahiinsa humna ibsaan yoo ilaalamu, waggootta lamaan darban keessatti sagantaa OUEAP tiin bara 2013 kessa gandoota 210 fi bara 2014 gandoota 178  waliigalaan waggoottan lamaan kana keessatti  gandoota 388 ta'aniif elektiriikii dhiyeessuuf karoorfamee bara 2013 tti gandoota 172 (%82.3) fi bara 2014 tti gandoota 102 (%59) waliigalaan gandoota 273 ta'aniif humna elektiriikii dhiyeessuudhaan uummata 800,400 ta'an fayyadamaa humna ibsaa taasisuun danda''ameera. Raawwii waliin gahiinsa humna ibsaa naannichaa gandaan dhuma bara 2012 tti %36.50 irra kan ture  dhuma bara 2014tti  %47 tti ol guddisuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, rakkoowwan raawwii misooma elektiriifikeeshinii keessaatii adda bahaanii fi gara fuula duraatti hojii guddaa barbaadan keessaa qindoominaan waliin hojjechuu keessaatti itti

waamaamni human elektiriikii Oromiyaa Sagantaa OUEAP BBIOf miti waan ta’eef gabaasa fudhachuu bira darbee hojii isaanii qorachuun kallattii ka’uun waan hin jirreef fuula duraaf dhimma ilaalamee kallattiin kaawamuu qabuu ta’a.

Hojiiwwan gara fuula duraatti hojjetamuu qaban xiinxala kanaan akka kallaatiitti ta’aniif xiyyeeffannoo mootummaa fi hawaasaa barbaadan:qorannoo fi dizaayinii pirojektootaa gahuumsaa fi yeroon xumuruun caalbaasiif dhiyeessuu ,Pirojektoota karoorfamaniif baajata qabuun hojiitti galchuu, Hirmaannaa uummataa hojii misoomaa hunda keessatti daraan dabalaa demuun abbummaa mirkaneessuu ,abbootii qabeenyaa fi dhaabbilee tola ooltotaa cimsuu fi hundeeffama Fandii Bishaan Oromiyaa xumuruun bajaatni akka argamu taasisuu fi sirna deeggarsaa fi hordoffii wal irraa hin cinne fi rakkoo hiikuu danda’u sadarkaa hundaatti akka hojirra oolu taasisuun hojiiwwan xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamuu qabani dha.

### 3.4.2 Misooma Daandiiwwanii fi Loojistiksii


Karoora imala badhaadhinatiin waliigalaan dheerina daandii bonaa fi gannaa Oromiyaa keessatti bara ka’umsa 2012tti km 55,815.22 irra gahee ture hanga xumura bara 2014tti km 63,810 irraan gahuuf karoorfamee, kilomeetira 58,981.30 irraa gahuun danda’ameera.Raawwii kun karoora waggoottan lamaan KIB irraa yeroo shallagamu %39.6 qofa yeroo guddatu karoora waggoottan shananii irraa immoo %14.8 qofa dabalee jira.Sabaaboonni raawwiin hojii kana gadi buusan ijoon daandii haaraan km. 3,166.08 fi daandii buleeyyii xumuramanii tajaajila kennuu bara 2012 hin eegaalaanii km. 1,344.19 waliigala km. 4,510.27 tajaajila kennuu yoo eegalanis pirojeektoonni bara 2013 fi 2014tti hojetamanii tajaajila kennuu qaban ijaarsa daandii kaappitaala km. 1,378 fi asphaaltii magaalaa km. 60, riqaalee haaraa km. 204 sababaa hanqina baajataatiin waan hojjeetamaa hin jirreef raawwiin gadi bu’ee jira.

Kanaafuu, ammas bara 2015ttiis baajatni pirojektootaaf qabame kan hin jirre waan ta’eef uwwisni daandii akka naannootti gadii bu’aa deemuu waan danda’uuf KIB waggaa 2ni hafe keessaatti pirojektootaaf xiiyyeeffannoo kennamee hojiin daandii hojjetamuun barbaachisaa waan ta’eef xiyyeeffaannoo mootuummaa argachuu qaba.

Gobbina daandii bal’ina lafaan (bal'ina lafaa Oromiyaa/ $km^2$ 1,000)n raawwiin isa bara ka’umsa 2012 km 153.6/1000$km^2$ irra kan gahe ture bara Karoora Imala Badhadhina waggoottan lamaanii keessatti km 175.5/1000 $km^2$ guddisuuf karoorfamee gara km 162.42/1000$km^2$ guddatee jira.

Raawwiin argame dhibbeentaan yeroo ilaalamu karoora bara ka'umsaa 2012 irraa %40.3 qofan kan guddate yeroo ta'u karoora waggaa shanii irraa ammoo %14.9 qofan akka guddate agrsiisa. Karoora fi raawwii wal-biratti yeroo ilaalamu garaagarummaa guddaan gidduu isaanii waan jiruuf bira gahama jedhamee kan yaadame irraa baay'ee boodatti hafee jira waan ta'eef, akkasumas raawwii uwwisa daandii waajjin waan wal qabatuuf hojiin misooma daandii dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha

**Giraaffii 25: Waliin gahiinsa daandii bonaa fi gannaa naannoo Oromiyaa**




Madda: BBIO

Misooma daandii kan ibsu keessaa inni tokko rukkina daandii baay'ina ummataatiin (baay'ina uummata Oromiyaa/1,000) yeroo ta'u bara ka'umsa waggaa 2012tti km 1.44/nama 1000 irra kan jiru bara KIB waggoottan lamaanii keessatti gara km 1.55/nama 1000 guddisuuf karoorfamee km 1.54/nama 1000tti guddisuun danda'ameera.

Akka waliigalaatti raawwiin karoora misooma daandii hanga barbaadame ta'u baatus raawwiin jiru rakkoo yeroo ammaa naannoo keenya keessatti argamu waajjin wal-biratti yeroo madaalamu jajjabeessaa dha jechuun ni danda'ama. Fuula duraaf karooricha saffisa barbaadamuun akka yaadametti hojjechuuf adeemsa waggoottan lamaan keessatti kallattii hundaan hanqina fi cimina jiru adda baaffachuun, rakkoo bajataa jiruuf furmaata barbaduun karooricha milkeessuuf tarsiimoo qopheeffachuun hojii booddeetti hafee jiru adda baasuun hojjeechuun barbaachisaa ta'a.

**Gabatee 18 : Raawwii Misooma daandii bara 2013-2014**

| Lak. | Agarsiftuu | Safartuu | Bara Ka'umsaa 2012 | 2013 | | 2014 | | 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar |
| 1 | Waliigala dheerina daandii bonaa fi gannaa | Km | 55,815 | 59,679 | 58,050 | 63,810 | 58,981.30 | 77,218 |
| 2 | Gobbina daandii bal'ina lafaan (bal'ina lafaa Oromiyaa/ $km^2$ 1,000) | Km/1000 $km^2$ | 153.6 | 164.23 | 159.85 | 175.5 | 162.42 | 212.63 |
| 3 | Rukkina daandii baay'ina ummataatiin (baay'ina uummata Oromiyaa/1,000) | Km/1000nama | 1.44 | 1.5 | 1.52 | 1.55 | 1.54 | 1.74 |
| 4 | Gidduu galeessaa yeroo daandii bonaa-gannaa bira gahuuf fudhatu (Bal'ina lafaa km2 Oromiyaa*0.5/Dheerina daandii km) | Sa'aatii | 3:25 | 3:04 | 3.13 | 2.85 | 3.08 | 2.35 |

Madda: BDLO

1) **Bulchiinsa Qabeenya Daandii**

Hojii ijoon bulchiinsa qabeenya daandii hojiilee daandii kanaan dura ijaaramanii wal-harkaa fuudhinsi raawwatee tajaajila kennaa jiran tajaajila isaanii itti fufsiisuu dha. Haaluma kanaan, bara KIB waggoottan lamaanii kana keessatti suphaa cimaa fi salphaa km.13,192.09 gaggeessuuf karoorfamee km. 12,887.48 (%97.7) raawwateera. karoora waggaa shanii irraa ammoo %62.9 raawwatamee jira. Hojii hojjatame kanaan daandii rakkisoo ta'anii tajaajila kennuu hin dandeenye hiikuun hawaasni tajaajila gahaa akka argatan ta'eera. Hojii raawwii gaarii irra jiru waan ta'eef caalmaatii hojjetamuu akka danda'uuf mootummaan Naannoo muuxannoo Federaalaa bira jiru fudhachuun suphaa fi baajata dabalataa qabuun fayyaa buleessummaa daandii irratti cimee hojjechuun barbaachisaa dha.

2) **Bu'uuraalee Geejjibaa fi Loojistiiksii**

Hojiin kun Biiroo Daandii fi Loojistiiksii Oromiyaatiif labsiin yeroo dhiyoo kan dabalamee fi hojiin karoorfatamanii hojjetamuu qaban bal'aa yoo ta'ees humni namaa gahaan caasaan ramadamee xiyyeffaannoon itti kennamee hojjetamaa kan hin jirre waan ta'eef ijaarsaa buufataalee konkolaataa magaalota adda addaa irratti gaggeeffamaa jiru raawwii isaa hordofuu qofatti daangeffamee waan jiruuf fuulduraaf xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduu dha.

Haaluma kanaan, akka waliigalaatti rakkoowwan ijoo misooma daandii fi loojistiiksii keessatti adda bahaan keessaa qorannoo fi dizaayiniin pirojektootaa xumuruun hojii keessa galuun amma illee guutuummaan gutuutti dhimma furame miti; gahee Loojistiiksiin misooma fi dinagdee biyyaa keessatti qabuun xiyyeffannoon itti hojjetamaa jiraachuu dhaabuu, sirni bulchiinsa kontiraaktarootaa fi gorsitootaa laafaa ta'uu, rakkoo dhiyeessii ijaarsaa meeshaalee jiraachuu fi sirni hordooffii fi deeggarsa pirojektootaaf godhamu laafaa ta'uun rakkoole misooma daandii fi loojistiiksii keessatti isaan ijoo dha.

Kanaafuu, rakkoolee kanneen furuuf bara karoora hojii itti aanu keessatti hojiiwwan akka kallattii fuulaa duraa fudhatamuu qaban;Qorannoo fi dizaayiinii pirojektootaa guutuumaan guutuutti xumuruun caalbaasiif qopheessuun harkifannaa pirojektootaa keessatti jiru salphisuu.sirna bulchiinsa kontiraaktarootaa fi gorsitootaa hojii irraa olchuun itti gaafatamuummaa mirkaneessaa deemuun rakkoo raawwii pirojektootaa keessatti jiru hiikuu,pirojektoota karoorfamaniif qorannoo fi dizaayiinii isaanii raawwatameef baajata qabuun hojii ijaarsaa keessa akka galan gochuun barbaachisaa dha,akkasumas, hirmaannaa uumataa hojii misooma daandii, bulchiinsa daandii fi misooma loojistiiksii keessatti guddisaa deemuun itti hojetamuu qaba.Misooma damee loojistiiksiif xiyyeffannoon guddaa kennuun ijaarsa pirojektoota buufata konkolaata qindaa'aa hojiin isaanii harkifateef hin jalqabamiin hafan akka hojii itti fufiinsa qabu keessa galan gochuun hojii murteessa dha. Dhuma irratti sirna hordoffii fi deggarsaa itti fufinsa qabu, rakkoo hiikuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessu hojii irra oolchuun barbaachisaa ta'a.

### 3.4.3 **Misooma Albuudaa**

Naannoon Oromiyaa qabeenya albuudaatiin badhaatu yoo taatu, akka biyyaatti naannoolee hojiiwwan misooma albuudaa keessatti babal'atan keessa sadarkaa duraa irratti argamti. Qabeenya albuuda naannichaa qo'annoon adda baasee hojiirra akka oolu gochuu, raawwii isaas hordofuu, ragaalee albuudaan walqabatan qabaachuu, mootummaa naannoo aangeffamee jira. Haaluma kanaan raawwii baroottan KIB lamaan darbanii gama misooma albuudaan jiru haala kanaan gadiin xiinxalamee jira.

Qorannoo adda baafannaa qabeenya albuudaa bara 2012 lafa km2 1394 ta'u irratti adda baafannaa qabeenya albuudaa kan gaggeeffamee ture yoo ta'u bara KIB 2013 tti lafa km2 650 irratti gaggeessuuf karoorfame lafa km2 802 ta'u irratti gaggeeffameera. Haaluma kanaan bara

2014 tti lafa km2 850 ta'u irratti adda baafannaa gaggeessuuf karoorfame lafa km2 806 ta'u irratti adda baafannaa lafa qabeenya albuudaa gaggeeffameera. Gama qorannoo qabeenya albuudaan waggootta lamaan darban keessatti albuuda Sookoo godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Daarimuu keessatti jiraachuunsaa kan beekame yoo ta'u albuuda dhagaa Cilee Godina Jimmaa aanaa Qarsaa keessatti gaggeessuun dhagaan cilee akka jiru adda bahee qorannoo biraaf yaada dhiyeessuun danda'ameera.

**1) Oomisha Albuudaa**

Karoora hojii bara baajeta 2012 keessatti akka naannoo keenyaatti gama oomisha misooma albuudaa, oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 39.48, oomisha albuuda induustirii $m^3$(mil) 11.7, Oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 5.45, oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.6, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 83.81 irra gaheee jira. Bara hojii 2013 keessatti oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 52.47, oomisha albuuda induustirii m3(mill) 14.91, oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 7.21, oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.77, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 96.70 oomishuuf karoorfamee, oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$(mil) 13.86, oomisha albuuda induustirii $m^3$(mil) 6.046, oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 4.092, albuuda miidhaginaa kg(kuma) 13.952 oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.059 oomishuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun, hojii misooma albuudaa kana cimsuun bara baajetaa 2014 keessatti oomisha albuuda ijaarsaa m3 (mil) 69.74 oomishuuf karoorfame $m^3$ (mil) 22.54 (%32.32), oomisha albuuda induustirii $m^3$( mil) 19.00 oomishuuf karoorfame $m^3$(mil) 5.79 (%30.47), oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 9.54 oomishuuf karoorfame kg (kuma) 4.46 (%46.75), oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.99 oomishuuf karoorfame toonii (mil) 0.074 (%7.47), oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 111.58 oomishuuf karoorfamee kg kuma 56.45 (%50.59) oomishamee jira.

Akka waliigalaatti raawwii karoora waggoota lamaa irraa dhibbantaan yoo xiinxalamu oomisha albuuda ijaarsaa %29.80, oomisha albuuda induustirii %21.53, oomisha albuuda sookkoo %51, oomisha albuuda sibiilaa %7.39, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa %33.80 oomishuu kan danda'ame yoo ta'u raawwii karoora waggaa shanii irraa dhibbantaan yoo ilaalamu albuuda

ijaarsaa (%22.25), albuuda induustirii (%18.58), albuuda sookoo (%38.67), albuuda sibiilaa (%6.27) fi albuuda miidhaginaa (%41.07) oomishuun danda'amee jira.

Raawwiin oomisha misooma albuudaa kan waggaa lamaa yoo xiinxalamu guutumaan guututti ta'uu baatus dhiibbaa adda addaa dandamachuun hanga danda'ame KIB bu'uraa godhachuun sochii keessa galuun kan nama jajjabeessu ta'e hojii gurguddoon akka hojjetamu karoorfame keessaa raawwii karoora waggaa shanii irraa albuuda dhagaa miidhaginaa %41.07, sookoo %38.67 fi albuunni induustirii %30.10 raawwachuun walduraa duubaan raawwii fooyyee qabaachuun sadarkaa gaarii irra akka jiran hubachuun danda'ameera. Akka waliigalaatti bara karoora lamaan darban keessatti lafa albuunni irraa ka'e hek. 852 misoomsuuf karoorfame keessaa lafa hek, 524.53 misoomsuun danda'ameera. Kunis raawwii KIB waggaa shanii irraa yoo ilaalamuu %16.81 irra akka jiru namatti agarsisaa.

**2) Galiiwwan Misooma Albuudaa**

Galii fi kenna hayyama hojiiwwan albuudaa irraa Qr. mil. 675 walitti qabuuf karoorfamee hanga bara 2012 Qr.mil. 475 sassaabamee galii kan ta'e yeroo ta'u albuuda al-ergee irraa sharafa alaa USD mil. 22.50 galii argamsiisuuf karoorfamee sharafni biyya alaa USD mil.23.00 ol argamee jira. Bara KIB 2013 Qr.(mil) 292.50 galii misooma albuuda al-ergee irraa galchuuf karoorfame raawwiin Qr.(mil)265.99 (%90.94) argachuun kan danda'ame yoo ta'u bara karoora 2014 al-ergee oomisha albuuda irraa USD (mil) 507.68 argachuuf karoorfame USD (mil) 306.11(%60.29) argachuun danda'ameera. Bifuma wal fakkaatuun galii biyya keessa oomishaa fi tajaajila albuuda irraa bara 2013 Qr.mil.250.00 argachuuf karoorfame Qr.mil 101.85(%40.74) argachuun kan danda'ame yoo ta'u bara 2014 immoo Qr.mil 300.00 argachuuf karoorfame Qr.mil. 321.47 (%107.16) sassabuun danda'ameera.

Akka waliigalaatti galii al-ergee fi tajajjila hojii albuuda biyya keessaa irraa raawwii karoora waggoota shanii irraa %n yoo shallagamuu %72.55 fi %76.97 wal duraa duubaan akka ta'e ragaa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis al-ergeen keenya waggaa lamaan KIB keessatti fooyyee ta'u isaa ni agarsiisa. Akka waliigalaatti waggoota lamaa darban keessaatti namoota 272,802 hojii uumuuf karoorfame namoota 216,572 (%79.4) ta'uuf hojii uumuun danda'ameera. Haa ta'u malee namoota hojii akka argataniif karoorfame keessaa %21 ol hojii osoo hin argatiin

hafuu danda’anii jiru. Kunis sababa hojii qindoomina caasaa garaagaraa bira jiru laafa ta’uu fi hojmaata jiru keessa darbuuf dadhabuu fi kennuu dhabuu caasaa sadarkaa sadarkaan jiruuti.

Haa ta’u malee, rakkoolee raawwii keenya keessatti baroota hojii lamaan darban keessatti mudatan yoo ilaallu,alseerummaa hojii misooma albuudaa keessattii mul’atu fkn, babalachuu gabaa guraachaa fi gatii gabaa adunyaa yeroo yeroon jijjiiramuu, rakkoo nageenyaa iddoo hojii misooma albuudaa ittii gaggeeffamu keessattuu iddoo albuudaalee kabajamoo fi miidhaginaa itti argamuu, ilaalchaa fi gocha kiraasassaabdummaa caasaalee mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran bira jiraachuu, rakkoo qindominaa qoodafudhattoota waliin jiraachuu laafaa ta’uu.
Akka waliigalaatti rakkoolee kanaa fi kan biraa hojii misooma albuudaa keessatti mul’atu furuuf kallattii armaan gadii kan hordofuun barbaachisaadha.
Humna raawwachiisummaa sadarka sadarkaan misooma albuuda keessa jiran karooraan deeggaruun cimsaa deemuu,hojii bulchiinsa misooma albuudaa itti fufinsa qabuu fi hawaasa bal’aa dadamaqsuun bal’inaan hirmaachisuu; ragaa qabeenya albuuda keenyaa qindeessuun qaqqabamaa taasiisuu fi Abbootii qabeenyaa biyya alaa fi biyya keessaa hirmaachisuun, damee kana irraa fayyadamoo akka ta’an gochuuf imaammataa fi hammata seeraa muuxannoo addunyaa irraa ka’uun akka fooyya’u taasisuu, Sirna galii misooma albuudaa galii naannoo keessatti shoora guddaa akka qabaatu taasisuun sakkata’aa fi madaqsaa deemuu,sharafa biyya alaa albuudaalee al-ergee irraa argamu guddisuudhaan gaheee guddina naannoo keessatti gama al-ergee albuudaatiin jiru akka guddutu gochuudha.

## 3.5 Raawwii Misooma Hawaasummaa

### 3.5.1 Misooma Barnootaa

Naannoon Oromiyaa Imaammata barnootaa akka biyyaatti taa'e bu'uureffachuun lammiileen naannicha keessa jiraatan hunduu carraa barnootaa wal-gitiinsa qabu argachuun dhaloota beekumsa, ogummaa fi naamusa gonfateen hojiilee misooma hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi bulchiinsa sirna dimookiraasii diriirsuu keessatti qabu mirkaneessuuf KIB qopheessee hojjechaa jira. Haaluma kanaan, carraa barnootaa baballisuu, walgitiinsa barnootaa mirkaneessuu, qulqullina barnootaa mirkaneessuu, ga'umsa keessoo barnootaa fooyyeessuu, barnoota al-idilee fi misooma hawaasaa cimsuun sirna bulchiinsa barnootaa ga'umsaa fi bu'a qabeessa taasisuuf hojjetamaa tureen xiinxala kana keessatti dhimmoonni akka muuxannooti cimuu qabnii fi raawwii karoora waggaa lamaa keessatti adda bahan akka itti aanuun dhiyaatanii jiru.

Dhaabbilee Barnootaa babal'isuun carraa barnootaa wal-gitinsa qabu babal'isuun daa'imman umuriin barnootaaf qaqqabe hundi carraa barnootaa argachuun hirmaannaa fi dhaqabummaa barnootaa mirkaneessuuf hojjetamaa tureen BSTD bara 2012tti 1943 ture karooraa fi raawwiin bara 2013/14 gaarii fakkaatu iyyuu manii 2017 qabame irraa %33.9 irratti kan argamu ta'uu isaa agarsiisa. Kunis bakka gahuu qabu irraa %16.8n duubatti hafee waan jiruuf karoora itti aanu kessatti xiyyeeffannaa barbaada.

Kun akkuma jirutti ta'ee, dhaabbileen BSTD babal'achaa jiran kun rakkoo heddu kan qaban ta''uun isaa daawwannaa dirreen muraasa gaggeeffameen ilaalamee jira. Istaandardiin jiru daree tokko keessatti daa'imman 30-35 yoo ta'u qabatamaa jiruun 75-105 ta'anii iddoon itti baratan ni jiru.
Fkf., Gujee ,Itiyoo-Yugozilaaviyaa, fi kkf)

Fakkii 1: BSTD Mana barumsaa Itiyoo Yugozilaaviyaa (GAONF Bulchiinsa Magaalaa Koloboo)



GAONF tti MB Itiyoo-Yugozilaaviyaa (daa'imman 105 kutaa tokko keessatti baratan)

Buufata barnoota ga'eessotaa bara 2012tti 14,760 ture bara 2014tti 18,974 irraan gahuuf karoorfamee ka'umsa bara 2012 irraa gadi bu'ee 14,032 irratti argamudha. Akkasumas, hirmaannaan ga'eessotaa bara 2014tti ga'eessota 2,284,937 barnoota calqabsiisuuf karoorfamee 1,724,056 (%75.45) duwwaan jalqabamuu isaa kan agarsiisuu fi meeqa akka xumuran hin beekamu. Bu'uuruma kanaan, babal'isuu buufataalees ta'ee hirmaannaan jiru gadi aanaa ta'uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, tarsiimoon duraan yaadamee hojjetamaa ture keessumaayyuu dhimmi qindoominaa haala yaadameen hojjechaa kan hin turree fi milkaa'inni gama kanaan jirus laafaa dha.

Barnoota sadarkaa tokkoffaa duraa (BSTD) ilaalchisee, dhaabbileen babal'achaa kan jiran ta'us rakkoo dhiphina kutaalee fi hanqinni barsiisaa kan jiru ta'uun isaa sakatta'insa (assessment) muraasa taasifneen daree tokko keessatti daa'imman 73-105 barachaa kan jiran yoo ta'u, rakkoo kana irraa kan ka'e bakki daa'imman barnootaaf maatiin ergan fudhachuu dadhabuun deebisan jiraachuun isaa ilaalamee jira. Waan kana ta'eef, karoora itti aanuu keessatti kutaalee fi barsiisaa sadarkaa kanaaf barbaachisu guutuun irratti hojjatamu kan qabu ta'a.

Hirmaannaan Barnoota Fedhii Adda sadarkaa 1ffa-2ffaatti jiru karoora irraas ta'ee manii bara 2017 tiif qabame waliin yoo ilaalamu baay'ee gaarii ta'ee ilaalame jira. Haata'u malee, hirmaannaan kutaa 7-8 fi 9-12 manii 2017 qabamee ol %117 fi %128 raawwachuu isaa waan agarsiisuuf milkayina addaa sadarkaa eegamuu olitti argame kanaaf karoorri taa'e pooteenshaala jiru ilaalame kan hin karoorfamne ta'uu isaa waan agarsiisuuf yeroo itti aanu keessatti sakatta'amee hojjechuu gaafata.

Reetiin hirmaannaa ilaalchisee reetiin hirmaannaa BSTD %38 irra kan jiru yoo ta'u, simannaan haaraa dilboo fi qulqulluu kutaa 1ffaa %162, %106 irratti akka argamu agarsiisa. Reetiin hirmaannaa BSTD hammayyuu baay'ee kan hafu yoo ta'u, simannaan haaraa dilboo fi qulqulluu kutaa 1ffaa garuu akka idil addunyaatti kan eegamuu olitti guddatee kan jiru waan ta'eef sababni isaa beekamee irratti hojjetamu kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Karaa wal fakkaatuun, Hirri barataa daree fi barataa barsiisaa BSTD bara 2014 wal duraa duubaan 1:65, 1:70 irra jira. Haata'u malee, istaandaardii 1:30 ta'uu qabu gaditti argama. Kanaafuu waggoottan sadan dhufanitti tarkaanifilee/ inisheetivii / bu'uura boruu fi humna barsiisaa sadarkaa kanaaf barbaachisu guutuun hojjatamuu qaba.

Fasiliitii Mana barumsa sadarkaa 1ffaa keessatti MB bishaan dhugaatii %38, ibsaa %29 mana dubbisaa %49.2 , kutaalee yaalii % 12.5 yoo ilaalamu kana jechuun MB, 15,201 bishaan dhugaati MB 9230, ibsaa MB 10,671, mana dubbisaa M/B 7723, kutaa yaalii MB 13,301 kan hin qabne ta'uu agarsiisa. Mana barumsa sadarkaa 2ffaa 1342 keessaa MB %66 bishaan %77.2 ibsaa qaba jechuun MB 456 bishaan, MB 305 ibsaa kan hin qabine yoo agarsiisu sadarkaa 2ffaa keessatti dhimmi mana dubbisaa fi kutaa yaaliis gumaacha inni gahumsa fi qulqullina barnootaaf qabu itti aansee dhimmoota xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamuu qaban ta'a.

Hirmaannaa uummataa misooma barnootaaf taasifame hirmaannaa waliigala taasifamu dabalaa kan dhufe yoo ta'u; waggotan darban lamaan biliyoonaan hirmaachuun kallatii hundaan rakkoo barnootaa hiikaa tureera. Hirmaannaa qarshii biliyoonaan dabalaa dhufe bara 2012tti bil. 0.67 ture bara 2013tti qarshii bil.8.60 rawwachuuf karoorramee qr bil. 5.60 yoo raawwatu itti fufiinsaan bara 2014, bil.25 raawwachuuf karooramee bil.16.8 raawwatee jira. Hirmaannaan taasifamu kun rakkoo walii gala keessa iyyuu rakkoolee gurguddoo irratti karoorfamuun karaa itti hiikuun yoo hojjatame hojii gaariif cimee itti fufuu qabuu dha.

Gama tarkaanfii haaraan bara 2013/14 fudhatameen ijaarsi projektii Manneen Barnoota Ifaa Boruu Sadarkaa 2ffaa 100, Bultii addaa 7 fi Manneen barnoota addaa 40 Waliigala MB 147 hojjechuuf karoorfamee bara 2014 MB Ifaa Boruu 94, Bultii addaa 7, mana barumsa addaa 33 yommuu tahu, walii gala 134 xumuramanii tajaajila kennaa jiru.

Gama biraan BSTD fooyyeessuuf hojiin hojjetamaa ture akkuma jirutti ta'ee; tarkaanfilee haaraa bu'uura boruu bara 2013,4915 raawwachuuf karoorfamee 1,854 raawwatee jira. Bara 2014tti

7,887 raawwachuuf karoorramee 4,931 hojjetamee jira. Tarkaanfilee haaraa kun gumaachi KIB karaa adda ta'een dhaabbilee barnootaa babl'isuun hirmaannaa barattootaa fi qulqullina barnootaaf taasise itti fufiinsaan facaatii isaanii karaaa eegeen cimee bakka hundatti hojjatamuu qaba.

Sagantaa nyaata barattoonni mana barumsaa keessatti guutamee barnootaan akka cimanii fi ga'umsaan akka baratan rakkoo qulqullinaa fi harcaatii gama kanaan hiikuuf waggoottan darban hojjetamaa tureen bara 2013tti barattoota 1,688,128 nyaachisuuf karoorramee 569,189 (%33.71), bara 2014tti 1,800.251 nyaachisuuf karoorramee 735,781 (%40.87) raawwatee jira. Mani 2017 ta'e waliin raawwiin hanga ammaa jiru % 9.2 fi gadi aanaa ta'u hubatamee waggoottan itti aanuu keessa iyyuu karoora 2015 qabamee 7,534,334 galma gahuuf hojii itti fufiinsaan milkeessuuf gahee waan qabuuf harcaatii waggoottan lamaan darban qorachuun sirreessuun hojjetamuu qaba. Gama biraan sagantaa faayidaa qabeessa kan itti fufiinsaan hojirra oolchuuf sagantaa nyaataa manneen barnootaa keessatti imaammatan/ dambii/ qajeelfamaan / muuxannoowwan turanii fi biyyoota biraa qoratamee yoo deeggarame hojii duulaa irraa gara hojiimaataan hogganamuun murteessa ta'a.

### 3.5.2 Misooma Fayyaa

Dhiyeessii qorichootaa fi ri'eejentoota laaboraatoorii bu'uuraa (Vital) ykn barbaachisoo ta'an sadarkaa dhaabbilee fayyaa mootummaa hunda keessatti karooraa ol raawwachuun %**86** irra gahee jira. Yeroo qaala'insi gatii humnaa ol ta'e kanatti karooraa ol raawwatamuun isaa haala gaariin xiyeeffannoo argachuu isaa waan agarsiisuuf akka ciminaatti ilaalamee jira. Haata'u malee, %14n hafe guutamee %100n gahuuf hojjetamuu qaba.

Ragaawwan gurguddoon jijjiirama (impact) waliigalaa agarsiisan kanneen akka umurii jireenyaa, du'atii haadholii fi daa'immanii sadarkaa naannootti hin hojjetamnee fi qaama biroo irraa argaman sadarkaa maal irra akka jiran hin beekamu. Akkasumas, du'aatii haadholii fi daa'immanii xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa kan qaban kanneen akka ANC-4, dahumsa haadholii ogeessaan, PNC, talaallii (penta-3, measels-2 fi talaallii guutuu) irratti ragaan EDHS waan hin qaqqabneef raawwiin gama kanaan jiru maal akka ta'e beekuun hin danda'amne. Haata'u malee, ragaan Bulchiinsaa Biiroo Fayyaatiin dhiyaate kan jiru ta'us ragaan tokko tokko amanisiisaa hin fakkaatu. Fkf uwwisaa talaallii gifiraa marsaa 2$^{ffaa}$ (measels-2) bara 2012tti **%5.2** akka ragaa EDHStti ture bara 2014tti ragaa Biiroo Fayyaatiin **%82** irra gahuu isaa agarsiisa.

Bara tajaajiloonni duraan turan haala qajeeltootiin (smoothly) deemaa hin turretti, waggaa lama keessatti %5.2 irraa kaasee %82 irraan ga'uun amansiisaa dha jedhanii fudhachuun fi murtee mootummaa dogoggorsisuu ni danda'a. Kanaafuu, sadarkaa naannootti haalli of-danda'amee ragaawwanii fi agarsiistuuwwan barbaachisoo itti argamuu danda'anii fi murtiin sirriin ittiin kennamuu danda'u faluun dhimma murteessaa ta'a.

Gama biraatiin, uwwisni fayyaa bu'uuraa dhuma KGT 1tti %98, ka'umsa KIB (bara 2012tti) %94 kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa kana %84tti gadi bu'ee jira. Kunis, bu'uuraaleen misooma fayyaa (hospitaalonni, buufanni fayyaa fi keellaawwan fayyaa) baay'ina uummataa waliin dabalaa waan hin jirreef uwwisni fayyaa bu'uuraa keenya gadi bu'aa deemuu isaa agarsiisa. Kun immoo tajaajila fayyaa bu'uuraa kennuu fi du'aatii fi dhibamuu hawaasichaa xiqqeessuun oomishaa fi oomishtummaa guddisuu irratti dhiibbaa mataa isaa waan qabuuf dhimma itti yaadamu qabu ta'a.

Reeshoo ogeeyyii fayyaa uummata tajaajilan ilaalchisee, lakkoofsi qaxarrii bara baraan dabalaa kan dhufe ta'us, reeshoon garaa garaa gadi bu'aa demuu isaa agarsiisa. Fkf, Reeshoon ogeeyyii fayyaa uummata 1000f taajaajilu bara 2012tti 0.76 ture 2014tti 0.57tti gadi bu'ee jira. Reeshoon hakiimaa uummata 1000f bara 2012tti 0.43 ture bara 2014tti 0.28 fi reeshoon narsii bara 2012tti 4.5 ture bara 2014tti 4.2tti gadi bu'ee waan jiruuf karoora dhufu keessatti bakka fooyya'insa barbaadu ta'a.

### 3.5.3 **Misooma Dubartootaa fi Daa'immanii**

Agarsiiftuuwwan raawwii ijoo misooma dubartootaa fi daa'immanii adda addaa irratti maniin KIB fi karoora mana hojii keessa jiru garaagarummaa waan qabuuf karoora itti aanu keessatti karoora akka naannootti irratti waliigalame fudhachuun sirreeffamuu kan qabu ta'a.

Hirmaannaa fi bakka bu'iinsa dubartootaa qaamolee mootummaa sadan keessatti qaban sadarkaa akeekameen raawwatamuu dhabuu irraan kan ka'e fayyadamummaan isaanii xiqqaachaa akka dhufe agarsiisa. Fakeenyaaf, Hirmaannaa dubartootaa seera raawwachiiftuu keessatti bara 2012tti %**19** irra ture bara 2014tti gara %29 guddisuuf karoorfamee tattaaffiin taasifamus dabalaa deemuu osoo qabuu gara %**17** tti gadi bu'ee jira. Kanaafuu, imaammataa fi taarsiimoo mootummaan jijjiiramaa yeroo ammaa kana hordofaa jiruun hirmaannaa fi bakka bu'iinsa dubartootaa sadarkaa hundaatti dabaluun fayyadamuummaa isaanii guddisuuf hojjetamaa

turullee milkeessuun waan hin danda'amneef karoora itti aanuu keessatti tarsiimoo addaan hogganuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.

Baayina ummataa naannoon keenya qabdu keessaa walakkaan dubartoota ta'uun beekamaa dha. Haa ta'u malee, akkaataa baay'ina isaaniitti fayyadamummaa dinagdee keessatti qaban guddisuun dubartoota dinagdeen akka of-danda'aan taasiisuuf maddoota galii dubartootaa utuban kanneen akka garee walgargaarsaa, waldaa qusannoo fi liqii, fandii dubartootaa, akkasumas walitti hidhamiisa gabaa cimaan umaamuu dhabuun fayyadamummaa dinagdee isaanii mirkaneessuu hin dandeenye. Kanaafuu; karoora itti aanu keessatti dinagdeen gahoomanii hojii misoomaa keessatti hirmaachuun oomshaa fi oomshitummaa guddisuu akka danda'an taasisuun xiyyeeffannaa barbaada.

Hojii misoomaa karaa guutuu ta'een gaggeessuuf miidhaa dubartootaa fi daa'immanii irra ga'u hambisuun murteessaa dha. Haa ta'u malee, fooramii maatii sadarkaa adda addaatti gaggeeffameen rakkoolee dubartootaa fi daa'immanii irratti mari'achuun fala waaraa kennuuf karorfamee hojjetamaa turus adeemsa hawaasni ofiitti fudhatee gara hojjitti jijiiruu irratti harkifannaa fi rincicni jiraachuu isaa agarsiisa. Bifuma walfakkaatuun, abbootii amantaa, abbootii Gadaa, haadholii Siinqee fi qaamolee adda addaa waliin qindoominaan hojjechuun gandootni 3,229 (%45) barmaatilee miidhaa geessisan (BMG) irraa bilisa taasisuun kan danda'ame ta'us ammayyuu harki caalaan (%55) ta'u keessatti BMG jiraachuu isaanii waan agarsiisuuf karoora itti aanu keessatti caalmaan irratti hojjechuu akka barbaachisu agarsiisa.

### 3.5.4 **Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa**

Hojiiwwan misoomaatiif haala mijaawaa uumuuf nageenya industirii keessatti mirkaneessuun mirgaa fi dirqama hojjetaa fi hojjechisaa hojimaataan hogganuun oomishaa fi oomshtummaa guddisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Haaluma kanaan, to'annoo bu'uuraa haala hojii fi fayyummaa fi nagummaa ogummaa industiriiwwan keessatti gaggeeffamaa turreen raawwiin kallattii karooraatiin jiru fooyya'iinsa kan qabu ta'us waliigala industrii naannicha keessa jiran 40,034 keessaa kan bira gahame %50 kan hin caalle waan ta'eef dhaqqabamaa akka hin taane agarsiisa. Kun immoo industirii keessatti tasgabbii uumuun oomishaa fi oomishtummaa guddisuu keessatti dhiibbaa mataa isaa waan qabuuf hojii to'annoo industirii naannichaa qaqqbamaa taasisuuf karoora itti aanu keessatti ajandaa ijoo ta'uu isaa agarsiisa.

Ejensiiwwan dhuunfaa hojii fi hojjetaa biyya alaatti walqunamsiisan haala itti hojjetan to'annoo fi hordoffii gaggeeffame bara 2012tti 109 ture bara 2014tti 172 irraan ga'uuf karoorfamee raawwiin 83(%48.26) to'annoo fi hordofiin kan gaggeeffamee yoo ta'u; raawwiin kun bara ka'umsaa irraa baay'ee gad bu'aa dhufuun kan agarsiisu ejensiiwwan kun karaa seera maleessaan namoota akka naanneessaniif carraa waan uumuuf karoora itti aanu keessatti hojii xiyyeeffannaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

Hojii misooma hawaasummaa keessaa inni ijoon tokko adeemsa ittiin hawaasni ofiin of gargaaru mijeessuun aadaa walgargaarsaa guddisuudha. Haaluma kanaan, harka qalleeyyii hiyyummaa hamaa keessa jiran tajaajiloota fayyaa bilisaa argatan bara 2012tti 94,687 turan bara 2014 tti harka qalleeyyii 300,000tti guddisuuf karoorfamee raawwiin harka qalleeyyiin 135,099 %45 ta'an waldhaansa fayyaa bilisaan akka argatan taasifamullee raawwiin baay'ee gad- aanaa waan ta'eef karoora itti aanu keessatti tarsiimoo fayyadamummaa hawaasa harka qalleeyyiin dhugoomsuu irratti hojjechuun murteessaa ta'a.

Qaamolee hawaasaa jireenya isaanii daandii gubbaa taasifatan (urban destitute) bayyaannachiisuu bara 2014tti namoota 12,600 sagantaa wabii nyaataa misoomawwaan tajaajiloota bu'uuraan fayyadamtoota taasisuun rakkoolee isaanii hir'isuuf karoorfameen raawwiin 6,680 (%53) raawwatamuu isaa agarsiisa. Haata'u malee, akka ragaan bulchiinsaa (BDhHH) agarsiisutti dhukkubsattoota sireerratti hafan 30,271 fi jiraattota daandii irra jiraatan 109,171 rakkoolee hawaasummaatiif saaxilaman keessatti 6,680 baay'ee gadi-aanaa fi walduraa duubaan %22 fi %6 duwwaa bira gahuu waan agarsiisuuf karoora itti aanee qophaa'u keessatti dhimma xiyyeeffannaa barbaadu ta'uu isaa agarsiisa.

### 3.5.5 Misooma Dargaggootaa fi Ispoortii

Fayyadamummaa dargaggootaa gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin jiru cimsuuf dargaggoota gurmeessanii hojiitti galchuu fi qacarrii akkasumas, gurmaa'insa hoggansa keessatti deeggarsa mootuummaatiin taasifameen hojiileen gurguddoon raawwatamaniis sosochii dinagdee irratti dargaggootaaf kenname kanaan dargaggootaa carraa hojii uummatanii fi fayyadamtoota fandii naannawaa ta'an irratti hordoffii fi deeggersi taasifame %55 duwwaa waan ta'eef waliigala fayyadamummaa dargaggoota mirkaneessuu irratti ammas hojiin guddaan kan hafu ta'uu isaa agarsiisa.

Galii misooma ispoortii naannichaa cimsuuf maddoota galii qoratameen maallaqa walitti qabame bara 2012tti qarshii 172,000,000 ture bara 2014tti gara qarshii 502,600,000 tti guddisuuf karoorfameen raawwiin argame qarshii 326,985,258 (%65) sassaabamee hojii misooma ispoortii babal'isuuf oolus raawwiiin gad ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, kaayyoo fi ergamni dhaabbilee ispoortii madda galii babal'isuun gargaarsaa fi eeggattummaa mootummaa jalaa bahaanii misooma ispoortii qaqqabamaa taasisuuf waan ta'eef karoora itti aanu keessatti dhimma ciminaan irratti hojjetamuu qabu ta'a.

Dhaqqabamummaa Bakkeewwan Oolmaa Ispoortii (BOI) bara 2012tti %25 irra ture bara 2014tti %75tti irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin %55 irratti argama. Haa ta'u malee, Ispoortiin hawaasa fayya qabeessa taasisuu bira darbee faayidaa dinagdummaa fi tokkummaa ijaaruu keessatti qooda olaanaa waan qabuuf BOI dhaqqabamaa taasisuu irratti hojjechuun hojii murteesssaa ta'uu agarsiisa.

Abbootii qabeenyaa misooma ispoortii keessatti hirmaachisuun guddina dinagdee fi hawwaasummaa keessatti ga'ee guddaa waan qabuuf industirii fi daldala ispoortii babal'isuun carraawwan hojii laammiileef uumameen fayyadamtoota dinagdee ta'anii jiru. Haa ta'uu malee, raawwiin misooma investimantii ispoortii kun fooyya'iinsa gaarii qabaatus, Oromiyaan burqaa atileetotaa taatee osoo jirtuu; baay'inaa fi bal'ina Oromiyaatiin sosochiin investimeentii ispoortii kun gahaa waan hin taaneef ammayyyuu dhimma kutannoo hoggansaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

Akkasumas bu'aa qabeessummaa misooma ispoortii mirkameessuuf leenjifamtoota giddugala mootummaa fi dhuunfaa keessatti kennuun yeroo yeroon ga'umsaa fi dandeettii isaanii cimsuun murteessaa dha. Haa ta'u malee, raawwiin yeroo ammaa kanaa leenjifamtoota giddugala mootummaa 7,150 (%76.32) fi dhuunfaa 562 (%52.27) argama. Kanaafuu, humna simannaa leenjifamtootaa giddugala mootummaa fi dhuunfaa guddisuun leenjifamtootaa egeree naannoo fi biyyaa keessatti horachuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha.

Bifuma walfakkaatuun, leenjifamtoota leenjii deeggersa mootummaan leenji'an bara 2012tti 22,500 ture bara 2014tti leenjifamtoota 30,800 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 2,650 (%8.60) irra jira. Haa ta'u, malee raawwiin gama kanaan baay'ee gad aanaa waan ta'eef dhimma xiyyeeffannaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

### 3.5.6 **Aadaa fi Turiizimii**

Karoorri sektarichaa kan waggoottan lamaan darbanii KIB waliin kan wal hin simnee fi Kallattii KIB kan hin hordofne ta'uun ilaalameera. Kunis Agarsiiftuuwwan KIB keessa jiran hundi gabaasa karoora fi raawwii sektarichaan qindaa'ee dhiyaate keessatti kan hin hammatamne ta'uu;

- Karoora sektarichaa fi KIB gidduu garaagarummaan mannii bal'inaan jiraachuu

Misooma industrii aadaa fi aartii ilaalchisee hojiiwwan akka hambaalee aadaafi uumamaa UNESCOtti galmeessisuu, Ganda Aartii Oromoo (Oromo Art village) fi Giddu gala Oomishaa fi gurgurtaa, industrii aadaa hundeessuu fi Afoola Oromoo gooroowwan afoolaan walitti qabuun qindeessuu; akkasumas misoomaa fi bulchiinsa turiizimiitiin walqabatee hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa hawwattootaa guutuu, carraa investimentii tuurizimii adda baasuu, dhaabbilee tajaajila tuurizimii babal'isuu fi tarsiimoo nageenya tuuristii eegsisu qopheessuu KIB keessatti akka agarsiiftuu gurguddootti qabatamanii utuu jiran karoora waggoottan lamaan darbanii keessatti utuu hin hammatamiin harca'anii kan hafan ta'uun ilaalameera.

- Haala qabataaa jiru beekanii karoorsuu irratti hanqinni kan jiru ta'uun ilaalameera. Kunis: -

Raawwiin karoora waggoottan lamaan darbanii baay'ee ol ka'uu fi darbee darbee gadi bu'uunis kan jiru ta'uu dha.

Sektaroota Aadaa fi Turiizimii (BATO, GAO, IQQO fi Komishinii Turiizimii) gidduutti akkaataa gahee fi aangoo mana hojii isaaniitiin akkasumas, walitti hidhamiinsa isaan gidduu jiruutiin wal dubbisanii sirnaan karoorsuu fi raawwachuu dhabuun kan mul'atu ta'uu ilaalameera. Manneen hojii kanneen gidduutti agarsiiftuuwwan walfakkaatan irratti garaagarummaan karoora fi raawwii kan mul'atu ta'uun xiinxala gaggeeffameen adda kan bahe jira.

Hojiin qorannoo misooma qabeenya turiizimii gaggeessuun, yaa'insa tuuristii biyya keessaa fi alaa akkasumas, galii yaa'insa tuuristii gama lamaan irraa argamu dabaluun walqabatee hojjatamuu qabu irratti Biiroon Aadaa fi Turiizimii fi Komishiniin Turiizimii Oromiyaa wal dubbisanii sirnaan karoorsuu dhabuu irraa kan ka'e dogoggorrii karoorsuu fi xiyyeeffannaan raawwachuu dhabuu fi raawwii hojiiwwan ibasamii haca'aa ta'uun ilaalameera.

Gama birooiin qorannoowwan Oromoo gaggeessuu ilaalchisee dhimmi “**Akkaadaamii Afaan Oromoo hundeessuu”** karoora keessaa harca’ee hafuu fi dhimmicha irratti BATO fi IQQO gidduutti yaadni garaagaraa kan jiru ta’uu, kunis BATO hojiin kuni gahee IQQO waan ta’eef kan dhiise ta’uu yoo ibsu IQQO ammoo IQQO hundaa’uun akka akkaadaamiin afaan oromoo hundaa’etti kan fudhatame ta’uu kan ibsan ta’uu fi gidduu kanatti agarsiiftuu kanaan walqabatee iftoominni kan hin jirre ta’uun ilaalameera.

## 3.6 . Raawwii Dhimmoota Deeggersaa fi Dandeessistoota Misoomaa

### 3.6.1 Sirna Qophii Karoora Misoomaa

Karoora Imaala Badhaadhinaa (KIB) galma barbaadame bira gahuuf, karoora KIB waggaa kudhaanii, waggaa shanii fi waggaa tokkoo qopheessuun bifa bu'aa qabeessa ta'een hojiirra oolchuun fayyadamummaa uummataa dhugoomsuuf hojjetamaa jira. Gama biraatiin, maniiwwan gurguddoo karoora misooma waggaa shanii (2013-2017) bu’uureeffachuun raawwii karooraa hanga 2014 xiinxalamee jira. Karoorri misooma yeroo dheeraa fi giddu-galeessaa haala tarsiima’aa ta’een karoora raawwiitti hiikamee (operational plan) akka hojiirra oolu taasisuuf maanuwaalii ittiin hojiirra oolu (Implementation manual) qophaa’ee jira. Akkasumas galmoota gurguddoo KIB milkeessuuf, hojiiwwan gurguddoo gama waggaa lamatti raawwataman agarsiiftuuwwan gurguddoo (KPI) irratti hundaa’uun, raawwii karooraa KIB keessatti hanqinaalee, rakkoowwan adda bahan, maniiwwan gurguddoo bara 2017 bira gahuuf karoorfamee fi kallattiiwwan fuula duraa qindaa’ee dhiyaate keessatti ragaalee pirojektoota sadarkaa naannootti adda bahan qindeessuun dokumantiin tokko qopheessuun danda’ameera. Tarsiimoowwan misooma mootummaa irratti hundaa’ee karoora misoomaa waggaa shanii mootummaa naannichaan raawwatamuuf qopheesse keessaa hojiiwwan bara baajataa 2013 fi 2014 keessa raawwataman hordoffii fi to’annaan taasifamaa tureen projektoonni baay’een yeroo fi qulqullina barbaachisu xumuramuun tajaajila uummataatif akka olu taasifameera. Galma ga’iinsa karooraa misoomaa naannoo hojiirra oolchuuf tattaaffii cimaan taasifamaa jiraachuun hubatameera.

### 3.6.2 Sirna Ragaa Naannoo

Tarsiimoowwan misooma mootummaa naannichaa bu’aa qabeessa taasisuuf, sirna xinnannoo diriirsuun ragaa haala ammayyaa’aa ta’een sassaabuu, qindeessuu, xiinxaaluu, maxxansiisuu fi

ragaa qulqullina qabu itti fayyadamtoota ragaatiif akka ta'uutti giddu galeessa tokkorraa akka argamuu danda'uuf "data base" naannichaa uumuudhaaf Yuunivarsiitii Finfinnee waliin ta'uun hojjetamaa jira.

Rakkoon gama ragaan jiru akka naannootti tarsiimoo fi imaammata qopheessuuf ragaan galtee waan ta'eef naannoon sirna ragaa sirrii hin qabne tarsiimoowwan misooma bocuun rakkisaadha. Rakkoo gama qulqullina ragaatiin jiru hiikuu fi itti gaafatamummaa akkasumas qulqullinni ragaa akka mirkanaa'uuf labsiin Xillannoo Naannoo bahe Caffeedhaan mirkanaa'ee jira. Hojirra oolmaa isaatiif kan gargaaru dambii fi qajeelfamni qophaa'ee kaabinee naannootiin mirkana'ee hojiirra akka olu taasifame jira. Labsiin kun bahuun isaa rakkoo gama qulqullina ragaatiin jiru daran kan hiiku jedhame amanama.

Hojiin ragaa bu'uuraalee misoomaa, faasiliitiiwwanii fi qabeenya uumamaa naannicha teknoolojii ammayyaa fayyadamuun sassaabuuf karoorfame waggoota lamaan darban keessa ragaaleen barbaachisoon walitti qabamanii itti fayyadamtootaaf akka dhiyaatu ta'e jira. Rakkoo hawaas-dinagdee magaaloota naannoo Finfinnee jiran irratti qorannoon gadi fageenyaa taasifameen qaamoleen ragaa qulqulluu barbaadan akka argatan taasisuuf pirofaayilii hawaas-dinagdee, maappiiwwan adda addaa fi ragaalee daangaa bulchiinsa aanaalee fi magaalotaa ibsan bocuu (shape file) qopheessuun rakkoo daangaa bulchiinsa magaalotaa fi baadiyyaa gidduutti uumamuuf kan furmaata kennu yoo ta'u, hojiin gama kanaan hojjetames jajjabeessaadha.

Ragaawwan siviilii akkuma mudataniin galmeessuudhaan, istaastiksii bu'uuraa maddisiisuun karoora ragaa irratti hunda'e qopheessuun, bulchiinsa hunda galeessaa fi misooma biyyoleessa karaa ammayya'aa ta'een deeggaruuf, ragaa qulqulluu fi nageenyumman isaa mirkanaa'ee tajaajila barbadeef akka ooluuf ergama latameef bu'uura godachuuf hojii galeessaa fi bulchiinsa ragaa hojjechaa ture jira.

Hojii waggoota lamaan darbe keessa hojjetameen taatee dhalootaa, du'a, gaa'ilaa, hiikkaa gaa'ela fi guddifachaa galmeessuu bara 2012tti taatee 482,604 irra kan ture, hanga bara 2014tti karoorri qabame 1,887,589 yoo ta'u raawwiin 1,551,390 (%82.2) dha. Raawwii galmeessa taateewwan waggaa lamaan darban kana keessa gandoota naannoo keenya jiran 7,448 keessa gandoonni 6,644 uwwisni galmeen taateewwanii kan qaqabee ykn haguugee jiru yeroo ta'u, kunis %89.2 irraa gahee akka jiru hubachuun danda'ameera. Akkaataa ragaa kanaatti taateewwan galmeessuu irratti hubannoon hawaasaa fooyya'aa dhufeera.

Haa ta'u malee, daddabarsi ragaa gandoota irraa eegalee hanga federaalaatti guyyoota jedhaman keessatti dhaqqabsiisuu irratti harcaatiin jiru yeroo gara yerootti fooyya'aa kan jiru ta'us gandoonni 1,735 (%24) itti fufiinsaan daddabarsuu irrtti hanqina kan qaban ta'uu fi yeroon ergan erga irra darbee booda taatee galmaa'e akka dabarsaa jiran hubatameera. Gama qulqullina ragaalee galmeeffamaniin walqabatee ragaaleen sababa qulqullina dhabuutiin gara gandaatti deebi'an bara 2012tti %3 irra ture bara 2014tti %0.6tti gadi bu'eera.

Hojii ragaa galmeessuu, qindeessuu fi ammayyeessuu fi bulchiinsa ragaa cimaa uumuu keessatti ga'een saayinsii fi misooma teknooloojii bakka bu'aa hin qabu. Kanaafuu, misoomaa fi itti fayyadama saayinsii fi teknoloojii dabaluuf hojileen kan akka tajaajiloota toora irraa (online) fi elektrooniksii kennuu, eegumsaa fi nageenyummaa siistemootaa fi wiirtuu daataa cimsuu fi bu'uuraalee cimdaa babal'isuu haala gaariidhaan raawwatamaa turaniiru. Haata'u malee, ga'umsa kalaqatiin naannoon keenyaa sadarkaa gadi aanaa irratti kan argamu ta'uu fi hojiin qulqullina oomishaa fi tajaajila fooyyessuuf hojjetaman raawwiin isaanii %10 gaditti argama.

Kanaafuu, bakka teknooloojiin keessattuu 'TQO'n bu'uura cimaa godhatee lafa hin qabannetti hojiin ragaa qindeessanii qabachuu, ammayyeessuu, saffinaa fi qulqullina isaa eeguun rakkisaa ta'a. Kunis karoora misoomaafis ta'ee odeeffannoo qulqulluu argachuu irratti gufuu guddaa uuma. Kanaaf, dhimmi ragaa bulchuu dhimma hawaasa odeeffannoo (information society) uumuuti waan ta'eef xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu qaba.

Haarcaatiin jiran manni maree galmeessa siviilii sadarkaan jiru hojii qabatamaatti kan hin galle ta'uu, qindoominni seektaraalee waliin jiru quubsaa ta'uu dhabuu, deeggarsa, hordoffii fi gamaggamni raawwii hojii waliigalaa karoora fi sagantaa qophaa'en karaa idilaa'een gaggeeffamuu dhabuu agarsiisa.

Kallattii gara fuula duraa hojiiwwan bulchiinsa ragaa cimaa uumuu, misoomaa fi itti fayyadama saayinsii fi teekinoloojii cimsuu, eegumsaa fi nageenyummaa siistemootaa fi wiirtuu daataa cimaa uumuu, uwwisa galmeessaa taateewwan shanan iddoowwan galmeessi eegalame hundatti gandoota hunda qaqqabsiisuu, leenjii dandeettii raawwachisummaa cimsuu fi hubannoo hawaasaa guddisuuf miidiyaa garagaraa fayyadamun fayyadamuun murteessa dha.

Walumaa galatti, hojiin ragaa galmeessuu, qindeessuu fi ammayyeessanii bulchuu ganda irraa kallattiidhaan kuusaa-daataa giddugalessaa irratti akka galu taasisuun akkaataa yaa'insi ragaa

yeroo gabaabaa keessatti qaama barbaadu bira qaqqabutti bal’inaan irratti hojjechuu fi hojiin dijitaalaayizeeshinii cimee akka hojiirra oolu gochuu barbaada. Dabalataanis ragaa jiru galtee karooraa fi misoomaa akka ta’u gochuuf hojjechuun murteessaa dha. Dhumarattis kalaqaa teknooloojii fi beekumsa biyya keessaa qabatamaan gara hojiitti jijjiiraa adeemuun akkuma jirutti ta’ee sirneessuun barbaachisaa dha.

### 3.6.3 **Qorannowwan Imaammataa**

Qorannoo mata dureewwan raawwii fi hudhaalee qonnaa kilaastaraa; xiinxala hojiirra oolmaa imaammataa fi tarsiimoo IMX fi godaansaa gara magaaloota Oromiyaa irratti gaggeeffamaa turan waggootan lamaan darban keessa qorannoowwan sadan guutummaan guutuutti raawwatamuun marsariitii Komishinii Karooraa fi Misoomaa Oromiyaa irratti akka bahan ta’ullee, bu'aa qoranoowwan gaggeeffamaa turan irraa argame arganoo/firii qorannichaa gara hojiitti jijjiiruu irratti hojiin hojetame laafaa ta’uun hubatamee jira.

Dhimma uummataa fi misoomaa naannoo keenyaa calaqqisiisan miidiyaa hawaasaatiin akka tamsa'u, akkasumas, barreeffamoota gaggabaaboo qopheessuun gaazeexaadhaan (Addis Zaman, Kallacha Oromiyaa fi Gaazeexaa Bariisaa,…) akka bahanii fi Oromiyaa Biroodkaastiingii Neetiiworkii (OBN) waliin ta'uun torbee torbeen sanbata galgalaa fi dilbata ganama sa’a 2:30 irraa eegalee ittifufiinsaan darbaa jiraachuun isaa uummani hubannoo dhimma uummata akka argatuu fi tajaajila qusannoo maatii irratti ilaalcha sirrii akka qabaatu hojiin hojjetame jajabeessadha.

### 3.6.4 **Sirna Hordoffii fi Gamaaggama Raawwii Misoomaa**

Hordoffii fi gamaaggamni meeshaa hooggansaa sagantaalee fi pirojektoota irratti odeeffannoo gahaa qabaachuun murtoo fi itti gaafatamummaa kennuuf gargaaru dha. Ijaarsa pirojektootaa misoomaa gurguddoo kanneen bu’a qabeessummaan isaanii mootuummaa Naannichaan mirkanaa’an fayyadamummaa uummataa daran dabaluuf ijaarsi isaanii kan xumuramee fi kanneen harkifannaa keessa jiran hordoffii fi gamaaggama taasisuun Mootummaaf dhiyaatee sirreeffamni barbaachisu akka fudhatamuuf gamaaggamni sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaatti gageeffaman hojii hordoffii dirree ijaarsaa pirojektota buleeyyii fi haaraa garaagaraa (sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchinsa magaalotaa) irratti gaggeeffameen bu’aan (argannoon) raawwii isaa qindaa’ee abbootii pirojektootaa fi mootummaaf dokumentiin

dhiyaatee yommuu ta'u; duub-deebii argannoo hordoffii dirree fi yaada furmaataa gamaggama pirojektootaa kana keessatti akkaataa argannoo bu'aa sakatta'iinsa ragaalee (dokcument review), daawwannaa hojii dirree, marii garee, af-gaaffii fi bar-gaaffii taasifameen rakkooleen ijoon harkifannaa hojii ijaarsa pirojektootaa kanaaf ka'umsa ta'an adda bahee jira.

Rakkoo Dizzaayinii fi Iniispeekshinii, Rakkoo qorannoo bu'aa qabeessummaa pirojektii gaggeessuu dhabuu, rakkoo qindoomina abbaa pirojektii, gorsaa fi kontiraakteeraa gidduu jiru, hanqina ga'umsaa fi dandeettii kontiraakteraa, hanqina hirmaachisummaa hawaasaa, hanqina hordoffii fi deggersaa abbaa pirojektii, rakkoo harkifannaa kaffaltii, rakkoolee bulchiinsa pirojektii, gabaarraa dhabamuu meeshaalee ijaarsaa fi qaala'insa gatii isaan gorguddoo ta'un adda bahee jira. Akka xiinxala kanaatti hordoffii fi gamaaggamni taasifamaa ture fooyyee qabaatullee sababa rakkoo adda baheef furmaatni hin ka'amneef galmaa gahiinsa pirojektoota irratti raawwiin galmaa'e jiru quubsaa miti.

Akka furmataatti pirojektoota itti dhiyeenyaan raawwii isaa hordofuu, madaaluu, gamaaggamaa deemuun barbachisaadha. Haala qabatamaa tureen rakkoo ture fooyyessuun, cimina ture caalmaatti itti fufsiisuu fi hojimaata haaraattis fayyadamuun baroottan itti aanan keessatti sirna hordoffii fi gamaaggamaa dirirsuun fi piroojectoota hanqinni raawwii irraatti mul'atan sirreessa deemuun barbaachisaadha.

### 3.6.5 Sirna Dhaabbilee Misoomaa

Dhaabbilee misoomaa sirna isaan ittiin bulan diriirsuudhaan bakka adda addaatti faca'anii kan jiran sakatta'iinsa taasifamee fi guddina dinagdee naannichaa keessatti shoora irraa eegamu akka bahan taasifameen dhaabbileen misoomaa mootummaan qooda olaanaa keessaa qabu 28 kan qooda xiqqaa keessaa qabu 22 fi kan guutummaan guutuutti kan mootummaa kan ta'e 6 fi walumaa galatti 56 kaayyoo hundaa'aniif akka galmaan ga'aniif raawwii hojii isaanii hordofaa deeggaraa jira. Gama biraatiin, dhaabbileen misoomaa kunneen kaappitaalli isaan sochoosaa jiran qarshii bil. 73.16 ol ramaduudhaan hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa garaagaraa hojjechuudhaan bu'a hawaas-dinagdee naannicha keessatti shoora guddaa taphataa jiru.

**Raawwii Piroojektoota Dhaabbilee Misoomaa**

Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhaabbilee misoomaa 8 sheeriin waliigalaa isaanii ittiin hundaa'an qarshii bil.20.7 ta'e keessaa gaheen mootummaa bitachuuf waada gale qar.bil.6.4 kan

ta’e keessa qar.bil. 3tti tilmaamamu kaffalee abbaa qabeenyummaa isaa mirkaneeffatee jira. Haaluma kanaan, bara 2013 fi 2014 keessa dhaabbileen misooma kanneen pirojektoota 97 guutummaan guutuutti kan mootummaa ta’an kaappitaala isaanii qar.bil.9.2 ta’e waliigalteen taasifamee hojjetamaa jira.  Kanneen keessaa ijaarsa bu’uraalee geejibaa 10, ijaarsa jallisii 22, ijaarsa bishaan dhugaatii 16, ijaarsa gamoowwanii 25 fi qotinsaa fi haaromsa boolla bishaanii 24 walii galteen taasifamee hojjetamaa jira.

Akka waliigalaatti, raawwiin pirojektoota waggoottan lamaan darban 261 qabaman keessaa pirojektotni 198 xumuramee jira. Dhaabbileen misooma naannoo keenya gaaddisa tokko jalatti akka hogganaman kan ta’e dhiyeenya kana waan ta’eef, xiinxala waliigalaa taasiisuun rakkisaa yoo ta’ee iyyuu, bu’a qabeessummaan isaan dinagdee naannoo keessatti qaban kan dabalaa dhufe fakkaata.

Kallattii Fuula Duraa Gabaasni dhiyaatu KIB giddugaleessa godhatee dhiyaachuu kan qabuu fi karoorri waggaa KIB irraa caccabee taa’uu qaba. Rakkoo mudate furuuf kallattii hundaan hariiroo hojii fi qindoomina cimaa ta’e uumuun hojjechuuf yaaluu; Moosajii misoomsuu kan hordoffii fi gabaasaa fi daataa beezii duraa duubaan akka hojjetamu taasisuu. Sirna sassaabbii fi bulchiinsa galii mootummaa naannichaa ammayyeesuun malaammaltummaa hambisuu irratti xiyyeeffannoon hojjechuun qisaasama baajata mootummaa irraatti raawwatu hambisuuf qabeenya qusannaa fi sirnaan hojii irra oolchuu irratti xiyyeefachuun hojjechuu.

Hirmaannaa uummataa cimsuun hojii tajaajila lammummaan misooma gaggeessuu. Rakkoowwan armaan olitti eeraman irra guddaan isaanii qindoomina, koree fi dhimmamtoota sekteroota mootummaa ta’an waliin kan raawwatamanidha. Kanaafuu rakkoowwan kana furuuf marii geggeessuu, hubannoo uumuu rakkoowwan akka furaman gochuu, deeggarsi Dhaabbilee Misoomaaf kennamu cimee akka itti fufu taasisuu, Sirna hordoffiifi deeggersaa cimaa diririsuun deeggarsaa fi hordoffii walirraa hin cinne gaggeessuun ciminaalee argaman gabbisaa, hanqinalee raawwii keessatti mudataan immoo hiikaa deemuu, muuxannoo gaggaarii qindeessuu qaama hojii ofii taasisuu, karoorri karoorfamuu qabu karoora ifa ta’ee, safaramuu danda’uu fi safartuun isaas kan murtaa’e ta’uu, Karoorri sekteraa fi KIB ka’umsii fi maniin isaa kan wal simu ta’uu qaba.

Karoorri karoorfamu kamiyyuu haala baratamaan osoo hin taanee saayinsiin deeggaramuun carraa jiru ilaaluun humna namaa, dandeettii fi baajata giddu galeessa godhachuu haala danda’uun karooramuu qaba.

## 3.7 . Bulchiinsa Gaarii fi Nageenyaa

### 3.7.1 Olaantummaa Seeraa Mirkaneessuu

Naannicha keessatti haqa dhugoomsuuf seera yakkaa fi imaammata sirna haqaa kabachiisuu, kabaja mirga dhala namaaf bilisummaa bu'uuraa lammiiwwanii kabajuu fi kabachiisuun, dantaa mootummaa fi uummataa eegsisuun tajaajila siyaataa, qulqulluu fi dhaqqabamaa ta'een haala haqummaa qabuun raawwachuu dhaaf aangoon labsiin mana hojichaaf kenname bu'uura godhachuun hojjecha turee jira. Akkuma beekamu naannoo keenya keessatti ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf baroota lamaan darban keessatti hojiilee hedduun hojjetamaa tureera. rakkoolee olaantummaa seeraa mirkaneessuu dadhabuu irraa kan ka'e uummanni tajaajila haqaa, si'aataa fi dhaqqabamaa argachaa akka hin ture beekamaadha. Uummanni haqaasaa maallaqaan bitachaa akka turee fi jiru waltajjii adda addaa irratti ibsaa jirachuun isaaf mootummaarratti komii guddaa kaasaa tureera.

Baroota lamaan darban ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf hojiiwwan hojjetama turan keessaa isaan ijoon: gama dandeettii of harka qulqulleessuu galmee yakkaa /Criminal investigation/ gosa hundaa bara 2012tti %96 irra ture hanga bara 2014tti %95.5 irraan gahuuf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin %98.6 irra gaheera; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %90.5 raawwatameera. Akkasumas dandeettii of harka qulqulleessuu dhimmoota gosa hundaatiin raawwiin hanga 2012tti %96 ture hanga bara 2014ti %95.5'n gahuuf karoorfamee raawwiin %99.7 irra gaheera; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %91 raawwatameera. Haaluma kanaan, yakkoonni kanneen akka yakkaa maalamaltummaa, dubartootaa fi daa'immanii, akkasumas, yakkoota biroo irratti hojiilee hojjetamaniidha.

Dhaqqabamummaan tajaajila seeraa bilisa argatan guddisuuf hojii hojjetameen waggoottan lamaan darbanitti namoota 15,774 ta'aniif tajaajila bilisaa kennuuf karoorfamee namoota 40,278 tajaajila akka argatan ta'een manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %161 raawwatameera. Hirmaachisummaa hawaasa bal'aa kenniinsa tajaajilaa keessaa raawwiin %93 gaheen manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %80 raawwatameera. Dhaqqabamummaa fi si'oominni tajaajila abbaa alangummaa dabale ilaalchise raawwiin jiru gaarii ta'uus gamaa dandeettii of harkaa

qulqulleessuu galmee yakkaa fi dhimmoota hundaatiin ammas dhimma irratti xiyyeefatame hojjetamu qabudha.

Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf hojiileen gama dabaluu uwwisa uummataa/namoota hubannoo seeraa argatanii hanga 2012tti mil. 4.5 irra gahee ture hanga bara 2014tti mil. 16’n gahuuf karoorfamee raawwiin mil. 31 raawwatamee manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %45 irra jira. Haa ta’u malee, hojiin bal’aan gama kanaan hojjetame akkuma jiruutti ta’ee haala qabatamaa jiruun yeroo ilaalamu abdachiisaa akka hin taane agarsiisa.

Komii tajaajilamtootaa hir’isuu keessatti dhuma bara 2012tti raawwiin kan hin ture yoo ta’u, hanga bara 2014tti %16 irraan gahuuf karoorfamee %11.1 raawwatameen manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin yoo ilaalamu %69.4 irra jira. Kana malees, harcaatii galmee qulqulleessuu ykn eeruu irratti hanga bara 2012tti %28 ture hanga bara 2014tti %26 irraan gahuuf qabamee raawwiin %17.5 irra gahame manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 91 raawwatameera. Humna dandeettii adabsiisuu dhimmoota yakkaa gosa hundaa yookiin dandeettii mo’achuu falmii hanga bara 2012tti %94 ture hanga bara 2014tti %95.5 raawwachuuf karoorfamee %94.6 raawwatameera, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 89 raawwatameera.

Gama dabaluu dandeetii deebisiisuu/dhorkisisuu qabeenya yakkaan argameetiin bara 2012tti %76 ture hanga bara 2013tti %78 irra gahee jira. Bara 2014tti mil. 55 karoorfamee mil. 151 deebisiisuun danda’amee yoo ta’u, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 92 irratti argama.

Humna dandeettii deebisiisuu dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi uummataa irratti bara 2012tti %78 ture bara 2013 fi 2014 karoorfamee % 82 fi mil. 1.2 yoo ta’u, raawwii %88.5 fi mil. 2.1 deebisiisuun kan danda’ame yoo ta’u, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 89 raawwatameera. Gama biraatiin olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti baay’ina namoota leenjii dandeettii raawwachisummaa cimsuu hanga bara 2014tti namoota 4,500 iraan gahuuf karoorfameen 4,724 raawwatameera. Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 86 raawwatameera. Gama dandeettii qulqulleessuu dhimma badii naamuusaa abbootii alangaa bara 2012tti %93 ture

hanga bara 2014tti %92.2 gahuuf karoorfamee %84.6 raawwatameera. manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %91 raawwatameera. Raawwiin jiru ammaalee fedhii hawwaasa keenyaa hubaachuun kenniinsa tajaajila quubsaa ta'ee laachuun yeroo ilaalamu hanqina guddaa akka jiru namatti agarsiisa. Uwwisa manneen hojii mootummaa hordoffii hojiirra oolmaa seeraa irratti haaluma taasifame hanga bara 2014tti %22 irraan gahuuf karoorfamee %36 raawwachuun danda'ameera.

Qulqullina mirkaneessa ragaa fi kenna hayyaamaa, to'annoo fi deeggarsa hojii Abukaatoo, barreessitoota dhimma seeraa fi waldaalee bu'aa maleeyyiif taasifameen hanga bara 2012tti %95 ture hanga bara 2014tti %98.5 irraan gahuuf karoorfameen %105.7 raawwatameera, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu % 98 irra akka jiru ilaalameera.

Sirreeffamtoota seeraa manneen sirreessaa keessatti argaman bu'uura akeekawwan qabiinsa mirga namoomaa aduunyaa biyyaatiin mallateessite kabajuu fi kabachiisuun waantotni guutamuufii qaban kan akka nyaata gahaa, iddoo ciisichaa, yaala bilisaa, maatii fi firoottan isaaniitiin daawwatamuu akkasumas miidhaan qaamaa fi sammuu kamiyyuu akka irra hin geenye hojjetamaa kan jiru yammuu ta'u, kan akka 'Amakkiroo', Jijjiirraa fi ol iyyannoon yeroo isaa eeggatee akka raawwatamuuf taasifamaa tureera.

Haaluma kanaan, qabiinsa mirga namummaa sirreeffamtoota seeraa mirkaneessuuf hojiwwan hojjetaman keessaa: Nageenya sirreeffamtoota Seeraa mirkaneessuu, jijjiirraa amalaa sirr/seeraa irratti hojjechuu, barumsa hubannoo kennuu, tajaajila gorsaa garee fi dhuunfaa raawwachuu, barumsa bu'uuraa (ga'eessotaa) fi idilee, sirr/seeraa leenjii ogummaa adda addaa irratti hirmachisuu, sirr/seeraa hojii yerootiin gurmeessuu (carraa hojii uumuu) kkf hojjetama ture jira.

Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gama mana murtii aadaan bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti beekamtii argateen hawaasni wal-dhabdee isaa karaa mana murtii idilee qofaan hiikkachuun baasii fi dhamaatii waan qabuuf gara duudhaa isaatti deebi'ee waldhabdee haala aadaa isaatiin hiikkachuu akka danda'uu fi murtii gama kanaan kennamu akka murtii mana murtii idileetiin kennamuutti beekamtii argatee hojiirra akka ooluu dhaabbilee waldhabdee hiikaa jiraniif beekamtii kennuu fi bakka hundaa'ee hin

jirretti hundeessuun barbaachisaa ta'uu isaa qorannoon gama ILQSO gaggeeffame akeekee kan bu'uureffate dha.

Gandoota akka waliigalaatti jiran 7,482 keessaa gandootni 5,954 manneen murtii aadaa hundeeffaman jalatti hammatamanii jiru. Kunis MM aadaa jalqabaa hundaa'e beekamtii kan argate 138 fi haaraa kan hundaa'e 5,290 ida'aama 5,428 hundeeffameera. Mana marii aadaa ol-dabarfata hundaa'e beekamtii kan argate 20 haaraa kan hundaa'e 257 waliigala 277 hundeeffameera. Manneen murtii aadaa kun yeroo gabaabaa kana keessatti hojiiwwan hojjetan ilaalchisee manni murtii aadaa jalqabaa dhimmoota 48,223 simatanii dhimmoota 34,743 (%72.04) furmaata kennanii jiru. Manni murtii aadaa ol-dabarfataa dhimmoota 4,916 simatanii dhimmoota 4,267 (%86.79) furmaata kennanii jiru.

Dhimmoonni isaan ilaalanii furmaata kennaa jiran dhimmi maatii diigame deebisanii ijaaruu, mirga daa'immanii, mancaatii bosonaa, falmii lafa baadiyyaa fi magaalaatiin, waldhabdee gosa gidduutti uumamee lubbuun namaa darbaa ture araarsuunii fi dhimmoota ragaan argamuu dhabee haqa dhokatee ture akka ba'u gochuun namoonni yeroo dheeraaf waldhabanii turan walitti araaramanii akka nagaan jiraatan taasisaa jiraachuu murtiiwwan kennamanii jiranii fi marii hawaasa waliin taasifameen mirkaneeffachuun danda'amee jira.Walumaagalatti hawaasa jidduutti nageenya buusuun akkuma jirutti ta'ee dhimmooni hanga ammaatti karaa mana murtii aadaatiin furmaata argachuu isaatiin baasii abbootii dhimmaa baasan  tilmaama qar.78,020,000 shallagamu akka hafu taasisee jira. Walumaagalatti hundeeffamni mana murtii aadaa ummata keenyaafis ta'e sirna haqaa naannoo keenyaa sadarkaa ol'aanaatti ceesisuu keessatti bakka ol'aanaa kan qabuu fi akka biyyaatti hojii fakkeenyummaa qabudha.

Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf rakkoolee sirna haqaa naannicha keessatti mul'atan hiikuuf hojiiwwan qorannoo fi qo'annoon seeraa karaa qulqullina qabuun akka raawwatamuuf hojiilee hedduun hojjetamaa tureera. Qo`annoo fi qorannoo seeraa mata dureewwaan 7 irratti gaggeessuuf karoorfamee 6 (%85.7) raawwateera. Dandeettii, gahuumsa, naamusaa fi miira tajaajiltummaa ogeessota qaamolee haqaa/seeraa dabaluu fi ol'aantummaan seeraa mirkaneessuu danda`u irratti hojjechuu barbaachisaadha. Qorannoowwanii 4 joornaalii seeraa Oromiyaa irratti maxxasiisuun rabsuuf karoorfameen, 2(%50) raawwatee jira.

Xiinxala raawwii waggoottan lamaan darban gaggeeffameen olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti haala muuxannoowwan gaariin raawwataman keessaa:- baay'ina namoota tajaajila seeraa bilisa argatan, mana murtii aadaa hundeessuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaan akka gumaachan taasisuu, uwwisa namoota hubannoo seeraa argatan, dandeettii deebisiisuu qabeenyaa yakkaan argamee, qulqullina mirkaneessaa ragaa fi kenna heyyamaa, humna dandeettii deebisiisuu dhimmoota hariiroo dantaa mootummaa fi uummataa, dhimmoota akka fakkeenyaatti ilaalamaniidha.

Dhimmoota olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti harcaati kan qaban xiinxala raawwii taasifameen addaan bahan keessaa ijoon:- akka sekteroota olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gahee olaanaa qabanitti haala hubannoon ittiin karoorfamanii raawwatamaa turan kan wal-hin simnee fi kan wal hin dubbisnee ta'uu, dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa, komii gama kenna tajaajila hir'isuu keessatti hanqinni jiraachuu, humna dandeettii adabsisiisuu dhimmoota yakkaa gosa hundaa, wal hubannoo fi qindoomina qaamolee haqaa jiddu jiru hanqina qabachuu, safartuulee agarsiistuuwwaniif kennamanii turan sirrii kan hin taanee fi bakka tokko tokkotti wal-makee argamuu, yakkoota ciccimmoo dantaa mootummaa fi uummataa keessatti yeroo fi bakka adda addaatti seer-maleessummaa raawwatamaa jiran irratti hirmaannaa hawaasa cimsuun irratti hojjechuun ol'aantummaa seeraa dhugoomsuun itti quufiinsa uummanni mootummaa irratti qabu akka dabaluuf hojiin hojjetame qubsaa ta'uu dhabuu, mirga namoomaa eegsiisuu irratti hanqinni guddaan jiraachuu, kkf  isaan ijoo dha.

Xumura irratti, olaantummaa seeraa mirkaneessuuf aangoo fi ergama mana hojiif kenname bu'uura taasisuun galmoota bara 2017 biraan gahuuf qabaman milkeessuun karoora imala badhaadhinaa waggaa shanii qophaa'e hojii keessaa jiru irratti hunda'uun raawwii hojii waggoottan lamaan darban akkaataa gamaaggamameen hojiileen hedduun hojjetamaa tureera. Muuxannooleen turan akkuma jiranitti ta'ee, akkaataa uummanni fedhii fi komii olaantummaa seeraa ilaalchisee mootummaarratti kaasaa jiruun ammas tajaajilli guutuu fi gahaa ta'ee kennama akka hin jirre mirkaneessa. Kanaafuu, tajaajila haqa dhugoomsuuf gahumsa oggeessota seeraa cimsuu, tajaajila gorsaa fi qorannoon seeraa sadarkaa barbaadamee irra gahuuf haala uummatichaa giddugaleessaa taasisuun raawwatamaa waan hin jirreef, yeroo itti aanu keessatti fedhii fi yaada ummata giddugaleessaa taasisuun caalmaan hojjechuu akka barbaachisuu gamaaggamaa taasifameerra hubachuun danda'ameera.

Haaluma kanaan, galma tarsiimoo qabaame biraan gahuuf karoora kan waggoottan sadan dhufanii keessatti dhimmoota gurguddoo tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamu qaban irratti hundaa'uun karoorsuun barbaachisaa ta'a.

Kanafuu, olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gara fuula duraatti, dhimmoonni caasaan sadarkaa sadarkaan jiru tarkaanfiin sirreeffamaa fudhachuun hojjechuu qabanii keessa:

- Qaamolee haqaa caasaa isaan sadarkaan jiru cimsuun ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'uuf gahee isaanii akka bahaan taasisuu;
- Yakkoota ciccimmoo dantaa mootummaa fi uummataa yeroo fi bakka adda addaatti seer-maleessummaan raawwatamaa jiran hirmaannaa hawaasaa cimsuun irratti hojjechuu;
- Itti quufiinsa uummanni mootummaa irratti qabu akka dabaluuf gaaffii fi fedhii uummataa yeroo gara yerootti qorachuun irratti hojjechuu;
- Humna raawwachisummaa abbootii alangaa cimsaa adeemuu, humna dandeettii adabsisuu yakkoota adda addaa fi harcaatii galmeewwanii xiqqeessuu;
- Mirga namoomaa eegsisuuf qaama nageenyaa wajjin waloon hojjechuu, karoora wal-simatee fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu danda'uu qopheessuun ittiin hogganamuuu;
- Agarsiftuuwwanii fi safartuulee raawwii iftoomina hin qabne irra deebiin fooyyeessuun karoora waggoottan sadan dhufanii qopheessuu;
- Pootenshaala jiru adda baasaanii karoora hiixataa qopheessuu, sirna wal hordoffii qaamolee haqaa fi nageenyaa gidduutti cimsuun bu'aa barbaadame dhugoomsuun barbaachisaadha.

### 3.7.2 Nageenya Waaraa Mirkaneessuu

Naannoo Oromiyaa keessatti caasaalee nageenyaa qindeessuun, sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta'e ijaaruu, walitti dhufeenya naannolee ollaa waliin jiru cimsuun, aadaa fi duudhaan waliin jireenya amantaalee cimsuudhaan ummata bal'aa hirmaachisuun yaaddoo nageenyaa kamiyyuu dursanii adda baasuun ittisuu fi nageenya amansiisaa itti fufiinsaan mirkaneessuuf ergama kennameef bu'uura godhachuun hojii keessa turan jiru.

Haaluma kanaan, mootummaan naannoo Oromiyaa nageenya naannichaa mirkaneessuudhaaf gama tokkoon diina hidhatee naannicha keessa socho'u irratti tarkaanfii fudhachaa, gama birootiin immoo misoomni eegalame akka hin gufanneef hojii olaanaa hojjechaa turee jira.

Caasaan nageenyaa qindoominaan yakka ittisuu fi ergama kennameef akka bahuuf sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta`e diriirsuu, uummata bal'aa hirmaachisuun yaaddoo nageenyaa dursanii adda baasuun yakkaa ittisuu fi qorachuun nageenya amansiisaa fi waaraa ta`e itti fufiinsaan mirkaneessuuf tattaafachaa turee jira.

Bara 2012tti yaa`insa odeeffannoo/Intelligence/ haala nageenyaa 172,700 qindaa`ee dhiyaatee ture, bara 2014tti 578,260 irraan gahuuf karoorfameen 385,400 (%66) raawwatamee jira.

Duudhaa nagaan waliin jireenya dhaabbilee amantaa adda addaa 3,143 hordofuuf karoorfameen dhaabbilee amantaa 3,099 (%98.6) keessatti raawwatameera, hawaasani hubannoo gaha akka argatu hojii hojjetameen bara 2012tti mil.13.8 irra ture bara 2014tti hawaasa mil. 3.9 irraan ga'uuf karoorfameen hawaasa mil.5.5 tiif aawwatamee manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %56.6 irratti argama.

Aadaan nagaan waliin jireenya hawaasaa naannolee ollaa naannoo Sumaalee, Ummata Kibbaa, Amaaraa, Sidaamaa, B/Sh/Gumuz, Gaambeellaa fi Affaar waliin karoorfameen marii fi konfiraansii dhimma babal'ifannaa daangaa, sochii farreen nageenyaa, kontiroobaandii fi alseerummaa adda addaa daddabrsa meeshaa waraanaa, baala sammuu namaa hadoochan, daddabarsa dhala namaa, daldala seeraan alaa karaa qindoomina qabuun hordoffii fi to'annoon gaggeefaman bara 2012tti namoota mil. 3 ta'an waliin gaggeeffamee ture bara 2014tti mil. 4,737,429 irraa gahuuf karoorfameen namoota mil. 5,953,325 raawwatameera.

Bu'aawwan konfiraansii kana irraa argaman walitti bu'iinsa uumamu hirmaannaa hawaasaan xiqqaachuu fi walitti dhufeenya hawaasaa cimaa dhufuu, humnootiin gocha diinaa qabatanii socho'an sochiin isaanii akka fashalaa'u gochuuf hojiiwwan hojjetama tureera.

Gama misoomaanis mootummaan naannoo keenyaa pirojeektii mana barumsaa Ifa Boruu sadarkaa lammaffaa naannoolee Sumaalee, Ummata Kibbaa, B/Sh/Gumuzii fi Gaambeellaa keessatti ijaarsisuun hariiroon naannoo oollaa gidduu akka dabaluuf hojii guddaa hojjechaa turee jira. Waggoota lamaan darban keessatti walitti bu'iinsa dursanii akeekkachiisuu fi deebii atattamaa kennuuf namoota mil. 3 ta'aniif hubannoo uumuuf karoorfamee namoota mlil.3.1 (%101) raawwachuun danda'ameera.

Humna milishaa naannichaa sadarkaa godinaa, aanaa fi gandatti leenjii loltummaa fi siyaasaa dandeettii raawwachiisummaa milishaa cimsuu danda`uu milishaa 549,973 ta`aniif kennuuf karoorfameen milishaa 489,879(%89) leenjisuun danda'amee jira. Humna haaraa milishaa 294,424 ta`an foo`annoo fi filannoo gaggeessuuf karoorfameen milishaa 234,330(%79.6) humna haaraa fo`atamee milishaa duraanitti dabaluun danda'amee jira.

Milishaa sadarkaaa addaa addaatti leenjii fudhate ijaarsa gaggeeffameen saglii 48,879 tuuta 12,858 fi cibraa 352 tiin raawwatamee bobbii sadarkaa gandaa, aanaa fi godinaa irrati gaggeessuun hojii nageenya mirkaneessuuf hojjetamaa turee jira. Hojii opireeshiniif milishaa iddoowwan eegumsa/surveillance and enforcement/ dhabbii 17,406 adda bahe irratti humna milishaa 40,000 ramaduuf karoorfamee, humna milishaa 57,567 ta`an ramadamee hojiin bobba`iinsaa fi eegumsa hojjetamee turee jira, iddoowwan eegumsa sochii eegamaa jiru giddu galeessaan aanaan tokko iddoo eegumsaa 27 akka qabaatu hojjetameen iddoowwan eegumsa sochii 10,145 adda bahe irratti humni milishaa 371,109 ramadamanii bobbasuuf karoorfameen humna milishaa 113,180 (%30.5) bobbaasuun sochii farreen nageenyaa to`achuuf hojii hojjetama ture jira. Duraan ganda tokko keessatti bayyina milishaa 20 irra kan ture bara 2014 keessati gara 75tti ol guddisuun hojii nageenyaa mirkaneessuuf gahee isaanii akka gummaachan tasifameera. Haaluma walfakkatuun iddoowwan sakkata`iinsa 5,542 adda bahe irratti humna milisha 23,476 ta`a hojiiwwan sakkata`iinsa irratti bobbasuun danda`amee jira.

Walumaagalatti hojii bobba'iinsaa fi oppireeshinii nageenyaa mirkaneessuuf hojjetameen iddoowwan eegumsa dhaabbii fi sochii 27,551 addaan bahe irratti humna milishaa 411,109 bobbaasuuf karoorfameen raawwiin milishootta 170,747 (%41.5) ta'an bobbaasuun nageenya akka tasgabbeessan taasifamee jira.

Gama biraatiin, nageenya mirkaneessuuf hojii gaachana sirnaa karaa guutuu ta'een akka hojjetamuuf caasaan akka diriiru ta'een hojii filannoo, gahoomsuu fi gurmeessuu gaachana sirnaa hojjetamaa turee jira. Miseensa gaachana sirnaa namoota mil. 2.22 ta`an filachuuf karoorfameen namoota mil. 2.092 (%94) ta`an fi'achuun danda`ameera. Hanga bara 2014tti gaachana sirnaa kanaan hojii eegumsa dhaabbii, sochii fi sakatta'iinsa irratti namoota mil. 0.5 bobbaasuuf karoorfamee mil. 0.484 (%96.8) hojii eegumsaa irratti bobbaasuun danda'amee jira. Gurmaa'iinsa gaachana sirnaa gaggeessuun hojjetamee ture salgii 152,037 fi tuuta 72,857 ijaaramee jira. Hawaasni yakka ittisuu fi nageenya naannoo isaanii akka mirkaneessaniif baroota

lamaan kana keessa namoota mil. 4.7 ta'aniif hubannaa kennuuf karoorfameen namoota mil. 4.4 (%93) ta'aniif hubannoon kennameera,

Gama humna poolisii cimsuutiin, waggoottan lamaan darban keessatti poolisii 42,000 filachuun karoorfamee namoota 44,451(%105.8) kan ta'an leenjii xumuranii hojiitti akka bobba'an taasifamee jira. Haaluma walfakkaatuun, humna poolisii sadarkaan jiran gahoomsuun ittisaa yakkaa fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka bahaniif leenjii yeroo dheeraa fi gabaabaatiin namoota 92,164 kennuuf karoorfameen hoggansaa fi miseensota poolisii 100,901(%109.5) ta'an yeroo adda addaa leenji'anii hojiitti akka bobba'an taasifamee yommuu ta'u, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %73 irra jira. Gama tajaajila poolisii hawaasaan hubannoo ittisa yakkaa irratti bara 2012tti 105,175 irra ture konfiraansii fi mariidhaan hanga bara 2014ti namoota mil.12.9 gaggeessuuf karoorfameen namoota mil. 23.3 raawwatameera,

Istaandaardii 'poolisiin tokko nama 600 tajaajiluu qaba' jedhu qaqqabsiisuuf baroota lamaan darban keessa hojiin hojjetame gaarii ta'us, reeshiyoon yeroo ilaalamu raawwiin isaa hanga bara 2014 humni poolisii ture baayinni isaa 70,160 yoo ta'uu; uummata 42,096,000 tiif tajaajila kenna jedhameetu tilmaama. Garuu, humni kun harki caalaan isaa poolisii humna addaa fi poolisii riphee lolaa waan ta'aniif isaan immoo haaluma gurmii isaaniin diina hidhatee socho'uu irratti xiyyeffatanii hojjechaa waan jiraniif hojii tajaajila poolisii hawaasaa irratti waan hin bobbaaneef ammas istaandaardii poolisii hawaasaaf tajaajila kennuu irratti hanqinni poolisii kan jiru ta'uu hubachuun danda'ameera.

Bal'aa tiraafikii hir'isuuf akka naannoo keenyatti yaaddoo lubbuu dhala nama ta'e ittisuun bara 2012tti 3,975 irra ture bara 2013 fi 2014tti walduuraa duubaan 3,895 fi 3,815 irraan gahuuf karoorfameen haalli raawwii isaa walduuraa duuban 4,525 fi 4,421 yoo ta'u; Walumaagala baroota lamaan kana keessa balaan tiraafikaa hir'achuu utuu qabuu kan bara 2012 wajjin yeroo ilaalamu balaan qaqqabe caalmaan 996 (%25) akka ta'e ragaan jiru ni agarsiisaa. Balaa qabeenyaarra gaheen tilmaama qabeenya mancaa'ee bara 2012tti qar. 275,086,470 irra ture bara 2013tti qar. 267,100,648 fi bara 2014tti immoo qar.352,471, 722 irra gahee jira. kun immoo bara 2012 fi 2014 wajjin yeroo ilaalaman caalmaan qarshii 77,385,252 (%28) akka ta'ee waan agarsiisuuf qaamni ilaalu karooraa fi sagantaa waloo qopheeffachuun irratti hojjechuun barbachisaadha.

Haala qabatamaa sochii nageenya naannoo keenyaa yeroo ammaa jiruun harcaatii ykn hanqinaalee xiinxala raawwii taasifameen addaan bahan keessaa ijoon:

- Odeeffannoo waqtaawaa ta`e dursanii argachuu dhabuu;
- Odeeffannoo diinaa argamu dafanii tarkaanfii fudhachuu dhabuun miidhaa diinaaf saaxilamuu, kallattii manni maree nageenyaa kaa`u haala walfakkaatuun iddoo hundatti hojiitti hiikuu dhabuu;
- Daangaalee naannoo ollaatti darbee darbee walitti bu`iinsa mul`atu hundeerraa furuu dhabuu, Rakkoo qindoomina caasaa nageenyaa, qaama siyaasaa fi bulchiinsaa yeroo yeroon qoratanii furuu dadhabuu,
- Hoggansi sadarkaan jiru yeroo yerootti caasaa sadarkaan jiru qulqulleessuudhaan ijaaruun ergamaaf qopheessuu irratti harcaatiin jiraachuu,
- karoora rakkicha hiikuu danda`u gadi fageenyaan qorachuun irratti hojjechuu dhabuu, humni nageenyaa walqixa socho'uu dadhabuu fi ilaalcha diinan mammakamuu, hanqinaalee k.k.f armaan olitti ibsaman raawwii KIB baroota lamaan darban keessatti mul'ataan ta'u hubatameera.

Kanaafuu, nageenya amansiisaa fi waaraawaa uumuuf gara fuula duraatti hojiiwwan hojjetamuu qaban keessa:- kutaa hawaasa adda addaa naannichaa bal`inaan nageenya mirkaneessuu irratti ijaaruun hirmaachisuu, sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta`e diriirsuu, odeeffannoo dursanii argachuun irratti hojjechuu, qindoomina qaamolee nageenyaa, siyaasaa, bulchiinsaa cimsaa adeemuu, akkasumas, qindoominaa fi walitti dhufeenya naannolee ollaa wajjin jiru cimsuu, walitti bu`iinsa sabaa naannoo daangaatti uumame utuu miidhaan cimaa hin qaqqabiin dafanii karaa nagaan hiikuu, rakkoo ilaalchaa fi infiltireeshinii qaamolee nageenyaa fi siyaasaa qulqulleessaa adeemuu, rakkoon nageenya yeroo amma walxaxaa dhufee hundeera maqsuuf caasaan nageenya bakkoota rakkoon itti baay'atutti teknooloojii fayyadamuu, ka`umsa rakkoo nageenyaa gadi fageenyan qorachuu fi xiinxala sirrii gaggeessuun addaan baasuun furmaata waaraa kennaa adeemuu fi humna nageenyaa ijaaraa deemuun toora xiyyeeffannoo ta'uu qaba.

### 3.7.3 Kenniinsa Tajaajilaa fi Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuu

Hooggansa qabeenya namaa, gurmaa'insaa fi hojimaata naannichaa hammayyeessuun paablik sarvantii gahumsaa fi bu'a qabeessummaan isaa mirkanaa'e uumuun kenna tajaajila fi bulchiinsa gaarii haqaa qabeessa ta'e hojii irra oolchuun faayyadamuumma uummataa mirkaneessuuf hojiwwan hojjetama turee jira.

Kenniinsa tajaajila manneen hojii mootummaa dabaluuf bara 2013 sosochiin fooyya'insa kenniinsa tajaajila manneen hojii mootummaa bal'aan naannoorraa kaasee hanga gandaatti taasisuun jalqabamee turee jira. Kanaanis qophii sanadaa irraa kaasee leenjiin hubannoo jijjiiruu babal'aan hanga gandaatti kennamaa turee jira. Leenjii sadarkaa sadarkaan kenname boodas, rakkoolee kenniinsa tajaajilaa irratti mul'atan adda baasuun akka furamaa deemu taasifamaa turee jira. Bara 2014tti hojii kenna tajaajilaa kana fooyyessuuf hojii hojjetameen maanuwaaliin tiraanisfoormeeshinii kenna tajaajilaa jedhu qopheessuun leenjiin sadarkaa hundatti akka kennamu ta'ee jira. leenjiin erga kennamee booda sadarkaa naannoo hanga gadiitti koreen 'task force' itti aanaa pirezidaantiitiin hogganamu akka hunda'uu fi hojii qabatamaatti akka galu tasifamee jira.

Hundeeffama koree fi leenjii hubannoo uumuutiin booda rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii sadarkaa adda addaatti mul'atan adda baasuuf hojii bal'aa hojjetameen rakkoleen sadarkaa hundatti jiran akka adda bahan taasifameera. Rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti mul'ataan hiikuuf sirna itti gaafatamummaa hojiirra oolchuun walqabatee of-eeggannoo afaanii kennuu irraa eegalee hanga hojiirraa fi muudama irraa kaasuutti sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa keessatti waliigalaan hoggansaa fi hojjettoota 18,174 irratti tarkaanfiiwwan naamusaa gosa garaa garaa fudhatamanii jiru. Seeraan alaa qajeelfamoota hoggansa qabeenya namaa irratti raawwatame ilaalchisees, bara 2014tti waliigalatti qarshiin sababa qaxara seeraan alaa, guddina sadarkaa, ramaddii seeraan alaatiin raawwatame qarshii mil. 26.45 qisasama iraa hambisuun danda'amee jira.

Qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii, olaantummaa seeraa, hirmaachisummaa, iftoomina, gaafatamummaa, waligalteerra gahuu, deebii hatattamaa kennuu, al-loogummaa, gahuumsaa fi bu'aa qabeessummaa manneen hojii mootummaa keessatti akka hojirra olan hojimaata qopheessuu, maanuwaalota leenjii bulchiinsa gaarii qopheessuu fi leenjii kennuu, rakkoolee

bulchiinsa gaarii adda baasuu fi karoorsuu, koreewwan dhaabuu fi rakkoolee jiran adda baasuuf qorannoo gaggeessuun hojiiwwan waggoottan lamaan darban keessatti hojjetamanidha.

Gama biraatiin, sadarkaa magaalotaa fi gandaatti rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti sakatta'iinsa gaggeeffameen sadarkaan itti quufiinsa maamila adda baasuu danda'ameen sadarkaa baadiyyaa fi magaalotaa irratti sakatta'insa gaggeessuun ummatni kenniinsa tajaajila mootummaa irratti itti-quufinsa qabu bara 2012 %38.4 irra ture bara 2014tti sadarkaa itti quufiinsa ummataa dhibbantaa 45'n gahuuf karoorfameen akkaataa sakatta'iinsa sadarkaa itti quufiinsa ummataa naannoo irraa hanga gandaatti gaggeeffameen baadiyyaatti %52.8 fi Magaalatti %51.47 giddu galeessaan %52.13 irra gahuu isaa hubachuun danda'ameera.

Gufuun sirna kenniinsa tajaajila qoraa jiru inni guddaan rakkoo bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa sadarkaan jiran keessatti hawaasa mufachiisuu fi burjaajessaa ooluu hundeerraa furuuf itti fufinsaan kenninsa tajaajila manneen hojii mootumaa hordofaa adeemuun barbachisaadha. Ga'umsa ogummaa pablik sarvaantii mirkaneessuuf namoota 322 ta'aniif qormaata ga'umsa ogummaa kennuuf karoorfameen namoota 318 (%99) kennuun kan danda'ame yoo ta'u, hanga xumura bara 2014tti pablik sarvaantii qormaata fudhatan keessaa ga'umsa qabaachuu isaanii mirkaneessuu ilaalchisee namoota 2,560 karoorfameen 2,410 (%94) raawwatamee jira.

Carraa barnootaa hojjettootaa fi hoggantootaaf kennuu ilaalchiisee, bara 2012tti 1,705 irra ture waggoottan lamaan darban keessatti 1,300 karoorfamee 475(%36.5) raawwatamee jira. Gama Leenjii kennuutiin bara 2012tti 156,559 irraa kan ture bara 2013 fi 2014tti 33,000 kennuuf karoorfamee 4,400 (%13) qofa raawwatamee jira.

Walumaagalatti, dandeettii raawwachiisummaa siiviil sarvaantii naannichaa haala itti fufiinsa qabuun cimsuuf leenjii yeroo gabaabaa, yeroo dheeraa fi barnoota kennuun tajaajila si'ataa, ga'umsa, bu'aa qabeessaa fi dorgomaa ta'e olaantummaa siyaas-dinagdee akka fiduuf rakkoo bulchiinsa gaarii akka hiikuuf hojiin hojjetamaa ture kan nama jajjabeessu akka hin taane adda bahee jira.

Kenniinsa tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf qo'annoo fi qorannoo hojmaataa, gahumsaa fi bu`aa qabeessummaa paabiliik sarvisii gaggeessuuf qo`annoo fi qorannoo mata

dureewwan 4 irratti gaggeessuuf karoorfamee 4 (%100) rawwatamee jira. Raawwiin argame kun jajjabeessaa ta`uus hojmaata badaa ittisuuf, sirna iftoominaa fi itti gaafatamuumma qabu diriirsuu fi hojiirra oolchuu irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa ta`a. Komii uummataa xiqqeessuu, bulchiinsa gaarii babal`isuu fi dagaagsuun murteessaa waan ta`eef kenniinsa tajaajila keenyaa fooyyessuun dhimma yeroo itti laatamu miti.

Hojiiwwan kenniinsa tajaajila fooyyessuun bulchiinsa gaarii qabatamaan mirkaneessuuf komii hawaasa keessaa ka`aa jiru wajjiin yeroo ilaalamu ammas harcaatii mul'atuu hedduu akka ta`ee fi hojii guddaa kan barbaadu ta`u isaa xiinxalli kun adda baasee keessaa:- Sektaroonni kan akka BPSMQN, ATSTO, fi YNO KIB kan waggaa shanii hanga ammatti qopheeffachuu dhabuu, bu`aa qabeessuummaa imammata qabeenya namaa dabaluu karoorfatanii otuu raawwatiin hafuu, hojiin qulqullinaa fi istaandardii kenninsa tajaajilaa fooyyessuuf manneen hojiitiif hubannoo fi beekamtii kennuuf karoorfamee otuu hin raawwatiin hafuu, aangoo fi gahee hojii biirichaaf kenname hundi karaa guutuu ta'een dugugaanii karoorfachuu irratti harcaatiin jiraachuu, ka'umsaa fi rakkoo bulchinsaa gaarii qorachuun sirna itti gaafatamumaa dirrirsuun hundeera hikkuuf itti fufiinsaan hojjechuu dhabuu fi kkf yeroo ta'u.

Xumura irratti, hojiin gama kenniinsa tajaajila fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiin hojjetaman kan akka Kenniinsa tajaajila manneen hojii mootummaa dabaluuf sosochiin fooyya'insa kenniinsa tajaajila naannoorraa kaasee hanga gandaatti taasifamee, riifoormii kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa keessatti akka hojirraa oolan taasifamee, sadarkaa itti-quufinsi lammiilee baruuf sakatta'iinsi geggeeffame, rakkoo kennisa tajaajila adda basuu fi tarkaanfiin sirreeffamaa fuudhatame kan nama jajabeessan ta'us, hojiiwwan kenniinsa tajaajila fi bulchiinsa gaarii qabatamaan komii hawaasa keessaa ka`aa jiru wajjiin yeroo ilaalamu hanqinaaleen jiru hedduu akka ta`ee fi hojii guddaa kan barbaadu ta`u isaa namatti mul`isa. Keessummaa immoo qulqullinaa fi istaandardii kenninsa tajaajilaa fooyyessuuf manneen hojiitiif hubannoo fi beekamtii kennuu karoorfamee otuu hin raawwatiin hafuu, ka'umsaa fi rakkoo bulchinsaa gaarii qorachuun hundeera hiikuuf itti fufiinsaan hojjechuu dhabuu xiinxaala kana irra hubaachuun danda'ameera.

Kanafuu, kenniinsa tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gara fuula duraatti komii uummanni qabu hundee irraa maqsuuf rakkoo kenniinsa tajaajila sadarkaan jiru sagantaa idileen qorachuun addaan baasuu, sirna rakkoo hiiuu diriirsuun irratti hojjechuu, rakkoo bulchiinsa

gaarii hiikuuf sekteroota naannoo, godinaalee fi magaloota keessatti kutannoo, xiiqii, kaka'umsaa, miraa dorgamiin akka hojjetan cimsuu, sirna hordoffii fi deeggarsa bu'aa fiduu danda'uu diriirsuun irratti hojjechuu, rakkoo guddaan karoorsuu irra waan madduuf,dursaa karoora guutuu fi qulqulluu ta'e KIB waggaa shanii keessa kan harca'ee hafee akka qopha'u taasisuu, haala karooraa qopha'een hogganamaa deemuu, kenninsa tajaajila manneen hojii mootummaa fooyyeessuuf xiyyeeffannaan hordoffuu, hawaasni tajaajila qulqulluu, qaqqabamaa, loogii irraa bilisaa fi haqa-qabeessa ta'e akka argatu taasisuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf hojjetamuu qaba.

### 3.7.4 Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mirkaneessu


Bu'uuraalee dagaagina naamusaa gurmeessuu fi barumsa naamusaa babal'isuun hawaasa naamusa gaarii gonfate uumuu, qo'annoo fi qorannoo gaggeessuun malaammaltummaan akka hin raawwatamne ittisuu, akkasumas namoota qabeenyaa fi madda galii isaanii galmeesssisuu qaban akka galmeessisan taasisuun sirna iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu mirkaneessuuf aangoo fi gahee hojii mana hojiichaaf laatame bu'uura godhachuun hojjetamaa turee jira.

Naannoo keenya keessatti hojii naamusaa fi farra malaammaltummaa lafa qabsiisuuf baroottan lamaan kana keessa kan yeroo kamiyyuu caalaa hojiin leenjii, barumsa naamusa fuullee, miidiyaa maxxansaa, miidiyaa elektirooniksii, gurmaa'insa bu'uuraalee dagaagina naaamusaa, mallaaqa mootummaa deebisiisuu, gumii naamusaa fi farra malaammaltummaa hundeessuu, gamtaa farra malaammaltummaa foyyeessuun hundeessuu, qo'annoo fi qorannoo hojimaata gaggeessuu fi hojii beeksiisaafi galmeessa qabeenyaa hojjatamaa turee jira. Haata'u malee, jijjiramni ilaalchaa fi gocha dhimma naamusaa fi farra malaammaltummaa dhufee jiru qabatamaan lafa irratti yeroo ilaalamu har'as uummanni faayidaa ykn mirga isaa maallaqaan bitachaa akka jiruuf qisaasamni qabeenya mootummaa irra gahaa jiru sadarkaa nama yaaddeessuurra gahee jira. Kun akkuma jirutti ta'ee baroottan lamaan darban kana keessa hojiiwwan naamusaa fi farra malaammaltummaa xiqqeessuf hojjetamaa turan keessaa isaan ijoon:-

Barumsa naamusa fuullee gaggeessitoota, hojjettoota mootummaa, koree kaawunsilii, qoondaltoota naamusaa, qindeessittoota gumilee, qoratoota yakkaa, to'attoota tiraafikaa fi pooliisii magaalaa, dhaabbilee misoomaa adda addaa, fi manneen barnootaa naannoo keenya keessatti keennamaa tureera. Haaluma kanaan, Bara 2012tti 381,533 irra kan ture, hanga xumura bara 2014tti 1,746,869 irraan gahuun danda'ameera. Walumaagalatti barumsa fuullee kenname

manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yommuu ilaalamu %36.8 kan raawwatamee ta'uusaa agarsiisa.


**Giraafii 26: Raawwii Hojiiwwan Barumsa Naamusaa-2013-2014**




Madda: Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, 2013-2014

Maxxansaalee gosa adda addaa hanga bara 2012tti 50,698 irra kan ture, hanga bara 2014tti koppiin 64,470 maxxansuun akka raabsamu ta'ee jira. Walumaagalatti maxxansaalee gosa adda ddaa manii karoora waggaa shanii (2013-2017) qabamee irraa %24.6 raawwatamee jira.

**Giraafii 27: Raawwii Hojii Miidiyaa Maxxansaa-2013-2014**




Madda: Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, 2013-2014

Hojiilee gurmaa'insa bu'uuraalee dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti diriirsuu hanga bara 2014tti manneen hojii

mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa 1,360 ta'an keessatti qoondaala naamusaa idileen 2,592 ramaduuf karoorfamee, 2,833 raawwachuun danda'ameera jira. Gama biraatiin manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa 7,345 keessatti bakka bu'iinsaan 7,375 ramaduuf karoorfamee %100 raawwachuun danda'amee jira. Walumaagalatti hojiilee gurmaa'iinsa bu'uuraalee dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa manii karoora waggaa shanii (2013-2017) qabamee irraa yeroo ilaalamu %17.1 kan raawwatameera.

Qondaaltoota naamusaa idilee fi bakka bu'insaan ramadamanii hojii keessa galan keessaa qondaaltoota naamusaa 10,208 ta'an deeggaruu fi hordoofuuf karoorfamee keessaa, qondaaltoota naamusaa 9,588 (%93.9) ta'aniif hordooffii fi deeggarsi taasifameera. Hojimaata manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa keessatti qaawwa malaammaltummaa fi hojimaata badaaf banaa fi saaxilamoo ta'an irratti qo'annoo fi qorannoo geggessuun sirreessuu ykn akka sirraayu gochuu ilaalchisee, bara karoora imala badhaadhina jalqabaa lamaan kana keessatti hojimaata qaawwa qaban 150 irratti qo'annoo hojimaataa gaggeessuuf karoorfamee, qorannoowwan hojimaataa fi ariifachiisaa ittisa yakka malaammaltummaa 149 (%99) geggessuun dandan'ameera. Raawwiin kun karoora waggaa shanii keessaa yeroo ilaalamu %29 ta'uun isaa agarsiisa.

Dabalataan, qorannoo fi qo'annoo ittisa yakka malaammaltummaa (corruption survey) bara karoora imala badhaadhina jalqabaa kana keessatti 1 geggeessuuf karoorfame 1(%100) kan raawwate yoo ta'u, kunis, manii waggaa shanii (2013-2017) waliin yeroo wal-bira qabamee ilaalamu 1(%14) qofaa ta'uu isaa agarsiisa.

Qabeenya muudamtoota filatamtootaa hojjattoota mootummaa fi namoota qabeenya galmeessisuun irraa eegamuu bara 2012tti 17,179 irraa kan ture, hanga xumura bara 2014tti namoota 516,980 ta`an galmeessisuuf karoorfamee keessaa namoota 486,809 (94%) galmeessisuun raawwatee jira. Haaluma kanaan, namoota qabeenya isaanii fi madda galii isaanii galmeessisan 834,459 ta'aniif waraqaa ragaa kennuuf karoorfamee hanga ammaatti waraqaan ragaa namoota 503,367 (%60) akka kennamu ta'eera.

Qabeenya yakka malaammaltummaan argame bu'uura seeraatiin mootummaaf akka dhaalamuu fi galii taasisuuf hojiiwwan eeruu yakka malaammaltummaa qabeenya ummataa

fi mootummaa irratti raawwataman simachuun qorannaa yakka malaammaltummaa gaggeessuun hojjetamaa turee jira. Haalumma kanaan lafa baadiyya hek 268.6, lafa mana jireenyaa m2 28,666, lafa bosonaa hek 11, baankii lafaatti akka deebi'u yoo ta'u, Midhaan deggarsaa kuntaala 274, meeshaalee dhaabbataa kanneen akka laptop 291, doqdoqqee 35, baajaajii 2 fi motor saaykilii 328, dijitaal kaameeraa 32, GPS 14, mana gandaa 22, kilaashii 17 rasaasa 39 waliin, shugguxii 34 rasaasa 45 waliin, mismaara kg 200, simmintoo kuntaala100, feerroo bergaa 100, qorqorroo baallee 70 kkf qabeenya mootummaa akka deebiyuu kan ta'ee yeroo ta'u, akkasumas maallaqa Qr.mil 286,526,439.64 argannoo odiitiin,hojirraa akka ooluu taasisuun akka deebi'u ta'ee jira.

Gumiilee Naamusaa fi qabsoo farra malaammaltummaa manneen barnootaa mootummaa fi dhuunfaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa, kolleejjii barsiisotaa, fi kolleejjii BLTO keessatti gumiilee 33,344 hundeessuf karoorfame hanga ammatti gumiileen 28,361(%85) akka hundaa'u ta'ee jira.

Gama biraatiin, gamtaa farra malaammaltummaa sadarkaa naannootti bifa haaraan fooyyeessuun hundeessuuf dokumantii qopheessuun mootummaa naannichaaf dhiyaate jira.Haaluma kanaan, bara 2012ti 43 kan ture, hanga xumura bara 2014tti 40 hundeessuuf karoorfamee kan ture, 50 raawwachuun danda'amee jira. kunis, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yommuu ilaalamu %7.5 kan raawwatamee ta'uusaa agarsiisa.

Ragaalee galmeessistootaa qabeenyaa fi madda galii isaanii galmeessan 'Soft Copy' fi koddeessuun qabachuu namoota 806,643 ta`an karoorfamee kan namoota 459,201(%57) koodessuun qabachuun danda`ameera.

Baroota lamaan darban kana keessaa naamusaa fi farra malaammaltummaa mirkanneessu haala muuxannoowwan gaariin raawwatama turan keessaa:- Hojii naamusa gaarii dagaagsuuf hubannoo hawaasaa akka dabaluuf hojiin hojjetamee jajjabeessaa ta'uu, qabeenyi mootummaa fi ummataa seeraan ala qisaasame akka deebi'u taasisuu. Haata`u malee, haala qabatamaa sochii naamusaa fi farra malaammaltummaa mirkaneessuuf naannoo keenyaa yeroo ammaa jiruun harcaati ykn hanqinaalee xiinxala raawwii taasifameen addaan bahan keessaa ijoon:- Hojii naamusa gaarii dagaagsuu fi malaammaltummaa ittisuu keessatti xiyyeeffannoon gaggeessitoota sadarkaan jiraniin

kennamaa ture laafaa ta'uu, qondaaltoota naamusaa dandeettii, gahumsa, naamusaa fi fedhii qaban MHM fi DhMM sadarkaa sadarkaan jiran keessatti ramadamuu dhabuu, kanneen ramadamaniifis deeggarsi barbaachisaa ta'e taasifamuu dhabuu kkf yeroo ta'u.

Xumuura irratti ittisaa fi miidhaa gocha malaammaltummaa irratti hubannoo uumuun, manneen barnootaa keessatti gumii qindoomina farra malaammaltummaaa dabalataan gurmessuun, qabeenyaa fi madda galii hooggantoota mootummaa fi namoota qabeenya galmessisuu qaban hunda akka galmeessisan taasisuun gochaa fi ilaalchi malaammaltummaa raawwachuu akka dadhabaa deemu irratti hojjetamuu qaba. Akkasumas, manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa malaammaltummaa fi hojimaata badaaf saaxilamoo ta'an irratti qo'annoowwan hojimaata gaggeeffamaa jiru cimsuun yakka malaammaltummaa raawwatamee argamu irratti tarkaanfiin seeraa fudhachuun qabeenyi qisaasame kaazinaa mootummaatti akka deebi'u gochuuf xiyyeeffannoon hojjatamu qaba.

Kanaaf, naamusaa fi farra malaammaltummaa mirkaneessuuf gara fuula duraatti hojiiwwan hojjetamu qaban keessaa:- Leenjiin hubannoo cimsuu kallattiidhaan karaa miidiyaa mootummaa fi sab-qunnamtii hawaasaa akka dagaagu gochuu, hawaasaa fi qooda fudhattoota ijaaruun qabsoo farra malaammaltummaatiif sochoosuu, qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu, miidiyaalee elektirooniksii fi maxxansaatti fayyadamuun hubannoo cimsuu, qaamolee mootummaa, DhMM, jaarmiyaa uummataa, Dhaabbilee amantaa, hawaasa siiviilii, abbootii gadaa hunda waliin waloon hojjechuun kallatti gara fuula duraa ta'a.

### 3.7.5 Sirna Hordooffii fi Deeggarsa

Hojiirraa oolmaa imaammataa fi tarsiimoowwan adda addaa bocuun raawwiisaa hordofuun mirkaneeffachaa adeemuu, raawwii karoora hojiilee madaaluu irra darbee milkaa'ina fi jijjirama dhufe gamaaggamuu, sadarkeessuu, jajjabeessuu fi duub-deebii kennaa adeemuun baroota lamaan darbaan kana keessatti hojii isaa ijoo godhachuu irra kan ka'e naannoo keenyaa bu'aa qabeessaa taasisuu, sekteraalee gidduutti miirri waldorgommii fi sirni ittigaafatamummaa mirkana'aa akka jiraatuu hojiiwwan jalqabamani jiran gaariidha.

Bu'uuruma kanaan, hojimaata sirna hordooffii fi deeggarsaa cimaa diriirsuudhaan hoggansa olaanaa naannichaa irraa eegalee hanga caasaa gadiitti hojiilee tarsiima'aa fi inisheetiivoota

ta'an dhiyeenyaan hordoofuu, kallattii kennuu fi fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa tureera.

Haaluma kanaan, raawwii hojiirra olmaa karoora imalaa badhaadhina xiinxalaa fi deeggarsa taasifameen duub-deebii godinaalee 21, Magaalootaa 19 fi sektaraalee naannoo hanga bara 2014tti irraan gahuuf qabamee ture keessaa % 95 raawwachuun danda'ameera.

Gabaasaa fi karooraa gaggeeffamee mana mare bulchiinsaa fi yaa'ii Caffeef dhiyaatee, hanga 2014tti yeroo 4 raawwachuuf karorfamee, haaluma karooraatiin 4 (%100) kan raawwatamee fi uwwisa supparviizinii dirree dabalee hanga 2014tti yeroo 7 raawwachuuf karoorfamee, yeroo 6 raawwatameera. Akka waliigalaatti milka'iina KIB keenyaaf barootan lamaan darban kana keessaa hojii karoorsu, raawwii jiru sadarkaa tokko gadii bu'aan deegaruu, raawwii jiru lafa irratti mirkaneessuu, madaaluu, sadarkeessuu fi beekamti laachaa waan turameef naannichaa keessatti miira dorgoommii fi kaka'umsaa caasaa sadarkaa sadarkaan jiran keessatti uumeera.

Kanaafuu, gama hojiirraa oolmaa imaammattoota mirkaneessuutiin hojiileen waggoottan lamaan darban keessatti raawwataman gaarii akka ta'e mirkaneefachuun danda'ameera. Hordooffii fi deeggarsa gaggeeffamaa jiru cimsuuf qo'annoo fi qorannoo gaggeefammee ilaalchise:- Imaammataa fi tarsiimoowwan sakata`uun hudhaalee mul`atan hambisuun faayidaa ol aanaa qaba. Haaluma kanaan, mata dureewwaan 7 irratti qo`annoo fi qorannoo gaggeessuuf karoorfamee 5 (%71.4) raawwatamee jira. Akkasumas, rakkoolee battalaaf furmaata ta`an kennuuf qorannoowwan gaggabaaboo 8 gaggeessuuf karoorfamee, haaluma karooraatiin raawwateera. Haa ta'u malee, gama uwwisa supparviizinii hojii dirree fi uwwisa duub-deebii godinaalee, magaalootaa fi sekteroota naannoo irratti bu'aan argame haala qabatamaa gaaffii fi komii uummanni mootummaa irra qabu waliin yeroo madaalamu ammallee hojii bal'aa waan barbaaduuf gara fuula duraatti itti fuufiinsaa fi bilchina isaa eeguun hordooffi fi deeggarsi kennamuu qaba.

Rakkoon sirni hordoffii fi gamaaggama keenya keessa inni ijoon itti gaafatamummaadhaan mana hojii tokkoof ykn qindoominaan raawwatamuu osoo qabu, manneen hojii adda addaa keessatti aangoo wal-saamaa adeemuun akka jiru beekamaadha. Akkasumaas hundu kara adda addaa yeroo adda addaa hordoffii fi gamaaggama gaggeessuun isaanii naannicha keessatti bu'aa barbaadamu fiduu irra caasaa gara gadii burjaajjeessa fi hojichii wal-xaxaa

adeema akka jiru namatti agarsiisa. Kanaafuu, qaama dhimmi ilaaluu angoo fi gahee hojii labsiidhaan mana hojiif laatamee bu'uura godhachuun qorannoon gadii fageenyaa taasifame gara fuula duraatti abbaa itti gochuun hawaasaaf bu'aan barbaadamu akka fiduuf irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.

Walumaagalatti, deeggarsaa fi hordooffii walirraa hin cinne  sadarkaa adda addaatti taasisuun hojiiwwan haaluma karoorfameen hojjetamuu isaan madaalaa adeemuu, sirna hojimaata hordoffii fi deeggarsa cimsuun naannicha keessatti hirmaannaa fi fayyadamummaa uummatichaa mirkaneessuuf gara fuula duraatti ciminaan, haala qindoominaa qabuun, sagataa idilee isaa eeguun, irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.

### 3.7.6 **Gudunfaa**

Dokumeentiin xiinxala raawwii hojiiwwan baroottan lamaan darban kan sekteraalee manneen hojii Mootummaa sadarkaa naannoo jiran irratti gaggeeffame keessatti fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf sochii bal'aa damee hundan taasifaamaa tureen bu'aawwan hedduun galmaa'aa akka ture ragaa jiru irraa mirkaneeffachuun danda'ameera.

Keessummaa immoo gama misooma dinagdeen, damee hawaasummaa, kennisaa tajaajila manneen hojii mootummaa, rakkoolee bulchiinsa gaarii hiikuuf, olaantummaa seeraa mirkanneessuu, sirna hordoffii fi gamaaggamaa idileessuu, sekteroota manneen hojii mootummaa sadarka sadarkaan jiran madaaluun jajjabeessuu, gama dagaagina naamusaan, sochii hojii pirojeektoota xumursisuu fi insheetivoota adda addaa hojiirra oolchuu kkf waggoottan lamaan darban kana keessa hojiin hojjetame jajjabeessaa fi abdachiisaa akka ta'e gabaasa manneen hojii mootummaa dhiyaatee xiinxalame kana irraa hubachuun danda'ameera.

Icciitiin milka'iina baroota lamaan kanaa inni guddaan hojii karoorsuu, hordofuu fi gamaaggamuun, duubdeebii fi kallattii kennaa adeemuun milka'iina hojiichaaf gummaacha olaanaa kan gummachee fi bu'aa gaarii argamsiisaa ture dha.

Caasaaleen manneen hojii sadarkaa sadarkaan jiru waggoottan lamaan darban kana keessa yeroo kamiyyuu caalaa aarsaa kaffalamuu qabu hunda kaffaluun ergamaa fi dirqama itti laatameen halkanii fi guyyaa hojii hojjetameen waaqayyoos naannoo keenya gargaaree taasgabbiin akka jiraatuu fi misoomni naannichaa akka itti fufu taheera.

Walummagalatti, sekteraalee sadarkaa naannoo irraa hanga gadiitti jiran yeroodhaa gara yerootti dandeettiin humna raawwachisummaa caasaa dabalaa jiraachuun akkuma jirutti ta'ee; ciminoota, hanqinaalee fi rakkooleen raawwii hojii karoora waggootta lamaan darban kana keessatti mul'atan gara fuula duraatti hiikamuu qabanii fi xiyyeeffannaa barbaadan hedduun kan jiran ta'uu xiinxala KIB kan baroota lamaan gaggeeffame kana irraa hubatamee jira.

Dhimmootni xiyyeeffannaa addaa barbaadan hanqinoota kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa keessatti mul'atan, rakkoolee bulchiinsa gaarii hundeerraa hiikuu, kutaa hawaasaa hunda qindeessan itti fayyadamuu irratti, olaantummaa seera sadarkaa barbaadamuun mirkaneessuu, nageenya waaraa mirkaneessuu fi naamusaa bakka hojii dagaagsuun hojiin idilee  hunduu bifa walfakkaatuun akka gaggeeffamu taasisuu, rakkoo qulqullina dhabuu ragaa fi kkf ilaalchisee hojiiwwan harca'anii hafan salphaa waan hin taneef hoggansi sadarkaa sadarkaan jiru tarkaanfilee haaraa  fi dhimmoota hudhaalee ta'an irratti xiyyeeffachuun hojjechuun murteessaa akka ta'e xiinxalli raawwii KIB waggoottan lamaan darban waan mirkaneessuuf karoora keenya waggootan sadan hafanii sirritti sakkata'uun karoorsuu fi ittiin hogganamuun jijjiramaaf hojjechuun dhimma murteessa dha.